IslamHouse.com

مركز أصول
Osoul Center

حياة الصحابة

العشرة المبشرون بالجنة



OROMO
OROMOO
أورومو

# SEENAA SAHAABAA KURNAN JANNATAAN GAMMACHIIFAMAN


Qopheessaa
Ustaaz Tamaam Qaasim

Gulaala
Shekh Jamaal Shekh Muhammad

OROMO
OROMOO
أورومو

# حياة الصحابة

# العشـــرة المبشـــرون بالـجنـة

تأليف

**الأستاذ تمام قاسم**

مراجعة

**الداعية جمال محمد أحمد**

أُعد هذا الكتاب وصمِّم من قبل مركز أصول، وجميع الصور المستخدمة في التصميم يملك المركز حقوقها، وإن مركز أصول يتيح لكل مسلم طباعة الكتاب ونشره بأي وسيلة، بشرط الالتزام بالإشارة إلى المصدر، وعدم التغيير في النص، وفي حالة الطباعة يوصي المركز بالالتزام بمعاييره في جودة الطباعة.

+966 504 442 532

+966 11 445 4900

+966 11 497 0126

P.O.BOX 29465 Riyadh 11457

osoul@rabwah.com

www.osoulcenter.com




Bismillaahi Rrahmaani Rrahiim

# BAAFATA


| | | |
|---|---|---|
| 1 | Baafata | 7 |
| 2 | Yaada gulaalaa | 9 |
| 3 | Seensa | 13 |
| 4 | Seenaa Abbaa Bakrii | 17 |
| 6 | Seenaa Umar binu Kaxxaab | 41 |
| 7 | Usmaan Binu Affaan | 61 |
| 8 | Aliyyi Binu Abii Xaalib | 89 |
| 9 | Xalhaa binu Ubeeydullah | 109 |
| 10 | Zubeeyir Ibn Awwaam | 115 |
| 11 | Abdu Rahmaan Binu Oowfii | 125 |
| 12 | Sa’aad Binu Abii Waqqaas | 135 |
| 13 | Sa’iid Binu Zeeyid | 155 |
| 14 | Abu Ubeeydaa binu Jarrah nsa | 163 |
| 15 | Goolaba | 177 |

# YAADAA GULAALAA

Kitaabni seenaa sahaabaa kurnan gammachiifaman jedhamu kuni irra filatamaa kitaabban waayee seenaa sahaabaa keessatti qopheeffame keessa isa tokko. Ustaan tamaam qaasim carraaqa jabaa godhee afaan keenya afaan oromootiin hiikee akka ummanni keenya waayee seenaa sahaabaa murteessituu tana afaan isaatiin dubbisee hubatu godhe. Rabbiin irraa haajaalatu, jannataanis galata haa galchuuf. Nutis gulaallee maxxansaafii karaa interneetiinis raabsinee akka ummata keenya bira gayu goone. Rabbiin nurraa haaqeebalu. Dhumarratti ummata keenyaa hundaan keessaattu dargaggootaafii barattootaan kitaaba kana akka dubbistanii irraa barattan isinii dhaamsa dabarsina. Jaarraan jirru jaarraa beekkomsaa, saayinsiifii teeknoloojii waan taheef barnoota islaamaarratti akka jjajjabaattan isiniin jennaa. Barnootaafii ogummaa qabdaniinis diin keessan akka tajaajiltan isin yaadachiisna.

**Shekh Jamaal shekh Muhammad shekh Ahmad**
**shekhjamal@yahoo.com**
**Abu Saalih Almuhajiri**
**00966505697461**
**KSA Riyaadh**

الحمد لله رب العالمين الصلاة والسلام على رسول الله نبينا محمد وعلي آله وصحبه أجمعين.

Galanni Rabbii Abbaa dandeetti, gooytaa uumaa, Rabbii mootii mootataatif haa ta'u. Dandeetti fi beekkumsa Rabbiin naaf laate utubadhee as gahee jira, galanni kan Rabbii kanaati. Akkasuma Nabi Muhammadillee ﷺ Nagahaa fi rahmanni irra haa jiraatu.

Itti Aansun Haadha fi Abbaa koo kan ardii adunyaa kanatti argamuu kiyyaaf sababa ta'an, Jannatul firdows Rabbi isaan haa badhaasuu. Rabbiin gaaddisa tolaaf uume jala isaan haa qubsiisu. Akkasuma Warroota humnaa fi yaadan, barruu ijaarsa kitaaba tanaatif nafaana hiriirtanii, jirra naan jettan, cufa kaffaltiin teessan Rabbi bira. Rabbiin galata keessaniif, nadhii ni'maa jannataa isin haa dhandhamsiisu. Akkasuma ilmaan islaamummaaf obboleeyyooman cufa Rabbiin tola mo'minaaf qopheessen isaan haa badhaasu.

# SEENSA

Dandeettiin kan Rabbii Dachii fi Samii erga uumee, ilmaa namaati fi waa cufa samiif ardii gidduu jiru kan uumeeti. Galanni isaaf haa gahu. Nabii Muhammadillee ﷺ Rabbii abbaa dandeettii ta'een, Rahmataafi qajeellumaa ta'ee, gara ilma namaatti islaamummaan ergame. Nabi Muhammadille nagahaaa fi Rahmanni itti haa dhaqqabu. Erga Nabi Muhammad ﷺ ergaman irraa eegalee. Namoonni Rabbiin sababa godhee, faana Nabii Muhammad ﷺ hordafuun dandii islaamaa, qulqulleessaa turan hedduudha. keessumattu warrootni Nabi Muhammad ﷺ osoo hin du'in dhaqqabanii itti amanan lakkoofsa dhabeessa. Isaan kunis sahaabota jedhamu. Rabbiin Sahaabota fakkeenyummaa Nabii barsiisee, erga Nabii Muhammad ﷺ booda Dalagaawwan miidhagoo hojjachuun, karaa qajeellumaa irra nama masakuun isaanii, beektota amantoota islaamaa biratti shakkii hin qabu. kun Immoo islaamummaa har'a geette tanaaf wantoota Rabbiin sababa godhe keessa isa guddaadha. Kanaaf immoo seenaa sahaabotaa baruun cufa ilma namaatif, bu'aa guddaa waan qabu keessa tokko dha.

Seenaa sahaabotaa baruun Ilmaan muslimaatif maal fayyada?

Gaafi bifa kanaan ka’uuf deebiin isaa hedduudha, keessaa immoo akka kiyyatti,.” Hunda dura seenama sahaabotaa baruudha. Yoma seenaa sahaabaa tokkoo qalbisanii baran gahaadha. nama waa qalbisuuf dhamsattuu jira. dhaamsi kun immoo faayidaa seenaa sahaabotaa beekuun qabu isaan akeeka.” Inni biraa immoo; - Seenaa sahaabotaa beekuun sodaa Rabbii fi jaalala Nabi Muhammad ﷺ onnee keessatti namaaf dabala. Akkasuma jaalala sahaabotaallee. “Jaalalli Nabii Muhammad ﷺ fi Sahaabotaa ilma namaatif maal fayyada?.” ka jedhu gaafin dhihaatuttuu mala. Kanaaf immoo deebii ka ta’u Hadiisa Nabii Muhammad ﷺ caala deebin quubsaa kennamu waan jiru natti hin fakkaatu. Akka Nabi Muhammad ﷺ jedhetti. “Guyyaa qiyaama; Namni nama jaalatu waliin tahaa dha.” jedhan. kun jechuun immoo, Nabi Muhammad ﷺ fi Sahaabota jaalachuun maal akka ta’ee fi barbaachisummaan isaa ifa galaadha. Walumaa galatti seenaa sahaabotaa beekuun, bu’aaleen inni qabu, Galaana keessa akka cirracha guuruuti. Waan tarreeffamee hin dhuumneedha. Rabbiinis (SW) seenaa keessa akka gorsi jiru nu dubate.

Anis kanuma sababeeffadhee seenaa Sahaabota muraasaa afan arabiffaatin baradhe beeku kana, gara afaan oromootti deebisuuf wanti na kakaase keessa tokko, dirqama amantiin islaamaa, ilmaan muslimaa irra keetteedha. Inni biraa immoo biyya teenya biyya dursa amantii islaamatif balbala bante taatee osoo jirtu, akkasuma biyya badhaafamtu hayyoota amantii islaamaa osoo taatee jirtu, seenaan sahaabotaa, kan afaan oromootin barreeffame ummataaf dhihaate, hamma ammaatti jiraachuu dhabuu isaati. Halli kun immoo warroota afaan oromoo beekan bu’aa dhabeeyyi seenaa kana (bu’aalee seenaa sahaabotaa irraa argamu) waan taasisu keessa tokkoo dha. Kanaaf barruun kitaaba *seenaa sahaabota kurnana warra jannata* tun hamma tokko qaawwa doofummaa ummata isslaama dubbistootaa fi dhageettota afaan oromoo hin cufti jedheen yaada. Seenaa sahaabotaa kurnan warra jannataa kana barreesse xumuruuf, bu’aa bahii ogbarruu keessa imalaa ture. Hamma dandeetti rabbi naaf kenne cufa xuruurradhee, kitaabota seenaa *sahaabota kurnan warra jannataa* kan afaan arabiffaatin barraahan hedduu garagalchee seenalee isaanii, kan yoo beekan bu’aa qaba jedhee yaade, walitti kuusee, dandeetti fi qarqaarsa Rabbiitti irkadhee haala kanaan qopheesse jira.

Kana jechuun koo immoo kitaabni tun guutuu dha jechuu miti. Waa guutu ka danda’u, dandeetti Rabbii waa cufa guutuu uumeeti. Kanaaf hir’inna argitan hundaaf ana of-kolchaa.

Ka dubbistan cufarraa akka beekkumsa fi bu’aa haammattan, Rabbiin beekkumsa uumee, isin faana haa jiraatu.

# “1” ABUU BAKRI SIDDIIQ

“Namni tokkollee tola nuuf hin oolle. Kan tola nuuf ooleefis, Harka isaa kan nuti hin deebi’iniif hin jiru, Abbaa Bakrii malee! Abbaan Bakrii galata inni nu biraa qabu, Rabbitu nurraa galcha Guyyaa Qiyaamaa. Waa na hin fayyadne qabeenyi tokkolle akka qabeenyi Abbaa Bakrii na fayyadetti’. “Osoo jaalalle godhachuun ka naaf hayyamamuutii Abbaa Bakrii jaalallee godhadha.” jedhan Rasuulli ﷺ.

Abbaan Bakrii nama sadrkaan isaa Rabbii fi Muslimtoota birattis ol fuudhame dha. Sababaa waan Nabi Rabbiiti ﷺ tumsef guyyaa namni isa xiqqeesse, Nama dhugoomse Nabi Rabbii, guyyaa namni isa kijibsiisee, Nama Rabbitti amane guyyaa namni itti kafare. Innii irra caalaa Sahaabaati. Wal dhabbii tokkoon maletti.

Aduun waa hin baane, Waallee hin dhiine, Erga Ambiyootaa fi Rusultootaati. Nama Abbaa Bakrii irra gaarii taherratti jedhama.

Inni warra dura amaneeti dhiirarraa, Nama iimaanni isaa iimaana ummata Muhammadiin ﷺ madaalamee caalee argameedha. Inni nama Rabbi sodaataa fii saalfataa tahe.

Dukkana wallaalaatiifi miidhaa irraa, nama uumaan isaa qulqulluu ta'e. Inni Lubbuu isaatii fi Diinagdeen, Tajaajilaa fi Arjoomaa diin islaamaatii fi ummata Islaamaati. Nama Nabiyyiin ﷺ isa filate akka saahiba isaa tahuuf, guyyaa Makka irra gara Madiinaa godaanan.

Erga Nabi Muhammad ﷺ du'anii booda Araboonni hedduun diin islaamaa keessaa bahan, Gandoota akka Xaa'if, Makkaa fi Madiinaa malee. Yeroo sanis Abbaa Bakriittu islaamummatti deebise.

Yeroo duraatiif Sahaabaa qur'aana walitti qabeedha, Diinagdeetti dantaa dhabaa fi Rabbiin kan hedduu Gabbaruu, sodaatu, kan heedduu of gadi qabuu fi waraanaaf hedduu duuleedha.

Koottaa! seenaa sahabdicha kanaatti hidhanne bulttii teenna itti fakkeeffanne miidhagfanna. Lubbuu teenna iimaanaan kunuunfanne aakiraalle jannataan badhaafamnnee, sahaabotaan olloomnaa.

Abbaan Bakrii erga bara Arbaa (Aamul Fiil) booda wagga lamaa turee biyya Makkaa gosa Teymii jedhamtu keessatti dhalate. Nama haala gaarii irratti guddifameedha. Ijoollummaa isaa irraa kaasee nama dandeettii dubbisuu fi barreessuu qabu. Zamana jaahiliyyaa keessa cubbuu (dilii) hedduu kessatti hin argamne, Farshoos hin dhuugne. Sababaa namticha farshoo dhugee machaahee, harka isaatiin udaan isaa laaqu erga argee laguu ofirratti godhe. Taabotaafis sujuudee (sagadee) hin beeku.



Yeroo tokko erga inni guddatee, booda Abbaan isaa Abu-Quhaafaan fuudhee gama siidaan (taabonni) jirutti geessenii, siidaan tun gabbaramtuu teeti gabbari jedheenii, biraa gara dhufetti deebi'e. Abbaan Bakri immo gabbaramtuu ykn siidaa san itti dhihaatee, "Ani Beelawaadha na nyaachisi, Dheebotaadha na obaasi, an daarawaadha na uffisi." jedheen. Gabaramtuunis ykn siidaanis dandeetti takkayyu akka hin qabne bare. Waa takka isiin jalaa dubbachuu ykn homaa akka gochuu hin dandeenne sirritti beekee jennaan yeroma san dhakaa itti darbatee caccabsee biraa deeme.

Abbaan Bakrii gosa Teymii tan laaftuu lakkoofsi isaanii xiqoo tahe irraa waan dhalateef, taaytaan wahiituu isaaf hin kennamne. Qabeenya xiqoo qabuun daldala eegalee, qabeenya gudda horate. Warroota dureeyyi keessatti lakkaawame. Tola oliinsa Rabbiitii fi akkasuma Amanamaa tahuu fi dhugaa dubbachuu isaatiin abbaa qabeenyaa beekkamaa tahe.

Qabeenya isaatiin warroota harka qalleyyii fi yatiima (warroota maatiin isaanii irraa du'an) fi namoota miidhaman gama qabeenyaa, humnaa fi yaadaatiinis bira dhaabbataa ture. Toliinsa isaa irraa jaalalli ummataa guyyaa irraa gar guyyaatti dabalaa dhufe. Hamma irra jaalatamaa ummata Qureeyshii tahutti erga Nabi Muhammad ﷺ.

## Islaamummaa Fi Abbaa Bakrii

Nabi Muhammad ﷺ osoo hin ergamin duras Abbaan Bakrii fi Nabi Muhammad ﷺ jaalala jabaa waliif qabaachaa turan.

Haala jarri lamaan itti wal fakkaatanin keessaa; Dhugaa dubbachuu, Amaanaa namaa tiiksuu, Dalagaa gaggaarii dalaguu, Namaaf quuqamuu, Rakkoo namaatif dhiphachuu fa'a. Nabi Muhammad ﷺ erga islamummatti haadha mu'mintootaa Kadiija intala Kuweylid yaamee, islamooytee, booda Abbaa Bakriis akkuma Rasuullii gara islamummatti yaameen islaamaye.

Erga diin islaamaa qabatee booda, Abbaan Bakrii gara amantaa islaamaatti nama hedduu yaamuu eegale. Namoota hedduttu yaaminsa Abbaa Bakriitin gara islaamummaa dhufe. Keessayyuu; Warroonni kurnan jannataan gammachiifaman keessaa, jaha harka isaa irratti amanan. Guyyaa Qiyaamaa Abbaan Bakrii hojii toltuu isaatii fi mindaa jara islaamsisuun argatellee qabatee dhufa.

## Obsa Abbaa Bakrii

Erga Abbaan Bakrii islaamawee booda, Qureeyshiin dararaa fi hammeenya cimaa dhandhamsiisaani turte. Guyyaa sahaabonni namni lakkoofsaan soddomii saddeet kan gahan Nabi Muhammadiin ﷺ biratti walitti qabamanii jennaan, Abbaan Bakrii Nabi Muhammadiin kaanee islaamummaa teenya tana fuldura Qureeyshitti ifa haa goonu jedheen. Nabi Muhammad ﷺ yaa Abbaa Bakrii nuti lakkofsi keenna xiqqoodha jedhee dide. Abban Bakrii ofduuba deebii didee, Rasuula ﷺ kadhaan garaa laafifatee, amansiisuudhan yeroma san Sahaabonni fi Nabi Muhammad ﷺ wal qabatanii gara ka'baa deeman.





Erga ka'abaa gahanii booda Abbaan Bakrii gara waltajjiitti olbahee ummata naannoo sanii gara islaamummatti yaamuu eegale.

Mushriktoonis battalumatti sochii ummata muslimaa arginaan, Abbaa Bakrii fi muslimtoota reebuu eegalan. Reebicha guyyaa saniitiin akka carraa ta'ee Abbaan Bakrii miidhamni guddoon isa qaqqabde (dhaqabde). Keessattuu nama Utbaa binu Rabii'aa jedhamuun hamma fuulli isaa jijjiiramee wallaalamutti tumame.

Boodaarra warri gosa isaa dhufanii dararaa jalaa isa baraaranii gara mana isaa geessan. Yeroo kanatti Abbaan Bakrii du'aa fi jiruun isaa waan addaan hin baraminiif, warri isa fide gosti isaa gara Qureeyshii deemun Abbaan Bakrii yoo kan du'uu, nullee Utbaa Ilma Rabii'aa hin dhiifnu, Ni ajjeefna, Dhiiga keenya dhiigaan deebifanna jedhanii dhaaddatan.

Gara mana Abbaa Bakrii deebi'anii dubbisuuf yaalanuu, inni garuu gaggabbii irraa kan ka'e dubbachuu hindandeenne hanga galgalaatti. Waan Raajii namatti ta'u immoo akkuma bayfateen gaggabsuu isaa irraa dammaqee haasawuu eegaleen, sagaleen jalaqaba afaan isaati baate, Haadha isaatin "Nabi Muhaammad ﷺ maal tahe kan." jedhu ture. Haati isaas; "An hin beeku." jetteenii deebisteef. Abaan Bakarii garuu obsa dhabe. Hamma Nabi Muhammad ﷺ maal akka ta'an barutti, nyaataa fii

dhugaatii dhiisuu Rabbiif waadaa seene. Deemiiti Ummu Jamiilin Faaximaa intala Kaxxaab naaf gaafadhu jedheen. Waan Rasuulli ta'e ﷺ.

Haati isaa tole jettee gara mana Faaximaa deemtee, "Abbaan Bakrii; Nabi Muhammed ﷺ maal tahe jedhee si gaafata." jetteen. Faaximaanis haati Abbaa Bakrii yeroo sanitti islaama waan hin tahiniif basaasummaaf dhufte jettee isii waan shakkiteef, Nabi Muhammadii fi Abbaa Bakriitis eessaa fi maalitti akka jiran hin beeku jettee deebisteef. "Garuu yoo ka si gammachiisu taate, si waliin deemee ilma kee gaafachuu danda'aa?." jetteenii gaafii dhiheessiteef.

Hayyama haadha Abbaa Bakrii akkuma argatteen waliin gara mana Abbaa Bakrii deemte. Akkuma mana geettee Abbaa Bakrii argiteen, sagalee ol fuutee iyyaa "Rabbii kiyyatti kakadhe! warroonni akkana sirratti dalagan kun kafirtootaa fi warra karaa Rabbii irraa maqe. Aniin tun ni kajeela akka Rabbiin isaan irraa haloo (gadoo) siif bahu." jetteen. Innis ka isa dhibe: waa'ee isaa osoo hin taane kan Nabi Muhammad ﷺ waan ta'eef, "Nabi Muhammad ﷺ maal ta'e?." jedhee gafateen. Faaximaanis "Haati tee nu dhageetti. Akkamitti sitti himuu danda'a." jetteen. Abbaan Bakrii deebisuudhaan." haadha tiyya irraa homaa hin sodaatin." jedheen. Isiinis "Nabi Muhammad ﷺ nagaha qaba hin dhiphamin. Hamtuun isa hin qunnamne." jetteen. Abbaan Bakrii deebisee essaa akka inni jiru gaafateen. Isiinis akka ganda Arqam binu abii Arqam akka jiru itti himte.

SEENAA SAHAABAA kurnan jannataan gammachiifaman


Abbaan Bakrii akkuma Nabi Muhammad ﷺ essaa akka jiru bareen, "hanga ijaan argutti nyaatas hin sooradhu, dhugaatis hin dhugu, ka'aati bakka inni jiruun na gaha." jedheen. Hanga namni rafuu eeganii fuudhanii deemaniin.

Nabi muhaammadis Abbaa Bakriitif waan dhiphamaa turaniif, Akkuma isa argeen Nabi Muhammad ﷺ itti maramee Abbaa Bakrii dhungate. Sahaabonnis dabaree dabareen ka'anii dhungataniin.

Booda Abbaa Bakriitin ati Aabboo fi Aayyoo kiyyaan furamaadha hin yaaddawin. Ani homaa hin taane. Waan kaafirtichi fuula na balleesse malee. Isiin tun immoo haadha tiyya tan ilma isiitif tola ooltu tan taatee.

Akka Rabbiin naaf qajeelchu du'aa'ii naaf godhiif, islaamummatti naaf yaami jedheen. Nabi Muhammadis ﷺ du'aa'ii godheefii islaama taate.

Guyyaa tokko kaafirtichi maqaan isaa Uqbaa ilma Abbaa Mu'eeyxi kan jedhamu ka'abaa fuulduratti Rasuula ﷺ uffata isaatin eega hudhee booda, Abbaan Bakrii dhufee

﴿أَتَقۡتُلُونَ رَجُلًا أَن يَقُولَ رَبِّيَ ٱللَّهُ وَقَدۡ جَآءَكُم بِٱلۡبَيِّنَٰتِ مِن رَّبِّكُمۡ﴾ [غافر: ٢٨]

***"Sila ni ajjeftani? gurbaa Rabbiin kiyya Allah jechuudhaaf dhugumatti haala isinitti dhufee jiruun, ragoowaniin Rabbii keessan biraa!."*** jedhaa irraa baase. (Suratu Gaafir 28)

## Abbaa Bakrii Fi Bilisummaa Bilaal ilma Rabaah

Abbaan Bakrii osoo karaa deemaa jiruu, Gabricha sanyii gurraachaa kan ta’e Bilaalii ilma Rabaaha kan kaafirtichi Umayyaa ilma Kalaf ta’e reebicha gara jabeenyaatin oo’a Makkaa keessatti adabaa jiruu arge. Lubbuun isaa dararaa irraa kan ka’e bahuuf dhihaattus inni “Ahadun Ahadd.” jechuu irraa hara hingalfanne. ‘Sila Rabbii kee hin sodaattuu, Rahmata isaa hin gootuu?.” jedheen Abbaan Bakrii.

Yeroo kana Umayyaan ilmi Kalafis; “situu na jalaa balleesse. Yoo kan dandeettu taate mee dararaa kana jalaa isa baasi.” jedheeni itti dhaadate.

Abbaan Bakriitis dararaan kun diin Rabbii irraa isa kafarsiisa jedhee takkaa immoo ni ajjeesa jedhee, Ziqayyaa; albuuda Ziqiyaa irraa taate (qarshii yeroo san Makka keessatti tajajiltu) isii torbaa kafaluun bitate. Abbaan Bakrii kan isa biteef deebisee gabroomfachuuf osoo hin taane, Bilisoomee akka dhiibbaa tokko malee jiraatufi. Booda Umar waa’een Abbaa Bakrii yoo biratti kaafamu, “Inni caalaa keenna! akkasuma caalaa keenna kan ta’e, Bilaal ilma Rabaaha nuuf bilisoomse.” jedhaan.

Ummanni munaafiqtootaa Abbaan Bakrii wanti Bilaaliin bilisoomseef, waan inni galata biraa qabuufi malee Rabbiif jecha isa hin bilisoomsine jedhan. Rabbiin jecha munaafiqtootaa tan kijibsiiftu ayaata qur’aanaa suuraa leeyliilaakkofsa 17-21 buuse.



﴿وَسَيُجَنَّبُهَا ٱلْأَتْقَى ١٧ ٱلَّذِى يُؤْتِى مَالَهُۥ يَتَزَكَّىٰ ١٨ وَمَا لِأَحَدٍ عِندَهُۥ مِن نِّعْمَةٍ تُجْزَىٰٓ ١٩ إِلَّا ٱبْتِغَآءَ وَجْهِ رَبِّهِ ٱلْأَعْلَىٰ ٢٠ وَلَسَوْفَ يَرْضَىٰ﴾ [الليل: ١٧-٢١]

***“Namni Rabbiin sodaatu immoo ishee irraa fageeffamuuf jira. Kan qabeenya isaa qulqulleeffachuuf kennu. Haala isa bira nama tokkoof galanni galfamu hin jirreen (kan kennatu). Fuula Gooftaa isaa ol aanaa ta’e barbaachaaf malee (hin kennu).”***

## Ollummaa Rabbii Isaa Jaalatuu ykn Filatuu

Nabi Muhaammad ﷺ dararaan isaafi sahaabaatti, guyyaa guyyatti hammaataa deemaa jiraachuu argee jennaan, Sahaabota godaansaaf ykn kool galtummaaf gara biyya mootii Habashaa kan mirgi namaa akkaan biratti eeggamaa taatetti godhan hayyameef. Abbaan Bakriis godaansaaf ka’ee yeroo inni barkal gimaad jedhamu gahe, Namticha maqaan isaa ibni Diginnaa kan jedhamu caalaa /sayyida/ gosa qaarraa kan tahe fuulatti dhufee, gara Abbaan Bakrii deemutti jiru isa gaafate. Innis “warra biyya Makkaatu akka an Rabbii kiyya gabbaru na dhoorga. Kanaaf gara Rabbii kiyya itti bilisaan gabbaruu danda’utti deemaa jira.” jedheen.

Ilmi Diginnaatis haala isaa kan gaarummaa, amanamummaa fi haqa namaa eeguu isaa waan beekuf, “namni akka keetii kun biyyarraa baqachuun isaan hin maltu. Ati nama nama ofitti qabu, nama nama kabaju, kan aanaa maxxanfatu, kan

miskiina gargaaru, kan keessummaa kabaju. Kanaafuu an nagaha si gochuu fedha. Tika kiyya keessatti jiraadhu." jedhee fuudheeni gara ummata gosa qureeyshii geesseenii lallabee; "an Abbaa Bakrii tika kiyya keessatti nagaha godheenii jira. Isinis nagaha isaa godhaa." jedheen.

Ummanni qureeyshis; "eega jette haa ta'u. Garuu Rabbii isaa yeroo gabbaru mana isaa keessatti haa gabbaru. Akka ilmaan teennaa fi dubartoonni teenna yeroo inni gooftaa isaa gabbaru arganii nurraa islaama hin taaneef jecha." jedhaniin.

Ilmi Diginnaatis dhaamsa qureeyshii fuudhee Abbaa Bakriitin geennan, Abbaan Bakriis dhaamsa tole jedhee irraa fudhate.

Yeroo gabaabaa booda garuu masjiida ijaaree itti salaatuu fi qur'aana ol kaasee qara'uu eegale. Yeroo qur'aana qara'u waan booyuuf jecha dubartii fi ijoolleen laaluu eegalan. Halli kun garuu ummata qureeyshii waan rifachiiseef batttalumatti ilma Diginnaatiin, "Abbaan Bakrii haala inni tika kee jala jiruun tuquu hin jaalannu. Kabajaa keetif jennee, garuu ijoollee teennaafii dubartoota teennarratti waan nu sodaachiseef; jecha gara mana isaatti akka deebi'ee, Rabbii isaa gabbaru nurraa taasisi." jedhaniin.

Ilmi Diginnaatis Abbaa Bakrii bira deemee, "ati waan irratti walii galle ni beekta. Kanaaf mana keetitti deebitee Rabbii kee gabbaruu ykn immoo tika kiyya jalaa bahuu keessaa tokko filadhu. Haala tika kiya jala jirtuun namni si miidhee, akka Arabni saniin maqaa kiyya balleessitu hin fedhu." jedheen. Abbaan Bakriis "ani Rabbii kiyya dhoksaan gabbaruu hin fedhu. Ifa baasee ykn dirree baasee gabbara. Kanaaf ati tikummaa kee narraa kaafadhu ykn fudhadhu. An tika Rabbii fedhaa." jedhee deebiseef.

## Sababaa Moggaafama Maqaa Siddiiq

Ummanni Makkaa dubbii nabi Muhammad ﷺ kan Israa'ii fi Mi'iraaj imala halkan tokko keessatti Makkaa irraa gara beytal Maqdasi fi beytal Maqdas irraa immoo gara samii taasifamte dhagahanii, dubbiin machaahanii Makkaan waliin gahan. Ummanni Qureeyshii akkuma dhagahaniin oduu sobaati jedhanii Nabi Muhamadiin ﷺ biratti walitti qabamanii, waan imala sanii irraa dhugaaf soba isii beekuuf gaafii egalan. Hammamuu imala isaa irratti waan isa adeemsa keessatti innillee inumaayyuu himeef waan arge garuu isaan hin dhugoomsine

Ummanni qureeyshii gara Abbaa Bakrii deemanii dubbii saahiba keetii kana ni amanttaa? jedhanii gafatan. Abbaan Bakriitis beeksisa ykn wahyii samii irraa itti buutee ni amanee, akkamitti imala Israa'ifi Mi'raaj hindhugoomsine? jedhee deebiseef.

Rasuulli ﷺ akka ummanni Makkaa hin amanin hubatanii Jibriiliin ummanni kiyya nan dhugoomsine jedheen. Jibriilis Abaa Bakriittu sidhugoomsa jedheen inni Siddiiqi. Siddiiqi jechuun dhugoomssa jechuudha.

## Godaansa Abbaa Bakriitii fi Rasuulaa ﷺ

Nabi Muhammad ﷺ gara mana Abbaa Bakrii deemun akka Rabbiin godaansa (hijraa) eeyyameef itti hime. Abbaan Bakriis gammachuu guddoo gammaduu irraa kan ka'e booye. Osoo manarraa hin bahin Abbaan Bakrii yaabbii lama siinqii /galaa/ waliin qopheessee, yaabbii isaan lamaanii namticha kaafiraa Abdallah ilma Ureyqix kan karaa beekuun beekkame bira kaahee biraa deeme. Sana booda godaansa seenaa islaamaa keessaatti hanga har'aa Hijraa jedhamtee beekkamtu eegalan.

Rasuula ﷺ fi Abbaan Bakrii godaansaaf hanga gaara Sowrii gahanitti miilaan deemanii, gaara san keessatti goda wahii argan. Abbaan Bakrii goda seenee eega qulqulleessee booda boollowwan hedduu cufe. Garuu boolla takka waan ittiin cufu dhabee jennaan, faana miila isaatiin afaan gubbaa dhaabbatee cufe. Rasuulas ﷺ akka ol seenu affeere.

Nabi Muhammadis ﷺ erga ol seenee booda, mataa isaatiin miila Abbaa Bakriititii irkatee rafe. Osoo Nabi Muhammad ﷺ hirriba keessa jiruu Abbaa Bakrii qaawwa inni miilaan cufe keessaan miila isaa Jawween ykn Qajjibbuun ciniinte.

Abbaan Bakrii nyaatama (ciniinnaa) qaama isaa kana Rasuula ﷺ hirriba keessaa dammaqsuun waan itti ulfaateef jecha itti obse. Garuu qaama isaa irra inni hirriba





Rasuulaa filatus, ijji isaa laalaa irraa kan ka'e imimmaan roobsuurraa caamuu hin dandeenye. Imimmaan ija isaa keessaa maddee fuula isaa irra akka lolaatti gadi yaa'ee, boqoo Rasuulaatti ﷺ gadi cobe. Yoo kana Rasuulli ﷺ hirribaa dammaqe. Imimmanahuu Abbaa Bakrii sababaa gaafate.

Abbaan Bakriis "Yaa Rasuula Rabbii ni ciniiname bar." jedheen.

Yeroma san Rasuulli lafaa utaalee ol ka'ee bakka inni ciniiname sanitti tufee jannatas isaa kadhate. Rabbiinis tuftoma kana dawaa godheefii fayyiseen.

Mushriktoonni ykn warri Rabbitti kafaran faana dhahanii dhufan. Hamma goda Rasuulli ﷺ fi Abbaan Bakrii keessa jiranitti. Abbaan Bakrii miila kafirtootaa argee, gara kaafirtootaa laalaa "yaa Rasuula Rabbii ﷺ tokkoon isaanii osoo gara miila isaanii gadi laalanii silaa nu argan." jedheen. Rasuullis ﷺ haala Rabbii isaa dhugoonfataa taheen, "yaa Abbaa Bakrii maali seeteen tee nu lamaanitti haala sadaffaan keenna Rabbiin tahee jirutti jedheni. Rabbiin ijaa kafirtoota jalaa isaan haguuge.

Osoo aakkanatti jiranuu, Kaafirtichi Abdallaah ilmi Ureyqix dhufee isaan lamaan erga goda keessa guyyaa sadi bulanii booda fuudhee kara Madiinaa isaaniin deeme.

## Jaalala Abbaan Bakrii Rasuulaaf Qabu

Yeroo karaa deeman Abbaan Bakrii dura Rasuulaa ﷺ darbaa, al tokko tokko immoo duuba isaanii, Moggaa mirgaa fi bitaa Rasuulatti ﷺ naannawaa deema. Rasuulli ﷺ gocha isaa kana arganii "maal taate Abbaa Bakrii?." jedhanii gaafatan. Abbaan Bakriitis hamtuu irraa isaan eeguuf akka irra garmaamaa jiru itti hime. Yeroo dadhabbii irratti argu immoo bakka gaaddisaa barbaadee afeefii, Rasuula ﷺ ciibsee ofii isaatii taa'ee hamtuu irraa isaan eega.

Guyyaa tokko osoo isaan ciibsee eeguun; Tiksee re'ee tokko argee akka mallaqaan aanan isaaniif elmu gaafate. Aanan mucaan elmee kenneef Rasuulaa ﷺ geesse. Hamma hiribaa ka'uu eegee obaaseen.

Haala saniin deemanii Madiinaa gahan. Warri Madiinaas haala gaariin simannaa godhanii fi moggaa ganda Madiinaa bakka Qub'aa jedhamtu yeroof qubatan.

## Sadarkaa Abbaa Bakrii Duula keessatti

Guyyaa duula badrii nama Rasuula Rabbi ﷺ eegu yeroo filatan kan Abbaa Bakrii caalaa itti amanan tokollee waan hinarginiif isa filatan. Akka Aliyyi ilma Abii Xaalib jedheetti Rabbiin isarraa haa jalatuu, "Abbaan Bakrii goota namaati! jedhe. Lola Badrii keessatti Rabbii guddatti kakadhaa, kaafirri tokkollee Rasuulatti ﷺ hin



dhihaanne. Abbaan Bakrii nama Rasuulatti ﷺ dhihaatuuf deemu, morma isaa irraa muree karatti hanbisu malee."

Ilmi Abbaa Bakrii kan Abdurahmaan jedhamu kaafira waan tureef waraana kaafiraa waliin loluuf dhufe. Lola Badrii keessatti Abbaa isaa Abbaa Bakrii yeroo argu irraa maqa. Gaafa islaama tahe akkana isaan jedhe; "Guyyaa duula badrii lola keessatti yeroo si argu sirraa maqaa ture. Siin loluu waan hin barbaadiniif jecha." isaan jennaan Abbaan Bakrii ammoo akkana isaan jedhe. "Ani garuu osoo si argee si hin dhiisu si ajjeesa!." isaan jedhe. Qur'aana irraa waayee kanaa suuraan dubbattu suuraa Towbaa ayata digdamii afur (24) fi suuraa Mujaadalaa ayata digdamii lama (22).

﴿ قُلْ إِن كَانَ ءَابَآؤُكُمْ وَأَبْنَآؤُكُمْ وَإِخْوَٰنُكُمْ وَأَزْوَٰجُكُمْ وَعَشِيرَتُكُمْ وَأَمْوَٰلٌ ٱقْتَرَفْتُمُوهَا وَتِجَٰرَةٌ تَخْشَوْنَ كَسَادَهَا وَمَسَٰكِنُ تَرْضَوْنَهَآ أَحَبَّ إِلَيْكُم مِّنَ ٱللَّهِ وَرَسُولِهِۦ وَجِهَادٍ فِى سَبِيلِهِۦ فَتَرَبَّصُوا۟ حَتَّىٰ يَأْتِىَ ٱللَّهُ بِأَمْرِهِۦ ۗ وَٱللَّهُ لَا يَهْدِى ٱلْقَوْمَ ٱلْفَٰسِقِينَ ﴾ [التوبة: ٢٤]

**"Yoo abbootin keessan, ilmaan keessan, obboleeyyan keessan, niitiwwan keessan, firoonni keessan, qabeenyi isin horattan, daldalli isin hir'achuu ishee sodaattaniifi manneen isin jaallattan Rabbi, ergamaa Isaatiifi karaa Isaa keessatti qabsaa'uu irra gara keessanitti jaalatamaa ta'e, hanga Rabbiin murtii Isaatiin dhufutti eegaa." jedhi. Rabbiinis ummata finciltoota hin qajeelchu."** (Tawbaa 24)

﴿لَّا تَجِدُ قَوْمًا يُؤْمِنُونَ بِٱللَّهِ وَٱلْيَوْمِ ٱلْأَخِرِ يُوَآدُّونَ مَنْ حَآدَّ ٱللَّهَ وَرَسُولَهُۥ وَلَوْ كَانُوٓاْ
ءَابَآءَهُمْ أَوْ أَبْنَآءَهُمْ أَوْ إِخْوَٰنَهُمْ أَوْ عَشِيرَتَهُمْۚ أُوْلَٰٓئِكَ كَتَبَ فِى قُلُوبِهِمُ ٱلْإِيمَٰنَ
وَأَيَّدَهُم بِرُوحٍ مِّنْهُۖ وَيُدْخِلُهُمْ جَنَّٰتٍ تَجْرِى مِن تَحْتِهَا ٱلْأَنْهَٰرُ خَٰلِدِينَ فِيهَاۚ رَضِىَ ٱللَّهُ
عَنْهُمْ وَرَضُواْ عَنْهُۚ أُوْلَٰٓئِكَ حِزْبُ ٱللَّهِۚ أَلَآ إِنَّ حِزْبَ ٱللَّهِ هُمُ ٱلْمُفْلِحُونَ﴾ [المجادلة: ٢٢]

**Ummata Rabbiifi Guyyaa Aakhiraatti amananu, namoota Rabbiifi ergamaa Isaa morman odoma abbootii isaanii, yookiin ilmaan isaanii, yookiin obboleeyyan isaanii, yookiin firoota isaanii ta'anillee, kan (isaan keessaan) jaallatanu hin argitu. Isaan sana (Rabbiin) onnee isaanii keessatti iimaana barreessee jira; tumsa Isa irraa ta'eenis isaan jabeesseera. Jannatoota laggeen ishee jala yaatus achi keessaatti hafoo haala ta'aniin isaan seensisa. Rabbiin isaan irraa jaallateera; isaanis Isa irraa jaalataniiru. Isaan garee Rabbiiti. Dhagayaa! Dhugumatti, cifraan (gareen) Rabbii isaantu milkaawoodha."** (Mujaadala 22)

Gaafa lola Uhud yeroo sahaaboni cabanii gariin isaanii baqatan Abbaan Bakrii garuu akka gaarri dhabbatutti dhabate nabii irraa lolaa ture. Hijraa irraa ganna torbafaatti hoggantummaa dhan ganda banii Zahra /Banii Zahrataa\ jedhamu cabsee injifannoon gale. Guyyaa lola Tabuukis namni alaabaa Muslimtootaa qabatee deeme Abbaa Bakriiti ture. lola Huneeyni keessatti yeroo waraanni Muslimtootaa cabanii gara duubaa deeb'an warroota cinaa Rasuulaati osoo hindheesiin dhabbatee lole keessa tokko Abbaa Bakrii ti.



Guyyaa duula Tabuuk Rasuulli Rabbii ﷺ waan waraana ittiin geggeessinu kennadhaa jennaan Abbaan Bakrii mana isaa keessatti dinaara ykn dunyaa takkallee ufii isaatifi maatii isaatifis ossoo hin hanbisin diinagdee isaa keennate.

Yeroo san Umer iilmi Kaxxaab har'a Abbaa Bakrii caaluu qaba jedhee qabeenya isaa walakkeessa kenne. Akka Abbaan Bakrii caale arginaan inni har'a qofa nan caalle jedhe.

Guyyaa tokko Rasulli ﷺ sahabtota isaa hundarratti gadi bahee akkana isaaniin jedhe; "Hara'a eennutuu sooma oole." jennaan Abbaan Bakrii ana jedhe. Eenutuu har'a miskiina gaafate nyaachise jennan, Ana jedhe Abbaan Bakrii. Eenutuu dhibama hoo gaafate jedhanii gafaannan. Ammas Abbaan Bakrii ana jedhe. Booda Rasuulli ﷺ." namni guyyaa tokko keessatti waan kana cufa walitti qabate galanni isaa jannata male hin jirtu." isaaniin jedhe.

Gaafa tokko Umar ilmi Kxxaab mangudditti ija hin qabne takka argee, Qarqaaruu fedhe. Yeroo inni nyaataa fi dhugaatii qabatee dhufu namni wahii isa dura geessee fi biraa deeme. Yeroo hundaa yoo inni nyaata fi dhugaati qabatee dhaqu namtichi sun isa dura geesse fi biraa deema. Namni yeroo hunda nyaataa fi dhugaati qabatee isiif isa dursee kennuuf enyuu akka ta'e beekuuf dhokaate eege, Yeroma kana Abbaan Bakrii mana mangudditii keessaa gadi bahu argee Umar boohee akkana jedhe, Rabbitti kakadhee ani tola tokko keessattillee si hin caalu jedheen.

## Sadarkaa Abaa Bakri Nabi Biratti Qabu

Nabi Muhammad ﷺ akkana jedhe; Rabbii kiyya malee Osoo jalallee godhchuun kan naaf hayyamamu taatee silaa Abbaa Bakrii jaalallee godhadha. Garuu inni obbolessa kiyya nin jaaladha. Hulaan ykn balballi gara masajiidaa seensiftu takkalleen cufamtu malee akka hin hafne, Hulaa ykn balbala Abbaa Bakrii malee. Jechi Rasuulaa ﷺ kunillee sadarkaa Abbaa Bakrii muldhisuufi.

Rasuulli ﷺ waayee balbala jannaataa saddeet akka jirttu dubbatee jennaan Abbaan Bakrii akkana jedhee Rasuula gaafate sila hulaa saddeettan san namni tokkochi seenuu ni dandaahaa? Jedheen. Yaa Abbaa Bakrii atuu balbala saddeetan irrayyuu ni waamamta jedheeni isa gammachiise.

Rasuulli ﷺ dhibamee jennaan akka Abbaan Bakrii ummata Islaamatiin salaatu ajaje. Sababa saniif Abbaan Bakrii nama Nabi Muhammad ﷺ irraa bakka bu'ee yeroo duraatif osoo Rasuulli ﷺ lubbuun jiru ummata Islaamaa salaachise tahee argamee dha.

Yero muraasaan booda Nabi Muhammad ﷺ ni du'e. Sababa du'a Rasuulaatifis ﷺ dacheen ummata Islaamatitti dukkanoofte, Hamma waan dalagan wallaalanitti.

Abbaan Bakrii Nabi Muhammad ﷺ akka du'e baree jennan boohee boqoo isaa dhungatee "du'a Rabbi sitti murteesse duutee jirta yaa Rasuula Rabbii." ﷺ jedhee karaa ummataa gargalee akkana isaaniin jedhe,."namni Muhammadiin ﷺ gabbartan Muhammad ﷺ du'e, Kan Rabbiin gabbartan ammoo Rabbi yoomuu jiraataa dhahin du'u." isaaniin jedhe. Ayata Qur'aanaa: Suuraa Al-Imraan 144 irratti dubbise ykn qara'e akka ummanni obssaan jajabaatuuf jecha.

﴿ وَمَا مُحَمَّدٌ إِلَّا رَسُولٌ قَدْ خَلَتْ مِن قَبْلِهِ ٱلرُّسُلُ ۚ أَفَإِيْن مَّاتَ أَوْ قُتِلَ ٱنقَلَبْتُمْ عَلَىٰٓ أَعْقَـٰبِكُمْ ۚ
وَمَن يَنقَلِبْ عَلَىٰ عَقِبَيْهِ فَلَن يَضُرَّ ٱللَّهَ شَيْـًٔا ۗ وَسَيَجْزِى ٱللَّهُ ٱلشَّـٰكِرِينَ ﴾ [الأعراف: ٤٣]

## Taaytaa Qabachuu Abbaa Bakrii

Eega Nabi Muhammad ﷺ du'e guyyaa lammataa Umer ibnul Kaaxxab wal tajji irratti olka'ee eega Rabbii isaa faarfatee booda akkana jedhe." Nabi Muhammad ﷺ du'ullee Rabbiin jidduu keessan karaa sirritti fakkenna isinii ta'e, daandii dhugaa isin agarsisee galma isin geessu isiniif dhiisee jira. Abbaan Bakrii nama Rasuula waliin guyyaa sadi goda keessa bule. Dhimma muslimtootaatti nama haqa godhatu waan taheef, tole jedhaatii harka isaa fuudhaa. Waadaa isaa seenaa." jedheen. Ummannis yaada Umar fudhatanii Abba Bakrii tole jedhanii waadaa isaa galan.

Abbaan Bakrii booda wal tajji irrattti bahee akkana jedhe "aniin kun bulchaa ta'ullee irra caalaa keessani miti. Waan ta'eef; yo ani dogongore na qajeelchaa, yoo ani laaffadhe na jabeessaa. Dhugaa dubbachuun amaanaa tiysuu jedhama. Kijiba dubbachuun nama ganuu dha." isaaniin jedhe.

Rasuuulli ﷺ hoggantummaa nama Usaamaa binu Zeydi jedhamuun waraana guddaa duula biyya Ruumif qopheesse osoo waraanni moggaa madiinaa keessaa hin bahin Rasuulli ﷺ dhibeen qabamee dhibeen itti hammattee jennaan waraanni karaa deebi'e. Du'aa fi jiruu isaa hubatuuf jecha. Nabi Muhammad ﷺ du'ee jennaan yeroma kana ummanni islaamaa diinii irraa garagalan, gariin isaani inumayyu murtaddii ykn amantii islamaa kan gadi dhiisan tahan, gariin immoo an nabiyyii dha ofiin jechuu eegalan, Kessattuu; kan akka Museylamatul Kazzaab. Ummanni hedduun immoo zakaa kennuu didan.

Abbaan Bakrii waraana Rasuulli ﷺ biraa du'an san duulaaf yeroo inni deebisee qopheessu, gararuum erguuf ummanni muslimaa dura dhaabbate. Ummanni Arabaatuu diinii keessaa fuula garagalfatee, akkam biyya biroo loluuf deemta. Dursa ummatuma kanaan loli ykn Usaamaa binu Zeydi umriin isaa xiqqaa dha hoggantumma nama isa aqlii fi beekkumsa lolaatin caaluu kenni jedhaniin. Yeroo kana Abbaan Bakrii dheekkamee (firinxiixee) nama Rasuulli ﷺ hoggana isaaf kenne irra mulqi naan jettu jedhee dide.

Abbaan Bakrii waraana iddoo kudha tokkotti hiree waraana Usaama binu Zeydi akkuma Rasuulli ﷺ hoggansa kennaniif innis isaaf deebisee gara biyya Ruumi duulsise, Kan hafan immoo biyya Arabaa kessa deebisee duulchise. Rabbis isaa tumsee waraanni kudha tokkoonu




injifanno fi milkii goonfate. Sababa Abba Bakris Rabbiin diin islaamaa tikse.

Duula kanneen keessatti sahabonni qur'aana qomatti qabatan ykn haffazan hedduun dhumuu kan qalbise Umar ibnul-Kaxxaab, Keessattuu duula yamaamaa namticha an nabiyyi ofiin jedhu Museylamatul Kazzab kan jedhamu duula taasifame irratti eegdota qur'aana ykn hafiztoota qur'aana dhibba shan ta'an waan dhumaniif, Gara Abbaa Bakrii deemuun yaada qur'aanni haa iddoo tokkotti walitti qabamu jedhu kaase.

Abbaan Bakrii waan Nabin ﷺ keenya hin godhiin akkamitti rawwadhu naan jetta? jedhee diduyyuu, boodaa qur'aana walitti qabuun irra caalaa ta'uu barraan sahaabdicha Zeyd binu Saabit ka jdhamu kan wahyii Rasuulaa ﷺ irra barreessaa tureen akka walitti qabu ajajan. Qur'aannis akka yaadanitti walitti qabamee harka Abba Bakrii gale. Abbaan Bakrii duunaan harkka Umar ibnu Kaxxaab gale. Umar duunaan harkka Hafsaa intala Umar gale.

## Rabbi Sodaachuu Abbaa Bakrii

Guyyaa tokko gabrichi Abbaa Bakrii tokko nyaata isaaf dalagee fidee fi eega inni nyaate booda gabrichi nyaata nyaatte essa akka fide beektaa? jedhee gaafateen. Hin beeku jedhee deebiseef. "Zabana jaahilummaa keessa namticha tokkoo sobaan raageefi jennaan yeroo san mallaqa naaf

hin kennine ture, har'a naaf kennee jennaan mallaqa saniin bite nyaata siif dalagee fide." jedheen. Yeroma san Abbaan Bakrii quba kokketti of naqee waan nyaate uf haqqisiise, sodaa Rabbitif jedhee.

## Du'a Abbaa Bakrii

Abbaan Bakrii guyyaa qabbanaa tokko bishaan qorraan qaama dhiqatee leydaa ykn qaxaxxeen qabame. Hanga guyyaa kudha shanii mataa olqabachu dadhabnaan adunyaa irraa garaa murate.

Abbaan Bakrii Bara godaansaa irraa waggaa 13ffatti dhukkubsate jennaan dhibee san irraa akka hafuu hin dandeenne baree, Akka Umar ibnul Kaxxab bakka isaa bu'u fedhee warroota dhimmii isaan ilaaluun mari'ate. Hunduu yaada isaa irratti waliigalan. Erga dhimma bulchiinssa islaamaa karaa qabsiisee booda Abbaan Bakrii Aayshaa waamee namni ani maatii kiyya irra sicaalchisee jaladhu hinjiru oorruu dhugaan sif kennee ture garu gochi sun na qubsaa hinjiru. Oorruu san diinagidee dhaalma maatii keessa olchi jedhaniin. Isiinis ajaja isaanii tole jettee fudhatte.

Abbaan Bakrii erga angoo qabate waan diinagidee isaa irratti dabalame cufa lalchisee kan argame hundaa ofirraa gara Umar erge. Akka nama bulchaa tokkootti nyaata gaariifi dhugaatii gaarii sooratee osoo hin dhugin qabeeyna



tokkollee osoo bu'aa ofiitiif hin olfatin yoo Rabbi sodaaf malee maaliif ta'a ture?

Umaris gabra biyya nuubii Gaala bishaan obaasuufi uffata buburree Abbaa Bakrii irraa ergamte argee jennaan booyee imimmaaniin dachii akka titiifuu roobaatti lafa jijiisaa Abbaan Bakrii Rabbi irraa haa jalatutii dhugumatti ba'aa gudda baachisee jira nama isa boodaan jiru jedhe.

Dhibeen itti jabaatee jennaan Abbaan Bakrii guyyaa keessa jiru guyyaa kam akka ta'e namoota isa cinaa jiru gaafachuun akka guyya Wiyxataa ta'e addaan baafate yoo guyyaa Wiyxataa kana du'e boriin na hin eeginaa rasuulatti kalaayuu jaladha jedhee dhaamate. Duuti keennaa Rabbiin ilma namaatiif qoode kan ganamaa waan ta'eef Abbaan Bakriis du'uun dirqama itti taate. Guuyyaa wiyxata bara godaanssa ykn hijraa irra ganna kudha sadihitti aduyaa tanarraa boqate.

# “2” UMAR BINU KAXXAAB

Nabi Muhammad ﷺ akka jedhe “osoo naboodaan nabiyyiin jiraatee silaa Umartu taha! jedhe.” “Garuu ani nabiyyii boodaati nabiyyiin biraa na boodaan hin jiru.” Inni nama islaamummaan isaa Banaa [Furtuu] islaamummaa tahe. Godaansi isaallee tumsa ummata islaamaa tahe. Akkasuma inni nama motummaan isaallee motummaa haqaa taate. Inni nama yeroo hedduu qur’aannii Rabbi yaada isaa qunnamee bu’eedha. Inni nama ergamaan Rabbii nabi Muhammd ﷺ Jannataan isa gamachiise. Inni nama sheyxxaanni karaa isaa irraa dheessu. Inni nama osoo booyu imimmaan fuula isaa irratti karaa baafate. Nama hedduu Rabbi gabbaraa tahe. Namaa hedduu dinagdee irraa dantaa dhabaa tahe. Akkasuma nama hedduu duulaa tahe jihaada irratti. Inni nama karaa Rabbii irraatti nama tokkoofillee hin quuxoyne. Nama dhugaa dubbatu hanguma feetellee yoo hadhooyte dhugaan sun. Inni nama yeroo duraatiif yahuudaa biyyoota arabaa keessaa baase xiqqaattuu haala taateen.

Koottaa ni jiraachifnaa lubbuuwwan teennaafi ruuhiiwwan teenna seenaa sahaabticha qeeransa kanaatiin.

Umar ilma Kaxxaab bara Arbaa “عام الفيل” irraa waggaa 13 turee Makkaan keessatti dhalate. Gosti isaa Adiyyi jedhamti. Nama qaama jabaatiifi goota namaati. Kan namni kaluu jiruufi fagoo jirullee isa sodaatu. Dandeetti dubbisuufi barreessuu nama dandahu. Zamana jaahiliyyaa /barrentumaa/ keessatti Ambasaaddara “سفير” qureeyishii tahee dalagaa ture. Yeroma san Rabbiin nabi Muhammadiin ﷺ ergee jennaan nabi Muhammadiifi ﷺ sahaabotatti diina guddaa tahee hedduu rakkisaa ture.

## Seenaa Islaamawuu Umar

Guyyaa tokko Ummu Abdallaah binti Abiheysamaa karaa biyya Habashaa osoo godaanssaaf deemaa jirtu, Umar ibnu Kaxxaab itti dhufee eessa akka deemaa jirtu gaafateen. “Lafa isin keessaatti nu darartan keessaa, gara lafa Rabbiin itti gabbaruu danddeenutti deemutti jira.” jetteeni deebifteef. Umaris Rabbiin isin waliin haa jiraatu jedheen. Akkuma isaan addaan baateen jaarsi isii Aamir itti dhufee jennaan akka Umariin agartte baqataaf ka’uu isaanii itti himtee jennaan dhiirsa isiitti Umaris gara laafiinsafi akka itti qalbii cabee isaaniif gadde ajaa’ibaa itti himte. jaarsi isii akkana jedhe.”Osoo harreen Kaxxaab islaamooyteellee Umar hin islaamayu.” jedhee yaada Umariif qabu ibse.

Gaafa tokko Umar farshoo dhuguuf gara mana farshoon itti gurguramtuu yoo gahu, warri farshoo gurguru hinjiran ture. Yaada isaa jijjiiree ka’abaa xawaafuf yoo deemu nabi Muhammadii ﷺ ka’abaa jalatti salaataa jiru arge. Carraa nabi Muhammadiin arguu kanatti gammadaa waan Muhammad jedhu dhokatee dhageeffatuuf murteeffate. Akka nabi Muhammad hin arginetti girdoo ka’aba jalatti dhokatee dhageeffachuu eegale.

Yeroma san mi’aan qur’aanaa onnee isaatti waa uume. Booda lubbuu isaatiin haasahu eegale. Qur’aanni kun walaloo tahuu shakke. Yeroma san nabi Muhammad ﷺ suuraa Al-Haaqqaa ayata qur’aanaa 40-4

﴿إِنَّهُۥ لَقَوۡلُ رَسُولٖ كَرِيمٖ ٤٠ وَمَا هُوَ بِقَوۡلِ شَاعِرٖۚ قَلِيلٗا مَّا تُؤۡمِنُونَ﴾ [الحاقة: ٤٠-٤١]

Qur’aanni kun jecha ergaa kabajamaati jecha walalootii miti.” jedhu qara’e.

Ammas Umariin qalbiin isaa qur’aanni kun jecha nama waa **raaguu** ta’uu shakite. Yeroo kanas nabi Muhammad ﷺ aayata itti aantu suuraa Al-haaqqa 42 “jecha **raagaa** hintaane.”

﴿وَلَا بِقَوۡلِ كَاهِنٖۚ قَلِيلٗا مَّا تَذَكَّرُونَ﴾ [الحاقة: ٤٢]

jedhu qara’e. Yeroo kana garuu akkana ufiin jedhe. Aanaa kiyyaafi gosa kiyyaa waliin nagahaan jiraachuu naa wayya moo, islaama tahee aanaa kiyyaafi gosa kiyyaan waliin diinoomuu naaf wayya jedhee tasgabbii dhabe.

Nabi Muhammadis ﷺ akkana jedhee du’aayii kadhate. “Yaa Rabbi Abi Jahli binu Hishaamii fi Umar binu Kaxxaab keessaa nama gara keetitti jaalatamaa taheen islaamummaa tana jabeessi.” jedhee kadhate.

Guyyaa tokko Umar nabi Muhammadiifi ﷺ sahaabaan isaa Gaara safaa jalatti walitti qabaman jechaa beekee seeyfii isaa luqifatee nabi Muhammad ﷺ ajjeesuu qaba jedhee bahe. Yeroma san namticha gosa banii Zuhraa irraa taheen walitti dhufe. Namtichi “eessa demta?.” jedhee isa gaafannaan Muhammad “ajjeesuu deema.” jedheen. “yoo ati isa ajjeefte gosti isaa banii Haashimif baniin Abdimanaaf si dhiiftii yaaddaa?.” Jedheen. Umaris dallanee “Atiin kunuu isa jala deemuu hin ooltu.” isaan jedhe. Namtichis “sila obboleettiin tee Faaximaafi jaarsi isiillee Seid binu Zeyd islaamawanii, jiranii yoo ajjeesuun kee hin oolle ofirraa eegalii.” jedheen.

Yeroma san gara mana Faaxumaatti qajeele. Yoo mana obboleetitti dhihaatu sagalee qur’aanaa namni mana keessaa qara’utti jiru dhagahe. Sagaleen dhagahes sahaabdicha Kabbaab jedhamu, obboleettii isaatiifi jaarsa isii qaraasisutti jira ture. Umar mana seennaan Kabbaab jalaa dhokate. “maali sagaleen ani dhagahe?.” jennaan obboleettiin “nuti homaa hin dhageenne.” jetteen: “isin lamaan islaama taatan jechaa dhaghee jira. Dubbiin kun dhugaadha jedheen?.” Battalumatti jaarsi Faxumaa akkana isaan jedhe “atuu



osoo islaamoytee, towbattee, waan ormi kee gabbaru kana dhiiftee.” jennaan Umar dhahaa jabduu dhahee lafatti kuffise. Faaxumaanis jaarsarraa dhoorguudhaaf kaatee jennaan: isis dhahee dhiiga fuularraan garagalche. Dhiiga isii argee heedduu rifatee garaa nyaatte.

Waraqaa qur’aanaa tan harkaa qabdu askenni jedheen. “Nicicirtaa sitti hin kennu!.” jennaan Umar hamtuu takkaanillee akka hin tuqne isiif kakate. Faaxumaaniis dallansuu isii irraa tasgabooftee “Ati najisaa ka’ii dhiqadhu.” jetteenn. Ka’ee dhiqatee xalayaa qur’aana kan suuraan **Xaahaa** itti barreeffame; haga Ayata 14tti qara’e.

﴿طه ﴿١﴾ مَآ أَنزَلۡنَا عَلَيۡكَ ٱلۡقُرۡءَانَ لِتَشۡقَىٰٓ ﴿٢﴾ إِلَّا تَذۡكِرَةٗ لِّمَن يَخۡشَىٰ ﴿٣﴾ تَنزِيلٗا مِّمَّنۡ خَلَقَ
ٱلۡأَرۡضَ وَٱلسَّمَٰوَٰتِ ٱلۡعُلَى ﴿٤﴾ ٱلرَّحۡمَٰنُ عَلَى ٱلۡعَرۡشِ ٱسۡتَوَىٰ ﴿٥﴾ لَهُۥ مَا فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَمَا فِي ٱلۡأَرۡضِ وَمَا
بَيۡنَهُمَا وَمَا تَحۡتَ ٱلثَّرَىٰ ﴿٦﴾ وَإِن تَجۡهَرۡ بِٱلۡقَوۡلِ فَإِنَّهُۥ يَعۡلَمُ ٱلسِّرَّ وَأَخۡفَى ﴿٧﴾ ٱللَّهُ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَۖ
لَهُ ٱلۡأَسۡمَآءُ ٱلۡحُسۡنَىٰ ﴿٨﴾ وَهَلۡ أَتَىٰكَ حَدِيثُ مُوسَىٰٓ ﴿٩﴾ إِذۡ رَءَا نَارٗا فَقَالَ لِأَهۡلِهِ ٱمۡكُثُوٓاْ إِنِّيٓ
ءَانَسۡتُ نَارٗا لَّعَلِّيٓ ءَاتِيكُم مِّنۡهَا بِقَبَسٍ أَوۡ أَجِدُ عَلَى ٱلنَّارِ هُدٗى ﴿١٠﴾ فَلَمَّآ أَتَىٰهَا نُودِيَ يَٰمُوسَىٰٓ ﴿١١﴾ إِنِّيٓ
أَنَا۠ رَبُّكَ فَٱخۡلَعۡ نَعۡلَيۡكَ إِنَّكَ بِٱلۡوَادِ ٱلۡمُقَدَّسِ طُوٗى ﴿١٢﴾ وَأَنَا ٱخۡتَرۡتُكَ فَٱسۡتَمِعۡ لِمَا يُوحَىٰٓ ﴿١٣﴾ إِنَّنِيٓ أَنَا
ٱللَّهُ لَآ إِلَٰهَ إِلَّآ أَنَا۠ فَٱعۡبُدۡنِي وَأَقِمِ ٱلصَّلَوٰةَ لِذِكۡرِيٓ﴾ [طه: ١-١٤]

“maalumatu qur’aana kana akkanatti tolchee isa kabaje?.” jennaan sahaabdichi duraan mana keessatti dhokate Kabbaab binu Arattii itti bahe “gammadi yaa Umar!.” isaan jedhe. “Ergamaan Rabbii kan du’aayii kadhatuu dhagahee: akkana jedhee; **‘Yaa Rabbi islaamummaa tana jabeessi. Umarii fi Abu Jahli irraa tokkoon’** jedhe. “Sunis ani

sitahuun kajeela.” yeroma san “gara Muhammad jiru na akeeki, dhaqee islaamaya.” jennaan akka gama mana Gaara Safaa san jiru itti hime.

Umar seeyfii isaa fannifatee dhaqee balabla itti dhadhahee: jennaan; sahaabdichi tokko qaawwaan laale. Umarii seyfii fannifatee dhaabbatu argee rifatee kara Rasuulaa ﷺ deebi’ee; “Umartu seyfii qabatee balbala dhaabbata.” jedheen.

Yeroma san Hamzaan binu Abdul Muxxalib “yaa Rasuula Rabbii ﷺ hayyamiif, yoo kan nagahaaf dhufu taate, isa kabajna: yoo inni hammeenyaaf dhufe immo seyfima isaatiin isa ajjeefna. Jennaan ergamaan Rabbii ﷺ hayyama isaaf godhe akka seenuuf.

Umar akka seeneen ergmaan Rabbi ﷺ mormoo isaa qabee hargufaa “maaltu sifide?.” jedheen “Rabbiif Rasuula ﷺ isaatti amanuuf dhufe.” jennaan eregamaan Rabbii ﷺ gammadee “Allahu Akbar!.” jedhe.muslimttnnis akka inni amanuu dhufe beekanii jennaan gammadan umaris achumatti islaamahee hojii eegale.

Umar yeroma san; “gadi baanee islaamummaa teenna haa mul’ifnunnuu jedhee sahaabota sarara lamatti qoode. Sarara tokkoffaa, ofii hogganee sarara lammaffaa Hamzaan hogganaa, haala saniin islaamummaa yeroo dheeraaf dhokatte ifatti baasan.

Mushriktoonni Makkaa humna jabeeffatuu islaamummaa



arginaan hedduu rifatanii gaddan. Keessaahuu islaamawuun Umariifi Hamzaa hamilee isaanii tan islaamuummaa bariin balleesina jedhanii dhaadataa turan hamilee cabsite.

Islaamummaan akkuma doqna arjoomsitu, luyna gootomsitu Umariinis Leenca islaamaaf bookkisu gootee isa jijjirte. Kan dur ergamaa Rabbii ajjeesuuf halkaniifi guyyaa hirriba dhabaa ture, amma isa tiiksuuf lubbuu, ijoolleefi dinagdee isaatiin kan akka utubaatti islaamaaf dhaabbatu ta’e. Gara jabummaan dur ummata islaamaatif qabu mi’aan qur’aanaafi dhugaan diin islaamaa onnee isaa wasaka kaafirummaa keessaa dhiqxe. Hamma Gaala dhukubsatu bira taa’ee imimmaan isaa jiksuti isa jijjiirte. Hamma uumamnii cufti Rabbiif akka bultu hawwu takka gahe. Onneen isaa iimaanaan daraarte.

## Godaansa /Hijraa\ Umar

Rabbiin Hijraa/godaanssa/ hayyama godhee sahaabonni hundi dhokatanii kara Madiinaa godaanan: Umariin male; Umar garuu guyyaa godaansaaf ka’e seyfii isaatiif eboo isaa qabatee ka’abaa yeroo torba irra xawaafee (naannawee) mushriktootaan akkana jedheen: namni Haati isaa isa haa dhabduu fedhe, takki “namni jaartiin isaa harmallaa haa taatuu fedhe kan ijoolleen isaa yatiima haataatuu fedhe, laga duubatti na haa eegu.” jedhee deeme. Hundi mushrikootaa sodaatanii dhiisan.

Godaansi isaa sodaa mushriktootaatiif hin taane, ajaja Rabbii guutuuf qofa malee. Ummanni Ansaaraa Umariif biyya qofa osoo hintaane, onnee isaaniillee bananiifii gammachuufii mirqaansaan isa simatan. Inni garuu waan jaalalleen isaa nabi Muhammad ﷺ irraa Makkatti hafeef gammachuu guddaa dhagahuu hindandeenne.

Yeroo muraasaan booda nabi Muhammadiifi ﷺ Abbaan Bakriitis kara Madiinaa godaanan. Sana booda Rasuullii ﷺ Abbaa Bakrii fi Umariin Waziira (ministeera) godhatee haala saniin islaamumma jabeessaa turan.

## Sadarkaa Umar nabii biratti qabu

Nabi Muhammad ﷺ dhugumatti kan jaalatuu tahe Umariin, kan faarsu ta'e yeroo dheeraaf. Sunis waan argeefi dhugaa dubbachuu isaa, iimaana isaa, bololuu isaa diinii kanaaf jecha. Akkasumas nabi Muhammad ﷺ akkana jechuun isa faarsaa ture. "Osoo nabiyyiin naboodaan kan jiraatu taatee silaa Umartu taha."

Akka Anas ilma Maalik irraa nuu odeeffametti 'Guyyaa tokko nabi Muhammad ﷺ Abbaa Bakrii, Umarii fi Usmaan wajjiin Gaara Uhudii gubbaa bahanii jennaan Gaarri sosso'een. Yoo kana nabin Rabbii ﷺ Gaara milaan gadi dhiitee dhaabbadhuu sigubbarra kan jiru Nabiyyii, Siddiiqii fi shahiidee lameen qofa. Shahideen lamaan sunis Umarii fi Usmaan turan'.



Ammas akka Abdellah ilma Umar irraa nuu odeefametti "Irra gara laafaan ummata kiyyaa, ummata kiyyaaf: Abbaa Bakriiti. Aksuma irra jabaan isaanii immo diin Rabbii keessatti Umari." jedhan nabiin Rabbii ﷺ.

## Jannataan Gamachiifamuu Umar

Abdurahmaan binu Oowuf irraa akka nuu odeefametti "Ab baanBakriillee,Umarillee,Usmaanillee,Aliyyillee,Talahaall een,Zubeeyrilleen, Abdurahmaanilleen, Sa'aad ilma Abbaa Waqqasillee, Sa'iid ilma Zeydiillee, Abu Ubeeydaa ilma Jarraahillee warra janataati." jedhe nabi Muhammad ﷺ Akka Anasii ilma Maalikii irraa nuu odeeffametti ergamaan Rabbii ﷺ jannata seenee Gamoo (qallaa) Ziqayyarra tolfame argee; gamoon kun kan eennuuti jedhee gaafatee jennaan kan dardarticha warra qureeyishii ta'uu itti himan. Yeroma san nabi Muhammad ﷺ of seehee dardartichi sun eennu jedhee gaafannaan Umar ibnu Kaxxaab jedhaniin. Hadiisa kana kan nuuf gabaasan Imaamu Tirmizi Ahmadiifi Ibnu Hibbaan akkasuma Sheekul Albaaniinis qulqulleessanii jiru. Jaalala Umariif qabu irraa kan ka'e nabin Rabbii ﷺ intala isaa Hafsaa tan jedhamtu irraa fuudhe. Maqaa isaas Abu Hafsi jedhee isa moggaase. Hikkaan isaa Abbaa Leencaa jechaadha.

## Duula Umar

Duula nabi Muhammad ﷺ duulan irraa Umar duula tokkos hafee hin beeku.

## Qur’aanaa fii Umar

Umar ibn Kaxxaab qur’aana suuraa Al-baqaraa waggaa 10ni /kudhani/ ol irra ture. Osoo yeroo gabaabdutti haffazuu dandahuu sababni, isaas aayata takka bira hinkutu, hujirra oolchuu malee. Yeroo qur’aana dhageeffatu hedduu booya.

Guyyaa tokko osoo yaabbiidhaan karaa deemu, gurbbaa tokko kan suuraatu Xuur aayata 7 - 8 gahutti qara’u dhagahe

﴿إِنَّ عَذَابَ رَبِّكَ لَوَٰقِعٌ ۝٧ مَّا لَهُۥ مِن دَافِعٍ﴾ [الطور: ٧–٨]

hikkaan isii ‘Azaabni Rabbii keetii argamaadha yaa nabi Muhammad namni Azaaba san deebisu hin jiru’. aayata kana dhagahee jennaan osoo booyuu, yaabbii isaa irraa kufee dhibamee ji’a tokko ciise.

**Guyyaa tokko Umar Waa sadihiin Rabbiin kiyya yaada koo na deggare jedhee dubate sunis;**

1. Osoo bakka dhabbannaa Ibraahim bakka salaataa godhannee an jennaan Rabbiin bakka san bakka salaataa godhadhaa jedhee aayata qur’aanaa buuse.

2. Waa’ee hijaabaa ani nabi Rabbiitiin ﷺ waliin mari’annan Rabbiin aayata hijaabaa buuse.

3. Dubartiin walitti qabamnaan hinaaffaa nabi Muhammad ﷺ irratti ani dubartoota saniin jedhe. Anii Rabbii kiyya ni kajeela yoo nabi Muhammad ﷺ isin gadii dhiise, Rabbiin akka dubartoota biraa tan isinirra caalttu taate isaaf laatu jedheen. Akkasumatti Rabbiin aayaata qur’aanaa kan waan ani jedhe deeggartu buuse.

Umar akkas haa jedhu malee aayata kudhanii shan ol kan ta’utuu argame qur’aana keessatti kan isa deeggaru.

## Sheyxaanni Umariin Baqachuu

Ilmi Namaa yoo akkaan Rabbi sodaachutti jabaate, Rabbiinis gabricha isaatif ulfinnaafii kabajaa nama sanii dabalee, nama biratti namni akka isa sodaatu godha. Kanaaf jecha nabiin Rabbii ﷺ akkana isaan jedhe. “mee naaf odeessi yaa ilma Kaxxaabii Rabbii lubbuun tiyya harka isaa keessa jirtuun kakadhee waa sinqunnamne, sheyxaanni karaa tokko keessaatti siqunnamee hoo; maqu malee hin taane karaa kee san irraa.”

## Taytaa Qabaachuu Umar binu Kaxxaab

Abbaan Bakrii dhibamee jennaan, Umariin bakka buusuudhaaf garii sahaabotaatiin mari’ate. Isaan keessaa sa’id binu Zeeydi, Useeydi binu Hudeeyri, Abdurahmaan binu Oowfi fii Usmaan ibnu Affaan hundi isaanii afaan tokkoon irratti walii galan.

Gidduma kana sahaabdichi tokko dhufee Abbaa Bakriitiin akkana isaan jedhe. “Yaa Abbaa Bakrii Rabbii keetitti maal himuu hedda, yoo sigaafate; Umariin kan nurratti filtuuf jabeenna isaa osoo gartu.” Abbaan Bakriis dhibeen

waan itti jabaateef “olqabaa nateessisaa.” jedhee “kanaan na sodaachiftanii? Rabbii kiyyaan ni jedha; irraa caalaa namaati file namarratti“.

Sana booda Umar angoo irratti bahee haala gaariin walqixxummaadhaan ummata islaamaa bara dheeraa bulche.

## Bulchiinsa Umar Ibnu Kaxxaab

Mootummaa isaa keessatti waraana cimaa qopheessee, biyyoota hedduu cabsee diinii islaamaa baballisaa ture. Biyyoota inni cabse keessaa; **Faarsi** /**Persia/** Iraaq, Shaam, Masrii, Ruumii fi biyyoota biroos cabsee mootummaa isaa jala oolche.

**Faaris (Persia)** waraanni muslimootaa bay’inni isaanii laakkofsaan 10,000 kan gahan hogannummaa Abu Ubeeydaa binu Mas’uud kan jedhamuun hogganamee, dulaaf karaa biyya Faaris bobba’e. Faarisis waraana hoggantoota jajjabaa lamaan **Jaabaani fii Mardaan** kan jedhamaniin muslimtootaan lolan. Muslimtoonni lola kana moo’atanii hoggantoota jaraas booji’uudhaan biyya jaraa cabsanii qabatan.

Yeroo booda ummanni Faarisii humna haarawaan walitti qabamee ummata muslimaatitti duuluudhaaf waraana cimaa qopheessan. Ummanni muslimaas dhagahee yeroma san ariitiidhaan Umaritti ergaa dabarse. Amiirri mu’imintootaa Umar waraana bakka hunda jiran akka kara Madiinaa dhufan ajaja dabarse. Waraanni hundi bakka jiruu dhufe. Amiirri mu’umintootaa waraana kana natu hogganuu qaba jedhe. Haa ta’u male ummanni muslimaa dura dhaabbatee akka inni hogganaa jabaa bakka buusee hafu godhan. Hogganaa cimaa naaf akeekaa jedhee gafatee jennaan namni hundi afaan tokkoon Sa’ad binu abii Waqqaas filate.





Sa’ad ibnu abii Waqqaas waraana hogganee kara Iraaq deeme. Waraana san keessa warri duula Badrii duulan namoota 99tu keessa jira. Warroonni beey’atul Redwaan ykn warroonni ahdii jaalalaa Rasuula ﷺ godhan namoota dhibba sadihiif kudhanii way. Namoonni 300 warrootaa Makkaan Rasuula ﷺ waliin cabse. Akkasuma waraanni 700 ilmaan sahaabotaatii fii waraana biroo kan san malee jiru qabatee, Iraaq naannoo Al-qaadisiyyaa jedhamutti waraanni lamaan wal qunnaman.

Duulli kun kan argame Hijraa irraa ganna 16 keessatti.

Waraanni Faaris 150,000 kan gahu hogganaa isaanii cimaa kan tahe Rustum kan jedhamuun hogganamee bakka Al-qaadisiyyaa jedhamutti waraanni lamaan lola walitti banan.

Waraanni Faaris hedduminna guddaa qabaatullee, Rabbiin tumsa ummaata muslimaatiif godhe. Waraanni muslimaa Faarisiin cabsee magaalaa Nahaawandii jedhamtu harkaa qabatan. San qofatti hin dhaabanne magaalaa akka Asbihaan, Azrabijaani fi Kurasaan tan jedhamtu cabsanii handhurfatan. Haala kanaan diinii islaamaa babal’isaa turan.

Akkasuma biyya Shaam hogganaan isaa Abu Ubeeydaa ilma Jarraahi jedhamuun cabsanii islaamummaa bal'isan. Kana qofaa miti biyya akka Masrii waraana hogganaan isaa Amribnul Aas jedhamuun cabsan.

## Bulchiinsa Umar Sodaa Rabbii Keessatti

**Haala jireenya ummataaf bakka bu'oota isaa waliin qabu**

Guyyaa tokko ajajaan ganda tokko umariin salaamuuf dhufee umarii ilma isaa dhungatu argee jennaan "Ati ilmaan tee ni dhungattaa?." Ani Rabbitti kakadhe takkaa ilma kiyya dhungadhee hinbeeku jedheen; Yeroma san "Umar namni ilmaan isaatiif rahmata hin goonee ummataaf raahmata hin godhu." jedhee taytaa irraa buuse.

Guyyaa takka mootiin Qeysar ergamaa isaa haala Umar akka laaluuf erge. Ergamaan mootichaa Madiinaa gahee, meeti mootiin keessan jedhee ummata gaafate. "Nuti mootii hin qabnu; ajajaa ykn Amiira malee.", erga jedhaniini gara inni jirutti akeekaniif. Yeroma kana Umarii harka isaa boraafatee oo'a aduu keessa cirracha lafaa irra rafu arge. Itti dhiyaate: "yaa Umar; walqixxummaa dalagdee, of amantee, nagaha argattee, akkanatti rafte! mootiin keenna immoo waan miidhaa namatti dalageef jecha, halkan hirriba dhabee qaaxiraa bula. Diiniin kee diinii dhugaa tahuu ragaa baha. Garuu ergaa dhufeef geessee, deebi'ee islaamaya." jedheenii deeme.



Galgala tokko Umar; gabricha isaa waliin utuu deemaa jiru, intaloo takka tan okkotee ibiddarra keettee, tan ijoolleen isii beelaaf qabbanarra moggaa isii teettee boottu argee itti gore. "Ijoolleen maaliif booyan?' jedhee gaafatee jennaan beelaaf qabbanatuu bochisa jettee deebifteef. "Haala keessan kana Umar quba qabaa?." jedhee gaafate. "Umar quba nu hin qabu. Mootummaa teenna mooyee nu irraanfate." jettee deebifteef. Yeroma san Umar rifatee gabricha isaa wajjiin deemee gara mana kuusa midhaanii ykn magaazinaa gulufe.

Umar harcee fii zeeytii gabrichi akka dugda isaa irra kaayu gaafannaan gabrichi immoo baadhachuun akkaa dirqama gabraa taate beekee baadhachuu fedhe. "Guyyaa qiyaamaa cubbuu tiyya situu narraa baataa?." jedheenii dide. Dugda isaa irratti baatee deemee nyaata dalageefii ijoollee nyachisee obaasee haadha ijoolleetiin; ganama Umariin biratti natti koottu, achitti nagartaa jedheenii biraa deeme.

Borumtaa ganama deemttee argitee akka inni Umariin ta'e beeytee rifatte. "Hin rifatin." jedheenii isiifii ilmaan isiitiif mindaa ji'aa godheef, mana dinagdee muslimootaa irraa.

Eega Umar du'e sahaabdichi maqaan isaa Usmaan binu Abii Aas jedhamu; jaartii Umar fuudhe. Maaliif akka fuudhe gaafatanii jennaan Rabbii kiyyatti kakaadhee kajeellaa dinagdeeti fii ilmaaniitiif isii hin fuune. Akkaataa Umar galgala ibaadaa itti godhu natti haa himtuuf malee jedhee deebiseef.

Guyyaa tokko Umar salaata Jum'aa kuxbaa irraa ture. Yeroon booda dhufee ummata dhiifama gaafatee, waan isa mudate akkana jedhee himeef: "ani uffata tokko malee hin qabu najalaa baqaqee (tarsa'ee) jennaan niitiin (jaartiin) tiyya hanga isiin naaf hodhituu eeguuf ture." jedhee rakkoo isaa himeefii na hofolchaa jedheen.

Akkasuma biyya Shaamii dhaqee nyaata takkaa inni hin nyaatin dalaganii dhiyeessaniifii jennaan, heeddu erga dinqisiifatee booda akkana isaaniin jedhe "mee yoo nuti kana sooranne, dhaboon muslimtootaa hoo; warroonni buddeena gogaa nyaatanii hin quufin hoo maaliin jiraatan?." jedhe.

Guyyaa tokko magaalaa dhaqee Gaala gabbataa tokko argee "Gaalli kun kan eennuuti?." jedhee gaafate. Ilmi isaa Abdallah kan jedhamu "kiyya anatu warroota Gaala tiksanitti kennadhee akkanatti naaf gabbatee deebi'ee." jedheen. "Kan ilma Amiira mu'mintootaati jedhanii kan namaatiin adda baasanii siif gabisanii mitii?." jedhee: Gaala gurguree qarshii jalqaba inni ittiin bite deebiseefii, bu'aa argame kara mana tajaajila dinagdee muslimootaatitti deebise.

Waan raajii namatti tahu guyyaa tokko; guyyaa hoo'ii isaa akkaan jabaatu, keessummaan biyya Iraaqi irraa itti dhufte. Yeroo kana Umar Gaalota sadaqaa wajjiin cinqamutti jira. Kessumoota keessaa; namni tokko akkana isaan jedhe. "Yaa Amiira mu'mintootaa; hanga ofii Gaala




kanaan waliin cinqamtuu, maaliif nama gabraa kan tiysu itti hinbarbaanne." isaan jedhee jennaan: "ana caalaa nama gabraattu jiraa? akka gabri sayyida isaatiif gabraa, ani cufa muslimtootaatiif gabra." jedhee deebiseef.

Gaafa tokko halkan ummata too'atuuf osoo ganda keessa deemuu, haadhaafi intala kan wal morman dhagahe. Haati mucattiin "yaa intala tiyya bishaan aannanitti areeri (makii) gabaa geessi." jetteen. Intallis akkana jettee haadha isiitiif deebifte. "Lakki! Bishaaniif aannan walitti makuu Umar dhoorgee jira." jettee deebifteef. Haati intalaa ammas deebiftee; "Umar waa nu argaamii, walitti maki (areeri)." jetteen. "Yoo Umar nun argin, Rabbiin Umar nun arguu?." jettee intalli haadha cubbuu irraa deebifte. Yeroma san Umar dubbii intalaa dhagahee, kara ilma isaa Aasim jedhamu deemee intala san akka fuudhu ajaje. Aasim intala san fuudhee intala maqaan isii Leylaa jedhamttu irraa argatte.

Intala Aasim argate tana, Abdul Aziiz binu Marwaan kan jedhamu fuudhee ilma maqaan isaa Umar jedhamu argate. Umariin kunis kan kaliifaa 5[faa] Umar Abdul Aziiz kan jedhamu bara bulchiinssaa isaa keessatti dinagdeen heddummaattee yookiin baay'attee, qananii irraa namni sadaqaa fudhatu dhabameedha.

Guyyaa tokko Umar ibnu Kaxxaab sahaabota isaa walitti qabee "mee hawwiin keessan maali?." jedhee gafate. Osoo addunyaan tun Ziqiyaan guuttamtee, eegasanii sadaqanne

hawwii keenna jedhaniin. Booda “mee ati hoo maal hawwita?.” jedhanii gaafatan. “Ani osoo dhirran akka Abu Ubeeydaa binu Jarrah, Mu’aaz binu Jabal, Saalim Mowlaa abii Huzeeyfaa, Huzeeyfaa binu Yamaan kan akka isaanii lafa guttee hawwaa.” jedhee deebiseef.

## Du’a Umar ibnu Kaxxaab

Umar mootummaan isaa eega babal’atte, magaalota harawa hedduu ijaare. Fkn; Kuufaa, Basraa, Fusxaax fa’a. Warroota magaalota bulchan namoota gaggaarii kan Qur’aana, Hadiisa, sunnaa ykn karaa Rasuulaa ﷺ beekan angoof dirqama ta’uu beeksisee magaalota hundarratti bulchaa godhee muude.

Halkan tokko abjuun Umar kan Lukkuun al lama afaan isaatiin isaa kontooru (waraanu) argee, ganamuma san namootaaf hime. Araba biratti Lukkuun alagaadha. Sababa kanaaf nama Araba hin tahintu na ajjeesa jedhee hiikkate. “Ani wareegama (shahiidummaa) argadha jedhee dubbate.

Sababa biyyoonni islaamaa hundi babaladhatteef waraanni muslimtootaa heddummaatee, biyyoota hedduu qabatanii diin islaamaa babali’saniif jecha waanyoon kaafirtootaatif munaafiqtootaa hedduu jabaachaa dhufe.

Yeroma kana kaafirtootaafi munaafiqtoonni lafti itti dhiphattee hedduu yaaddawan. Dhiphinna isaaniitifis; falli amiira mu’imintootaa Umariin ajjeesuu qofa akka ta’e wal





mari’atan. Keessaahuu; kan akka Hurmuzaan dhalataa biyya Faaris kan tahe, Jufeeynaa kan amantiin Nasaaraa ta’e, fii Abuu Lu’luu’aa kan amantiin isaa Majuusaa ta’e Umariin ajjeesuf murteeffatan.

Guyyaa tokko salaata subhii irratti amiira mu’mintootaa Umariin ajjeesuuf Abuu Lu’luu’aan akka isaaf tolutti mijjeefatee tarree salaataa kan duraa keessa dhaabbatee eegeen. Amiiri mu’mintootaas Umar akkuma durii imaamummaaf duratti bahe. Yeroma Umar salaatatti seene garaa isaa keessa al-tokko waraanee, baqatiinsaaf of duubaa gargalee namoota jihaa isaa dubaan dhaabbatan, ufjalaa waraanaa gadi bahe. Namoota isaan waranaman keessaa 7 ni du’aan 6 ni madaawan. Dhumarratti namtichi tokko ufata fularratti darbee jennaan Abu Lu’lu’aan lafa dhahee bakka jigetti ufuma uf waraanee uf ajjeese. Umar ummataan salaatuu dadhabuu isaa agarraan harka Abdurahmaan binu Oowfii qabee akka ummata salaachisuuf duratti harkisee dabarse. Umariin baatanii kara mana isaa geessan. Umar gara manaa erga galaniini booda gagbbii irraa akka bayfateen ummanni salaatee jedhee gaafate. Akka salaatan sahaabonni itti himnaan “namni salaata dhiise islaamummaa keessaa qooda hin qabu.” jedhee osoo dhiigni irraa jiguu udu’a godhee salaate.

Booda warroota koree marii 6 haan Usmaan binu Affaan, Aliyyii binu Abiixaalib, Abdurahmaan binu Oowfi,

Zubeeyri binu Awwaam, Xalahaa binu Ubeeydullah, Sa'aad binu Abii Waqqaas, erga yaamsisee dhufanii booda kitaaba Rabbii qabadhaa jedhee dhaameef.

Umar jannata qofatti osoo hin taan awwaalcha qabriitinis oollaa Rasuulaatiif Abbaa Bakrii ta'uu waan hawwaa tureef awwaala isaatiif Aa'ishaa hayyama gaafate. Aa'ishaan hayyamteefii jennaan gamachuu irraa kan ka'e akka nama hin dhukubsatiniititti humni isaa jabaatte "murttiin Rabbii ta'ee jira." jedhe Rabbiin galatoomfate.

Akkuma hawwii isaa ji'a Muharram hijraa irraa ganna 24 ttii du'ee ganama guyyaa Dilbataa ollaa nabitiifi Abbaa Bakriititti awwaalame.

Inni aduunyaa haqa dalaguufi qajeellumaann guute, gara laafinsaafi haala rifataa taheen hala kanaan adunyaa kanarraa godaane.

Amiira mu'mintootaa Umariin eenyummaa isaa ibsuuf jechi nutti xiqqaata. Hundumaafu galata inni ummata islaamaatiif oole Rabbiin jannatatti isaa haa kafalu.



# "3" USMAAN BINU AFFAAN

Bara mootiin sanyii Habashaa kan biyya yaman bulchaa ture. Duula ka'abaa diiguuf Arba fe'atee dhufe. Ergamaan Rabbii nabi Muhammad ﷺ dhalatanii, Usmaan isaaniin booda ykn bara Arbaa booda ganna jaha turee dhalate.

Usmaan haala gaarii irratti guddate. Takkaa siidaa dhaa ykn taabotaa sujuudee, gadi godhate (fogodee) hin beeku. Farshoo ykn dhugaati sammu hadochu takkaayyuu afaanin hin qabne.

Zamana jaahilummaa keessatti tapha shabaabaa ta hamtuu ykn gadii aantuu taate tamuu hin taphanne. Zulmii ykn hamtuu namarratti hin raawwanne. tolaa fi amala gaarummaan qabaachuun isaa kun dardara Qureeyshii beekkamaa fi jaalatamaa isa taasise. Ummata kessatti gaarummaan maqaan isaa yaamamaa ture.

Usmaan maatii gaarii keessaa dhalate. Gosa isaa keessatti, dinagdee fi arjoomaan waan maqaa qabuuf, dhugaa dubbachuun, haqa namaa eeguun, baallama kabajuun, ummata Qureeyishii biratti beekkamaa ta'e.

Bara san keessatti beekkumtii fi jaalala isaa irraa kan ka'e

haati ijoolle yeroo taphsiistu, maqaa isaatin akka armaan gadii jedhuun ijoollee weeddisaa taphsiisu.

Sin jaaladha - kakadhee Rahmaanittu.

jalala Qureeshiin -Usmaanin jaalattu.

Karaa dandeetti barumsaatin Usmaan akka dansaa dubbisuu fi barreessu nama danda'uu dha. Hojitti immoo daldalaa dureessa fi maqaa qabeessa. Sababa inni haqa namaa eeguu fi dhugaa dubbaturraa kan ka'e, warri bittaaf bahe ummata Qureeyshii kan biraa caalaa, isaan maamilummaa filatu. Haalli kun immoo Usmaaniin hojii daldalaa keessatti bu'aa qabeessummaa isa goonfachiise. Duroomuu isaa irraa kan ka'es fakkeenya dureessota Qureeyshii warra ta'an waliin hiriiree lakkaawame.

## Islaamahuu Usmaan Binu Affaan

Usmaan nama waa xinxalluun isaa akkaan fagoo taatee dha. Sababaa kanarraa kan ka'e ummaanni Makkaa siidaa ykn taabota gabbaruun isaa wallalummaa dukkana jimjim akka ta'e durimaa kaasee beeka. Kanaaf dukkana taabotaa gabbaruu irraa akka ummanni gara ifa iimaanatti fuula garagalfatu hawwaa ture.

Jidduma kana Abbaa Bakriitiin waahela waan taheef, Akkasuma haalli jara lamaanituu kan nabi Muhammadin ﷺ wal fakkaataa waan tureef nabi Muhammad ﷺ waliinis dhihooma qabuu ture. Haaluma kanaan osoo waliin jiranuu, Rabbis nabi Muhammadiin ﷺ Rasuulummaaf isaan filate.



Usmaan Intala nabi Muhammad ﷺ Ruqiyyaa fuudhuf osoo inni yaadutti jiruu, wanni hawwii isaa dukkanessitu fi qalbii cabsitee isa seenessitu umamte. Ruqiyyaan inni waliin bultii ijaarachuuf hawwaa ture,ilma abbeeraa Rasuulaa ﷺ kan maqaan isaa Utbaa abii Lahab jedhameef akka kaadhimamte dhagahee.

Usmaan intala namummaa gaarii qabdu, tan warra gaarii irraa dhalatteen wal jala darbuun isaa, hedduu itti dhagahame. Nabi Muhammadi ﷺ akkaan haala miidhaga qabus walitti dhiheenya qaban gara firummatti jijjiiruuf yaadaa waan tureef mul'anni isaa abjuu qofa ta'ee itti golgolawe.

Osoo inni hin yaadin; halli kun uumamuun Usmaanin yaadaan boqonnaa isaarra fuudhee, haala isaa tasgabbeessu fi gadda itti dhagahame cabsachuuf gara maatii isaatti deebi'e.

Usmaan osoo maatii isaa waliin Jiraatutti jiruu, haboon (adaadaan) isaa Su'uudaa intalli Kureeyzii tan jedhamtu mana ol seentee. Su'uudaan intalli Kureeyzi manguddo aqlii qabduu waan turteef haala Usmaan keessa jiru argitee hasofsiisuni, yaaddoo isaa irraa isa boharsuu eegalte. Keessumaahu." nabiyyii siidaa (taabota) ummanni keenya

wallalummaaf gabbaru irraa karaa maqsee Rabbi tokko gabbaraa jedhu, kan siidaa (taabota) caccabsee diigutu dhufe jetteen atis waahila nabiyyicha kanaa taata, Hintala isaas fuuta." jettee ka himteef, sammuu dur yaadaan weeraramee. Dubbii haboo isaa dhageennan, abdii godhatee ganamaf galgala sammu isaa keessa deddebisuu eegale.

Waanni haboon (Adaadaan) isaa itti himte kun mul'atas ta'u heddu isa gammachiise. Eega sanii kaasee mul'ata ykn oduu haboon (adaaddaan) isaa: isaaf himte kana sammuu kessa of deddebisaa ooluun hojii isaa kan halkanii guyyaa ta'e. Mul'ata ykn oduu haboon isaa himteef kanas sammuu isaa kessatti qabatee cal'isuu hin dandeenne. Gara Hiriyyaa takkahu jaalalle isaatti deebi'un /deemuun/ waan haboon isaa itti himte guutu taphsiiseen.

Abbaan Bakriis waan haboon isaa itti himte kana erga dhagahee booda, "Haboon tee dhugaa jette." jedheeni akka Nabiyyiin ergame itti hime. Usmaan waan nabi Muhammad ﷺ ergamuun isaa yeroo san kaluu ta'ee hin dhagahinif.

Nabi Muhammadinis ﷺ ta'uu itti himee akkana jedheen "yaa Usmaan haqni sirratti hin dhokatu." Ummata keenya dukkana inni keessa jiru hin beekta. Osomaa ummanni keenya akkanatti jiruu Nabi Muhammad ﷺ Nabiyyumman dhufee." jedhaanii gara islaamummatti isa yaamuu eegale.

Usmaanis erga dhugoomse booda gara Nabi Muhammad



ﷺ na geesitaa jedheen. Abbaan Bakriis fuudheeni nabi Muhammadiin ﷺ biraan gahe, Rasuullis Usmaanin." yaa Usmaan awwaadhu yaamicha Rabbii." jedheen. Innis Nabi Muhammadiin bira gahe islaamummmaf ragaa ykn shahadaa qabate. Isaaf Abbaan Bakris warra dursa islamawan keessa turan.

## Usmaan Ruqiyyaa Fuudhuu

Nabi Muhammaditti ﷺ wahyin bu'uu osoo hin eegalin dura Ruqiyyaan intalli Nabi Muhammad ﷺ ilma Abii lahab kan maqaan isaa Utbaa jedhamuuf kadhimamtee turte. Booda Nabi Muhammad ﷺ ergamee jennaan Abii Lahab abbeeraan Rasuulaa ﷺ diina ta'uun nama isa hordofan irraa gorsuu eegale. Niitin isaa Ummu Jamiil immoo qoree karaa Rasuulli ﷺ deemurratti guuruun dararaa turte.

Rabbiin hojii isaan lameenii kana balaalefachuun, suuraa Masad buuse. Abii Lahabii fi niitiin isaa duruu durii ka kana argatani itti jabaachuun Rasuula ﷺ taa'a deemsa dhorkuuf maatii isaa waliin mari'atee, Akka ilmaan isaa ilmaan Nabi Muhammad ﷺ dur kadhimatan gadi dhiisan irratti walii galan. Sababa kanaaf Utbaan gorsa haadha fi abba isaatin Ruqiyyaa kaadhimumma isaa jalaa baase.

Usmaan akkuma ilmi Abii lahab Utbaan, Ruqiyyaa gadi dhiisee dhagaheen gammachuu irraa kan ka'e barrisuu gahe. Yeroma san gara Nabi Muhammad ﷺ deemee akka

Ruqiyyaa kaadhimaniif gaafate. Nabi Muhammadis ﷺ eyyamaniifi fuudhe.

Usmaani fi Ruqiyyaan miidhaginni isaani kan fuulaa akka urjii halkan dukkana keessa wal faana iftuuti. Amalli isaan lameeniitu akkuma dachiti baay'ee tokko haala gaarii, hedduu miidhaga fi wal fakkataa ta'e qabu turan.

## Obsa Usmaan

Usmaan dargageeyyi Makkaa kessatti nama maqaa qabeessa fi akkaan jaalatamaa sababa tureef, Yeroo inni islaamawe dhagahan warri Makkaa hedduu rifatan. Akka dargaggoonni isaani miila Usmaan hinhordefneef wantti hindalagin hinjiru. Sababa islaamawu isaa dura fakkeeny dargaggoota Makkaa waan tureef.

Ummanni Makkaa kan kaafira turan akka Usmaan amanti islaamaa irraa garagalu isa balaaleffachuu, jibbuu, fi dararuu eegalan. Keessumattu Abeeraan isaa ka Haakim Binu Abil Aas jedhamu isa hidhuun nyaataa fi dhugaati malee darare.

Usmaan dararaan kun qaama isaa laaffisuu, Qalbiin isaa kan durirrayyu akka Rabbiif bultu isa taasise. Adabbii kanaan isa dadhabee jennaan, Reebichaan eegaleen, kanattis dadhabnaan qaama isaa guutuu saaleniin maree ibidda itti qabsiisee hanga aarri isii usmaanii ukkaamsee ajjeesu gahutti gube. Garuu Usmaan ifa argee dukkanatti deebi'e



keessa taa'uu irra jedhee du'a filate. Booda Abbeeraan isaa hamma humni isaa danda'e agabsuu, reebuu, aaran dararuu Usmaan ka dur irra Rabbiin galatomfatutti jabaate.

Usmaaniin islaamummaa irraa deebisuu dadhabnaan hidhaa irraa gadidhiisan.

## Godaansa Biyya Habashaa

Usmaanin sababaa islaamummaa irraa kan ka'e, ummanni Qureeyshii balaaleffannaa, jibbaa fi dararaa irraan gahaa turan itti hammessan. Halli kun sahaabota hundarrattu waan jabaatef Nabi Muhammad ﷺ akka gara biyya habashaatti baqatan eyyama kennaniif.

Biyyi Habashaa yeroo sanitti mooticha Najjaashi jedhamuun bulaa turte. Najjaashii bulchiinsi isaa kan nageenya waan tureef, Biyyi Habashaa yeroo sanitti mirga ilma namaa hin kabajji ture. Sababaa kanaaf baqatiinsi Islaama kan jalqaba gara biyya Habashaa ta'ee, Usmaani fi Ruqiyyaanis osoo hin jaalatin biyya isaanii kan dhaloota fi ummata isaani gatanii gara Habashaa godaanuuf murteeffatan. Murteen isaanii kun garuu dirqama lubbu fi islaamummaa itti ta'eeti malee, Abbaa Ruqiyyaa Nabi Muhammadin ﷺ eentu dhiisee biraa deemu fedha?

Nabi Muhammadifis ﷺ gara jabumma yoom ture? Ilma isaa tan shamaraa godaansaaf geggessuun, Usmaanin sahaaba isaanii kan akkaan jaalatamaa fi arjoomaa isaanii ta'e hoo?

Haati mu'imintootaas Kadiijaan intala isii Ruqiyyaa geegessitee yoom jaalatteti imimmaan gadi lakkifte boohuu?

Wareegamummaan kun cufti islaamummaaf ture malee Waan hunda isaanii gatanii Rabbii fi ifa islaamaa filatanii biyyaa habashaatti baqatan.

Godaansi Usmaani fi Ruqiyyaa seenaa godaansa islaamaa keessatti erga Nabi Luuxiitii warra jalqabaa, kan Abbaan warraa fi haati manaa waliin godaanan ta'an. Miila malee garaan biyya ofiitii hin bayu akkuma jedhamu, Usmaanis oduu "Ummanni Makkaa islaamaye Nabi Muhammad ﷺ waliin salaatu eegalee." ka jedhan, akka dhagahen ka'ee gammachuun gara biyyaa isaa Ruqiyyaa waliin deebi'e. Garuu yoo inni Makka gahu oduun dhagahanii dhufan holola sobaa waan tureeef gammachuun isaanii gaddatti garagale. Ummanni Makkaas dararaan jara simatuu eegalan. Kun kanaan osoo jiruu haati mu'imintootaa Kadiijaan du'uun immoo qalbii isaani tan dararaan duriyyu cabuuf kaate akka malee gaddaan cabse. Booda garuu Rabbiin caba isaani kana fayyisuuf Ruqiyyaan ilma dhiiraa kan Nabi Muhammad ﷺ Abdallah jedhanii maqaa moggasaniif deesse.

## Godaansa Madiinaa

Reebicha lafee hin cabsine dirra itti jijjiiratu akkuma jedhan, Garaa jabummaan Qureeyshii muslimatti hammaannaan, gidiraa jalaa gara itti nagaa ta'anitti akka muslimni godaanu



Rasuulli Rabbi ﷺ eyyama godhan, booda akkuma muslima Makkaa kamuu Usmaani fi Ruqiyyaanis wal qabatanii godaansa lammaffa immoo Madiinatti godhan.

Yeroo muraasa booda Nabi Muhammadis ﷺ Madiinatti godaanani jennaan lubbuun isaanii yaadddo irraa boqattee jiraachu eegalan.

## Lola Badrii

Ruqiyyaan dhukkubsattee osoo jirtuu ilmi isii Abdallahin du'uun, dhibee isiitti dhibee dabalee ka durii irra hammaatte, kun kanaan osoo jiruu yaamichi lolaaf lallabamu baanaan, sahabonni akkuma ajaja kana dhagahaniin yaa'u eegallan. Usmaanis galaa isaa kurfeeffatee duulaaf qophaa'e. Usmaan hangamuu duulaaf dharraa'u Rasuulli [saw] akka inni qa'eetti hafee Ruqiyyaa kunuunsu ykn dhibamsiisu ajajaniin.

Sahaabonni hinjifannoon milkaa'ani yoo gara qa'ee Rabbiin galatomfat gammachuun deebi'an, Ruqiyyaan Ardii addunya kana irraa du'aan boqatte jirti. Madiinaan gadda uffattee qorritee isaan eegde. Sahaabonnis akkuma madiinaa gahaniin du'a isii dhagahaniin, gammachuun isaanii akkuma fixeensa ganamaa osoo hin turin goggogde.

## Usmaani fi Ummu-kulsuum

Du'a Ruqiyyaatiin turiinsa muraasa booda, Umar Binu-Kaxxaab Usamaanitti dhaquun hintala isaa ta jaarssi

irraa du'uudhaan harmaloofte akka irraa fuudhu gaafii dhiheesseef. Usmaan garuu gaafi umar kanaaf itti yaada jedhee lola maleetti nagahaan geegesse. Akka usmaan fedhi fuudha hintala isaa hin qabne barraan Umer gara Nabi Muhammad ﷺ deemuun, Usmaan intala isaa Hafsaa akka itti dide Rasuulatti ﷺ himate. Rasuullis ﷺ himannaa isaa kana akkuma dhagahaniin itti seeqatanii, "Intala tee nama Usmaaniin caaluttu fuudha, Akkasuma Usmaan immoo intala Hafsaa caaltu fuudha." jedhaniin. Akkuma jecha isaani Rasuulli ﷺ intala Omar fuudhun, Usmaan immoo intala Rasuula ﷺ Ummu kulsumiin fuudhe.

Usmaan sababa ilmaan Rasuulaa ﷺ Ruqiyyaa fi Ummu kulsumin fuudheef maqaan Zinnureeyni jedhamee mogga'eef. Zinnuureyni jechuunis Sahiba ifa lameeni jechuu dha.

Usmaani fi ummu kulsuum karaa rabbi irratti walitti hidhatan, jaalalaf gammachuun bu'aa bahi imala jireenyaa waliin eegalani, osoo dadhabe si hifadhe tokko tokkoon hin jedhiin, Guyyaan isaan dirqiin addaan kuttu akkuma tan ilma namaa kamirrayyu hin hafne, Ummu kulsuumin yaamtee, addunyaa kanarra Ummu kulsuum akka lakkofsa hijraa waggaa sagalitti du'aan isaan addaan baate. Addunyaa kanarraa boqatte.

Usmaan jiruun kophumma tan inni Ummu kulsuumitti irraanfate, itti deebitee gadda waliin taate yaada fi gaddaan weerarte. Rasuulli ﷺ jaalala namooma isaatif qabanii fi



gaddi isaa isaan quuqeeni, "Osoo hintala sadaffa ta hin kaadhimiin osoo qabaadhe hin kaadhimaaf." jedhani seenaa isaanii dubbiin ibsanii turan.

## Duula Usmaan

Usmaan duula badrii malee lola Rasuulli ﷺ irratti hirmaatan cufa duulee, karaa arjummaa diinagdeenis qoodaa adda ta'e galmeessun goota islaamaa maqa qabeessa ta'ee jira.

## Arjummaa Usmaan

Dhugumaan dirree arjummaa kessatti akka muka gogee baala hunda lafatti harcaafatutti, Innis qabeenya isaa karaa Rabbii irratti harcaafate.

Muslimoonni Madiinatti baqannaan, Hedduminni ummataa dabalee bishaan barbaachisuu fi boolli bishaani kan ummanni Ansaaraa dur qabu wal maduula hin dandeenye. Haalli kun immoo bishaan qaalesse akka bittaan bishaani eegalamu uumee jira. Bittaan bishaani kun ummata hiyyessa daran jiruu itti hadheesse. Osoo bishaan jiruu ilma namaatif bu'uura ta'ee jiruu hanqinna mallaqaaf qofa namni dhumutti dhihaate. Haalli kun akkuma Nabi Muhamadiin ﷺ bira gaheen, Iddoo sahaabonni walitti qabamanitti, Eennu mee, namni eela bishaanii kan namticha yahuudaa ummatatti bishaan gurguru irraa gatii qaalin Rabbiif jecha bitee, Rabbi biratti jannata badhaafamu." jedhee gaafate?

Usmaan gara namtichaa yahuudaa deemun akka eela itti gurguru gaafate. Namtichi garuu akka dabaree dabaree guyyaa tokko tokkootin waraabachu danda'anitti malee akka itti hin gurgurre itti hime. Filmaatni biraa waan hin jirreef yaada namticha yahuudatin walii galuun, Qarshii yeroo sanii kuma kudha lamaan bite.

Ummanni Madiina yeroo dabaree usmaan waraabachuun manatti kuufataa guyya dabaree yahuudichaa immoo ofirra dabarsuu eegalaan yahudtichis Usmaanin bira dhaqee gutuman gututti akka irraa bitu gaafate. Yeroo kana Usmaanis kuma saddeet kenneefii tajaajila ummata muslimaatif oolche.

## Dhiphinna Masgidaa Bal'isu

Ummaanni muslimaa daran daballaan Madiinaa keessatti, waqti salaata shananiittu masgiinni dhiphachuu eegale. Masgiida kana bal'isuuf Rasuullis ﷺ waamicha sahabdotaa godhan. Usmaan yaamicha isaani kana akkuma dhagaheen lafa masjiida dura jirtu kuma digdamaan bituun, akka masjiinni bal'ifamuf gumaache.

## Qophii Duula Tabuukii Fi Arjooma Usmaan

Duulla tabuuk keessatti Abbaan Bakrii qabeenya isaa guutuu osoo waa tokko manatti hin hanbisin kennate. Umaris walakka qabeenya isaa kennatee. Duula Kana kessaatti sahabonni hanqinna geejjibaa fi galaa waan qabaniif, Usmaan



dabaree sadii Gaala dhibbaa sinqii waliin kennate. walumaa galatti Gaala dhibba sadihi sinqii waliiniifii dirhaama kum tokko arjoome.

Yeroo kana Nabi Muhammad ﷺ ajabbiin “Usmaan ammaa booda osoo; hamtuu fedhe dalage waa isa hin miitu.” jedhan ittiaansuunis. “Yaa Rabbi an arjooma usmaan kana jaaladhe atis irraa jaaladhu.” jedhanii gammachuun Rabbi kadhataniif.

## Hajjii Dhaamannaa Arjooma Usmaani

Hajjii dhaamanna booda Rasuulli ﷺ waraana gosa adda addatti erguuf qopheessan. Gaafa kanas Usmaan; Gaala dhibbaa fi afurtamii sagal (149) fe'a waliini fi farda jahatama (60) arjoome. Haata'u malee Rasuulatti ﷺ dhibeen hammatte jennaan du'aan boqatan. Erga du'a isaani booda bara bulchiinsa kaliifaa Abaa Bakarii keessa waraanni sun duule.

## Beelahaa Madiinaa Nyaachisu Usmaan

Bulchiinsa Abbaa Bakrii keessatti hongeen (Barri Abaar) Madiinatti buutee, ummanni beelaaf saaxilamnaan, Abbaan Bakrii cinqaa ummataa kana tasgabbessuf Rabbii isaa abdachuun akkana jedhe “yoo kan Rabbiin fedhuu, boru akka bariitetti isnitti hin dhiitu; kan Rabbi isinii bal'isu taatu malee.” jedhe. Abdatiinsa isaa kanas Rabbiin Usmaanin sababa gochuuf, daldaltoonni Usmaan osoo

ummanni Madiina agabuu cinqatti jiru, nyaata qabatanii biyya biroo irraa dhufan. Sooreyyiin kana arganis Usmaanin dachaan irraa bituuf gaafatan. Hin dide, al lamaa sadii itti deebi'anii kadhatanu usmaan garuu hin dideen, dhumarra garuu dachaa shaniin akka itti gurguru gaafataniin, yeroo kanas hin dide. Gatii kanaa ol argadhee gurguradhee jira jedheen Usmaan. Booda sooreyyiin kunninis aaranii biyya arabaatti namni gatii kanaa oliin sirra bitu hin jiru jedhanii itti of tuuluu eegala. "Innis isintu isa hin beekne malee hin jira." jedheen. Eennun akka ta'e baruuf cinqamanii gaafin isa sardan. Yoo kana Usmaan akka Rabbii dachaa kudhaniin namaa kafalu tahe itti hime warra beelahaa Madiinaa irraatti Rabbiif jecha sadaqadhe jedheen.

## Gabra Bilisoomsu Usmaan Guyyaa Jimaataa

Usmaan tola diinagdee kennatu qofatti arjoomni isaakan gabaabbatee miti. Guyyaa jimataa cufa ilma namaakan gabroomfamee gurguramu irra deeme gatii olka'aata'ee gabu'aa ta'e bitee bilisoomsu ta'e.

## Qaanyii ykn Saalfatiinsa Usmaan

Nabi Muhammad ﷺ irra qaanfataan umata kiyyaa Usmaani, jedhan irraa dubbatan. Qaanyii isaa irraa kan ka'e.

A'ishaan Oduu nuuf dabarsite keessatti 'Rasuulli ﷺ gudeeda isaa irraa uffanni saaqamtee osoo taa'u; Abubakar dhufee ol seenuf balbala dhadhahe eyyamsiifate ol seene.



Booda Umaris dhufee haaluma Abbaabakrii saniin ol seene. Dhumarra Usmaan dhufee ol seenuf balbala dhadhahe. Yeroo akka isa ta'e beekan Rasuulli ﷺ gudeeda isaanitti uffata gadi dachaasanii akka seenu eyyamanii fi seene. Erga jarri cuftuu bahanii, A'ishaan haala ta'e kana waan qalbiftee turteef; yeroo Abbaan Bakrii fi Umar dhufan kan gudeeda keetitti gad hinrariin yeroo Usmaan dhufe maaliif akka gadi rarate gaafatte. "Nama malaa'ikaan irraa qaanfattu akkamitti an irraa qaanfachuu dhaba." jedhanii deebisaniif'.

Hasan Al-basriis haala isaa kanarra akkana jechuun irraa odeesse 'Usmaan kan namni bira hin jirre ta'ee osoo kophaa jiruu, uffata baafate dhiqatu saalfata' jedhe.

## Wareegamummaa Fi Warra Jannataa Tahu Usmaan

Wareegamummaa Usmaan irra, Abu hureeyraan akkana jechuun odeesse; Rasuula ﷺ 'Abubakri, Umar, Usmaan, Aliyyi, Xalhaa fi Zubeyri ta'ani osoo gaara gubbaa jiranu, gaarri sossoonaan: Rasuulli ﷺ gaaraan gadi dhaabadhu, Nabiyyi ﷺ Siddiqi fi wareegamaa malee sigubarratti hin taane' jedhaniin.

## Rabbi Gabbaru Usmaan

Rabbi gabbaru isaa irratti Usmaan kan akkaan jabaa ta'e dha. Salaata, soomana fi zikrii, qaraatii qur'aana, Akkasuma haafiza Qur'aanaati. Keessattu wanni nama

ajabu salaata witrii raka'aa takka keessatti qur'aana guutu ykn juuza soddoma fixee kan bulu ture. Abdallah ilmi Omar akka jedhe 'suuraan Zumar aayanni saglaffaan wa'e Usmaan dubbatti' jedhe.

## Sodaa Usmaan

Usmaan hanga areenni isaa jiidhutti kan boohoo ta'e. Waayee qabrii yoo dhagahu. Sahaabonni haala isaa kana qalbisan waa'een kun dinqeenii maaliif yeroo wa'een azaabaafi janataa yoo dubatamu hamma hin boonne, yeroo waa'ee qabrii dhagahu akkas cinqamee booyuu isaa sababa isaa gaafatan. Usmaanis erga dubbii Rasuulaa ﷺ dhagahe 'Qabriin dura mana akeraatii. Namni qormaata isii darbe wanti achiboodaa qormaanni isiidhaa lafatuudha.' ka jedhan dhagahe. nama nagahaan dura san darbetu, kan achi boodaa nagahaan darba. Kanaafii sababaan boohicha kiyyaa jedhee deebiseef.

Ammas ka Rasuulli ﷺ jedhu dhagahe.' wanta hundarra; kan akka qabrii nama rifachiisu hin garree'. ka jedhan dhagahe

Abdallahi Ibnu Rum; Usmaan kan akkana jedhu dhagahe, "osoo azaaba fi jannata jidduu nadhaabanii garam akka seenu hin beekinii dura daaraa ta'ee baduu filadha."

## Du'a Abbaa Bakrii fii Gahee Usmaan

Eennullee ta'uu beellamni du'aa yoom akka ta'e hin



beekkamu malee dhufa hin hafu. Rasuullis ﷺ osoo dalagaa Usmaan cufa jaalatanii ittiin boonanuu duuti isaan fudhattee, Bara mootummaa jalqabaa Abbaa Bakriis, Usmaan hojiiwwan diin islaamaatif dagalee ta'an hedduu dalaguun, sababaa mataa ol qabachuu diin islaamatif humnaa ta'e. Dinagdee fi yaada isaa gumaachee jira.

Abbaa Bakrii gaddaa fi gammachuu keessattille cinaa dhabbachuun, jaalala Abbaa Bakrii biratti horatee jira. Abbaan Bakris bara angoo isaa waan dhimma islaama ta'e hedduu mari'ataanii ture.

Abbaan Bakris imala mana aakiraa irraa hafuun waan qooda ilma namaa hin ta'iniif, du'aaf yeroo kalaahe; dhimmi bulchiinsa muslimtoota isa yaachise. Mormiin aangoo akka hin kaane sodaatee, nama karaa qajeelaa isaan masakee, kufaatii qileewwan kufrii irraa isaan tiksu, tokkochumma Rabbii irratti isaan bulchu, nama amaana kana baadhate bakkaan gahu filuuf, hedduu lubbuun isaa dheebotte. Ummatattis osoo hin du'in beeksisuuf murteeffate.

Abbaan Bakrii balbala du'aa irra erga gahee, Usmaanin yaamee, waan sitti himu barreessi jedhee ajajeen. Usmaanis bismillah jedhee erga eegale, dhaamsa Abbaa Bakrii itti aansuun 'kun waan Abbaan Bakarii guyyaa itti jiruu addunyaa irraa gara akiraatti galu dhaame. Yeroon sunis; wayta baasaa lubbuu tan kafirriille dirqitti amanu, dilaawaanille, kijibaanillee dhugoomsu, yeroo san keessatti

isinii dhaame. Isinirratti bakka buuse' jedhee, osoo dubbii isaa itti hin xumuriin gaggabe. Usmaanis Umar binu Kaxxaab ka jedhu itti guute. Turiinsa muraasa booda gaggabbi isaa irraa Abbaan Bakrii beyfatee "naa dubbisi waan barreesite." jedheen. Usmaanis akka itti barreessetti dubbiseefi jennaan, Abbaan Bakriitis yaanni Usmaan yaada isaatitti gallaan "Allahu Akber jedhe!." Usmaaninis galatomfate. Haala kanaan addunyaa irra gara mana aaakiratti boqate

Umaris bara bulchiinsa isaa keessatti, hunda sahaabota irra Usmaan binu affaan, Aliyyii binu abii Xaalib fi Abdurahmaan binu Oowfitin mari'ataa ture. Sahaabota biroo irras kaa ufitti dhiheessuu ture. Haala kanaan Umaris; karaa haqa Rabbii, ajaja Qur'aanaa, sunnaa fi hadisaa irratti bara hedduuf erga bulchaa turee booda, Namticha kaafiraa kan maqaan isaa Abu lu'lu'aa jedhamuun; waraanamee jennaan, jiruu ardii tanarra galuuf akka kalaahe bare.

Warroota koree marii jahan; Usmaan Bin Affaan, Xalahaa, Zubeeyr, Sa'aad, Abdurahmaan, Aliyyii Binu Abiixaalib, tan Osoo Rasuulli ﷺ hojii jaraa jaalatu du'e, walitti yaamsisee ofuma keessa akka bulchaa filatan itti himee biraaa du'aan darbe. Abdurahmaan binu Oowfi yeroma san qooda angoo bulchiinsaa keessa of baase, warroota shanan keessaa kamtu ummata biratti fudhatama akka qabu osoo ansaaraa fi muhaajira, baadiyaaf magaalaa, dhiiraaf durba hin jedhiin naannahun yaada fi fedhii namaa ilaaluu fii mari'achuu



eegale. Ummanni muslimaas; akkuma fedha Abdurahmaan Binu Oowfi, irra caalan isaani Usmaaniin akka jaalatanii fi angoof isa kajeelan baree jennaan Usmaani koreedhan marii afran duratti waadaa (irbuu) seenef. Warronni hafan afranis waada seenaniifi Usmaan du'a Umar booda bulchaa bulchitoota ummata biyya muslimaa ta'e.

## Bulchiinsa Usmaan

Usmaan, seeraf heera Rasuullaa ﷺ, Abbaa Bakrii Fi Umar dhaalun bulchiinsa isaa karaa Rabbii, Qur'aanaa fi Hadiisaatiin ummata muslimaa karaa qabsiisaa ture. Wal qaixxumma fi nageenya biyya muslimaa buuse.

Bara angoo isaatti Usmaan haala nama dinquu fi bulcha tokkorratti gocha ulfaatu raawwataa, of gadi qabaa fi ummata kamiin qixa of godhaa ture. Hamma masgiida keessa rafuun qaamni isaa saalena masgiidatin dirmammaayaa jiru isaa dabarse, dhukkubsataa beeku fi hin beekne cufa ganda keessa nannahun gaafata ture. Gabaa keessa nannahunis qaala'insa gabaa qorataa ture. Bara bulchiinsa isaa diinagdeen heddummachuu, horoon babal'achuu, ummanni hedduun duroome, manni kuusaa diinagdee ummata musliimaa, qabeenyaan guuttame, hamma namni tokko harka nama tokko eegachu irraa of dandahutti, hamma lallabbaan kootta kenna keessan fudhadha, gara nyaataati, damma, dhadha, urgooftuu, zabiiba .. jedhanii lallabamuun godhamutti.

Ummanni badiya gara magaalatti galuu eegale, Kan muslimni muslima hin sodaanne, kan hundi wal jaalala fi walitti tola ooluuf qofa wal barbaadu, waliin nyaachuun, waliin dhuguun keessa babal'atte..walumaa galatti bara bulchiinsa isaa keessa, barrille akka Usmaanitti arjoomuu eegale.

Waan nama ajabu immoo Usmaaniin angoo dura gaala fi re'oota lakkoofsaan hanga hin beekne qabu, yeroo angoo isaa gaala lama qofa qaba ture. Wal qixxummaa namoota qofa irratti osoo hin taane, isaa fi gabra isaa jidduuttillee adeemsisaa ture.

Guyyaa tokko Gabri isaa tokko waa balleessee jennaan, gurra isaa miccire. Booda garuu, gabricha isaa yaameeni akka irraa kafalatuuf gurra jala qabe. Gabrichis bulchaa ta'uu isaa osoo beekuu qaanfataa, jechuma isaa guutuf xinnoma ishee miccire. Yeroo kana Usmaan haqa akka hin guutin baree, deebisee akka sirritti isa micciru isa ajajeen booda "kaffaltiin addunyaa tan aakira irra akkaan laaftudha." jedhe.

Akkasuma adabbii firaa fi amba jidduutis wal qixxeessaa ture.

## Biyyoota Usmaan Qabate

Usmaan hogantoota filachuun akka waraana duulchisani biyyoota adda adda banan godhe.



| Hoggantota | | Naannoo isaan bana |
|---|---|---|
| Abu Mussaa Al-ash'ari | ------------------ | Magaala Rayyii |
| Waliid binu Uqbaa | ------------------ | Azarbijaani fi arminiyaa |
| Abdallah Binu Abi Sarhi | ------------------ | Afrikaa keessatti |
| Sa'id binu Aas | ------------------ | Xaabaristani fi Gazzaa |
| Abdallah binu Amri | ------------------ | Kuraasan, dangaa Paris, sajistan, kurmaan, sabur, arjaan, Asbihaan, Wal Habashaa, Jaziiratu qabars, |

Seenaa islaamaa kessatti bulchaan jalqaba galaana qabate, duula galannarras kan eyyame Usmaanii binu Affaani. Eyyama isaa booda mu'aawiyyaan kan bulcha biyya shaami ture duulaa waraana galaanarra ta'un akkasumas Abdallah Binu Sarhi bulchaa biyya Masrii ka ture fa'aa ta'un, Qooda guddaa fudhachuun seenaa boonsaa Islamumma keessatti galmeessisan.

## Walitti Qabiinsa Qur'aanaa

Dachiin muslimaa babal'annaan hedduminni muslimas dabalee. Sababa kanaan qaraatiin qur'aana garaagarumma ummachuu jalqabde. Namoonni muslima cufti akka afaan isaanitittii qara'uun dhufte. Haala kana kan qalbise

Huzeeyfaan Binu yamaan wanni kun garaa isa quqee jennaan, Lola biyya Azar bijaani fi Armaaniyaa irratti qooda fudhachuuf kan biyya Iiraaq jiru achii ka'ee Usmaanitti dhaquun baduuf deemu qurr'aana ykn dubbisa loqodaa biraatti makataa deemuf ta'u qur'aana sodatee itti hime.

Osoo wal dhabbiin akka kitaaba warra Amantii yahuudaa fi Nasaaraa Qur'aan kessatti hin uumamiin dafii dhaqqabi jedheen. Battalumatti Usmaan qur'aana Abbaan Bakrii walitti qabee Hafsaa bira jiru gara isaatti eyyama isiitin fichisiisee, Sahaabdoota akka Zeydi ilma saabiti, Abddallah ilma Zubeyri, Sa'iid ilma Aasi, Abduramaan binu Haaris binu Shaam walitti qabuun akka gama qiraa'aa takkatti deebisan taasise.

## Bal'isuu Masjiida Nabiyyiiti Fi Haramaa

Sababa namni bara bulchiinsa Usmaan keessa baadiyya irraa gara magaaalaa Madiinaa fi Makkatti galuu eegaleen namni heddummaate.

Yeroo salaataa dhiphinni masjiidaa uumame. Kana akkuma hubateen masjiida Nabi kan Madiinatti argamuu fi masjiida Haramaa kan Makkatti argamu akka bal'ifamu ajaja kenne haala kanaan masjini lameenu balifame.

## Dararaa Fi Du'a Usmaan

Bulchiinssa Usmaan kesssatti qananii irra ilmoon islaama cufti mindaa qabuu turan. Boodde garu humni islaamaa



jabaannaan zalimman, munaaffiqqan fi warri angoo Usmaan hinaafan isa angoo irraa buusuuf oduu jalqaban. Namni dubbii kana eegale namticha yahuudaa kan islaamumma himatu kan maqaan isaa Abdallah ilma sab'a jedhamu Masrii irraa ka'un gara biyya Shaam deemun duradhaabbannaa angoo Usmaan akkana jechuun ummata kakaasuu eegale.

Usmaan nama gosa isaatif malee angoo hin qoodu jedhee, fakkeenyaf Mu'aawiyya bulcha shaam, Abdallah binu Abii Sarhi ka bulcha Masrii tahe, akkasuma Abdallah ilma Amiir kan bulchaa biyya Basraa ta'e lakkahe, warri biyya shaam oduu kana gurra hin laannef tuffate ofirraa ari'e.

Booda gara kuufaa deeme. Ummanni kuufaa duraanu kan cubbuu fi bulchaa isaanii irratti himannaa heddummatu ture. Warri kuufa Dubbii Abdallah binu sab'aa kana kessummessuun Usmaan irratti olola sobaan maranii ofuu eegalan. Nama oduu kanaaf jala yaa'u argatee humna jabeeffatee jecha Nabin ﷺ du'a isaani dura dubbatan "hokkarsi ykn jeequmsi kara kallatti bahaatiin eegala." jedhan san dhugoomse. Booda hokkarsa eerga kaasee booda gara Masritti deebi'e ummata faalla Usmaan dhaabbatan biyyootta garaa garaa kessatti gurmeessutti seene.

Ummaanni innni gurmeesse kun meeshaa lolaa kurfeeffatanii akka gara Madiinaa deemaan ajajeen. Angoo Usmaan akka gadi dhiisisiisaniif, Ummanni gurmaa'e kun akkuma ajaja isaa fudhataniin Madiinaa dhaquun

Usmaanin angoo gadi lakkisi jedhaniin. Usmaan garuu dhaamsa Rasuulaa ﷺ "Yaa Usamaan na booda Rabbiin mudawwaara si uffisuuf deemaa yoo warri munaafiqaa mudawwara ykn kombartaa kana baafadhu ykn mulqadhu siin jedhan akka hin baafanne." jechuun kan dhaamaniif san yaadatee angoo gadi lakkisuu dide.

Ummanni Abdallahi binu sab'aan gurmaa'ee kun didda Usmaan kana humnaan angoo irraa mulquuf mana isaa akka dalla manatti naannessuun akka gadi hin baane fi namni itti ol hin seenne guyyaa afurtamaa oliif marsan. Usmaan goota obsi isaa kan akkaa gaaraatti tullame waan tureef yeroo sahaabonni ummata kanaan lolleee sirraa haa kaafnu jedhaniin gaafii sahaabotaa fashaleesse akka ajaja koo malee mana keessanii hin baane lolaaf jedheeni dhorge.

Ummanni angoof garaan isaani hinaafe kun garuu Usmaanin dararuu irraa kan ka'e akka namni dhufee isa hin ziyaarre dhorkan, hamma nyaataa fi dhugaati dhoggachuun warra isaatii fi Usmaaninillee dararan.

Boodarra Aliyyi fi sahabonni muraasni humnaan gara mana Usmaan deemuun bishaan erga kennaniifi. Zayid binu Saabitis Alii fa'aa waliin warra dhufe keessaa ka ture akka Usmaan lola eyyamuuf ansaaronni siif tumsuuf qophitti jiranii nuuf eyyami jedheen. Aliyyis itti ansuudhaan gootootni dhibbi shanii akka waliin jiranii fi irraa loluuf eyyama naaf godhi jedhee Usmaanin kadhatti gadi taa'e. Osoo agartuu dhiiga kee hin dhangalaasiin jedheen. Usmaan garuu boloola Aliyyi kanaaf galata gooftaan siif haa deebi'u jedhee erga galateeffate booda akka sababa isaaatin dhiigni islaamaa islaamaan jigu hin feene itti hime. Sahaabonni garuu murtii isaa kanatti bay'ee waan hin quufinif akka inni eyyama kennuuuf jabeessani kadhachutti seenan. Muhajirtoonni, Ansaroonni fi ilmaan isaaniille Usamaanii tumsuuf bahani ka jiran eyyama isaa akka bishaanitti dheebotanii eegu turen. Hangamuu sahaabonni kadhaan isa dirqanuu, innis ajaaja dirqii kenne. Akka namni tokko isarraa lolaaf jedhee seeyfi hin luqifanne kakadhee jira. Nama ajaja kiyyaa fudhachuun irra jirutti. Yoo dubbi isaa kana dhagahan ummanni isaaf tumsuu ka'e qalbii cabee ofirra taa'e.

Usmaan lubbuu isaa wareegee ummata muslimaa dhiigaa isaani jigiinsarra hanbisuun fakkeenya ta'e. Guyyaan guyyaa bakka buusee guyyaan Usmaan manaa gadi bahu gahe jennaan, Usmaanis akkuma guyyaa kana gadi bahe morma isaa ol fuudhee ummata isa marse kanaan haasaa eegale. Rabbii isin uumeen sagalee olfuudhee isin gaafadhaa, "beektu Nabi Muhammad ﷺ, Abbaa Bakrii, Umarii fi anillee ka jiru gaara Uhuudirra baanee jeennaan gaarri hanga dhakaan irraaa gadi harca'utti hurgufamte, jennaan gadi dhaabadhu. Nabi Muhammad ﷺ, Nabiyicha, Siddiiqii fi shahiidee lameen malee namuu sirra hin jiru jedheen beektuu?." ee ni beekna jedhaniin Usmaannis,

Allahu Akbar, Shahidummaa tiyya ragaa naa bahan jedhe. Rabbii haqaan gabbaramaa malee ka biroo ka hin jirreen isin gaafadha. Sila beektu? Nabiin Rabbii fuulaa ormaa keessa laalaa, “nama tajaajila waraan kanaatiin dhaabbatte Rabbiin isaaf haa araaramu.” akka jedhan. Ka an kurfeesse waraanaa saan, hamma gaalli sakaalla fi lugaama hin dhabinitti qopheessee? Ee jedhe umaanis. Yaa Rabbi ragaa na bahi jedhee ammas itti deeb’uun sagalee ol kaasee isin gaafadhaa, Sila beektuu? Nabin Rabbii kajedhe “nama boolla ruumaa qote jannanni isaaf taatuudha.” Akkasuma waraana cinqiidhaa ka kurfeesse? ani boolloo san hin qonne? ani waraana san hoo hin kurfeessinee jedheen? Ee kurfeessite jedhaniin. Usmaan ammas of irra garagale ummata mogga isaa jirutti dubbate akka abjuun Rasuula ﷺ, Abbaa Baakrii fi Umariin arge ka isaan sadiinu nu biratti sooma kee hikta jedhaniin himeef. Usmaan yeroo marfame kana guutuu soomarra ture. Boodaa Usmaan kitaaba naa fidaa jedhee banatee dubbisutti seene, yeroo kana warri qa’ee isaa marsanille dallaa isaa cabsanii seenuu jalqaban. Booda itti marsanii kallatti cufaan qubbeen isaa seyfiin irraa ciccirutti seenan. Usmaan garuu yoo kana cufaa bismillah, tawakkaltu alallahi subhanallahi, jechutti ciche.

Hanga dhiigni isaa harcaatutti aayata qur’aanaa tana irratti. Suuraa Baqaraa 137

﴿فَسَيَكۡفِيكَهُمُ ٱللَّهُۚ وَهُوَ ٱلسَّمِيعُ ٱلۡعَلِيمُ﴾ [البقرة: ٤٣]



Hikkaan aayata tanaa akkana “Rabbiin gahaa isaaniiti, Rabbiin dhagaha dha, Akkasumas beekadha.” ta jettu turte. Ergasii Usmaan wareegamee guyyaa sadii turee salata magriibaa booda awwaalame.

“Rabbiin nama isaatirraa ni deebisa. Akkasuma hin jaalatu warra kafaree fi boonullee.”

Rasuulli ﷺ hadiisa Qudsii keessatti Rabbiin akkana jedhe jedhee dubbate “nama jaalalle kiyya diina godhate an isaan lola isa beeksise jedhe.” Ragaan kanaas Abbaan Qilaabaa osoo ummata waliin deemutti jiru, sagalee gurbaa tokko dhagahe. ka jedhu “wayyaa gubata koo ta ibiddanii.” yeroma kana yoo abbaan Qilaabaa gara gurbaa deeme bira gahu harki isaa lameen lukti isaa lameenis citaa ture ijji isaas jaamaa ture, kan fulli isaa dachitti gombifamaa ta’e arge. Maal taate jedhee yoo gaafatu. Guyyaa Usmaan ajeesan an ummata san waliin ture, yeroo Usmaan ajjeesan haati mana isaa iyyinaan an kabale, Usmaanis na abaare, Rabbi harka kee lamaaniif luka kee lamaanille sirraa haa kutu. Ijaa kee lamanis si haajaamsu. Jahannaminille si haa gubu naan jennan. Yeroma san baqadhee abaarsa isaa sodadhee achii tare. Kunoo agarta narraa hin hafne na dhaqqabe wanti ati gartu cufti jedheen. Tokkoolle abaarsa isaa irraa narraa hin hafne azaaba ganaa itti deemaa jiru san male. Booda Abbaan Qilaabaallee Rabbiin si haa fageessu Rahmata isaa irraa jedheeni biraa deeme. Yaziid binu

Habiib akka jedheetti warroonni guyyaa san isa ajjeesu dhufan hedduun isaanii ni maratan jedhe. Sahaabdichi sifni isaa arjummaa, duulinsaan, haqa dalaguun, of gadi qabuun, wareegamuun karaa Rabbititti bulaa ture sun, dhiigni isaa ni yaate ta qulqulluu taate sun, qaaxira ykn gurzaa bulu sun qur'aana waliin, hin hafte. Ni godaane Sahaabdichi toltuu heddu fakkenyummaa namaaff dhiise sun. Usmaan ni godaane gara jaalallee Rabbiititti. Kunoo nullee hojii isaa san dubbachutti jirra toltuu isaa faarsutti jirra. kan yoomu isa hin irranfanne ta'e.

"Rabbiiin irraa haa jalatutti, Usmaanin jannatul firdosittis walitti nu haa qabu."



# "4" ALIYYI BINU ABII XAALIB

Seenaa leenca hinjifataa ta'ee Aliyyii binu Abii Xaalib hasawuu deemna. Aliyyi dura nama ijoollee irraa islaamaweetti. Guddina ijollummaa isaa keessaatti mana Nabi Muhammad ﷺ keessatti guddifame. Guyya Rasuulli ﷺ godaansa ykn hijraa gara Madiinaatti godhan, kan firaasha isaanii irra ciisee argameedha. Kan inatala Nabi Muhaammad ﷺ Faaximaa fuudheedha. Abbaa Hasanii fi Huseeni, dardara caccaaltuu lameen jannataa. Aliyyi binu Abii Xaalib warroota kuranan jannataa keessaa tokko. Inni goota duulaadha. Diinagdee irraa danta dhabeessa, Rabbiin gabbaraa fi ka Rabbi sodaata ta'eedha.

Maqaan isaa kan kabajaa Abul Hasan, kan haati itti baafte immoo Asad, Aliyyi immoo kan abbaan isaa moggaaseefiidha. Kan qoosaa Abu-Turaabiidha.

Aliyyii Binu Abii Xaalibii fi Muhammad ﷺ mana tokkotti guddatan. Muhammad ﷺ Sababaa erga abbaan isaati fii haati isaa du'anii booda Akaakayyun isaa guddisee, boodaa akaakayyuun isaa Abdul-Muxxalib du'ee jennaan Abbeeraan isaa kan Abbaa Aliyyii ta'e Abii Xaalib fuudhee mana isaatittin gale.

Abbaan Aliyyii hedduu hiyyeessa ture. Hamma haati mana isaa rakkinna hiyyummaa irraa kan ka'e yaaddoon laalattutti. Akkuma Muhammad ﷺ mana seeneen barakaan duuka gara mana Abiixaalib balbala ol seente gara mana Abii Xaalib. Nyaanni hanqatuu irra kan dur ijoolleen osoo hin quufin hafan, erga inni dhufee booda immoo nyaanni irraa hafuu eegale. Abii Xaalib barakaa nabi Muhammad ﷺ akka argeen sorata isaallee, hanga nabi Muhammad ﷺ galutti kan hin sooranne ta'e. Yoo inni mana hin jiraatinis isa eega ture. Ijoolleen manaas walitti qabamanii osoo Muhammad ﷺ hin jirretti yoo nyaatan hin quufan. Aanan yoo dhuguuf jedhan isa dura obaasu. Barakaa irraa kan ka'e weelkaa ykn kubbayyaa inni itti dhugee hambaa hambise, yoo dhugan kubbaayyama tokkootu cufa isaanii wal gaha. Yoo isa malee dhugan weelkaan ykn kubbaayyan sun nama tokkochaayyu hin quubsu ture.

Kana kan qalbise Abii Xaalib ati barakeeffamaadha jedhaanii ture.

Muhammad ﷺ guddatee jennaan of danda'ee adda bahe. Barri of jijjiiraa osoo deemuu yeroo tokko barri abaar ykn hongeen buutee. Muhammad ﷺ yeroo kana of danda'ee waan jiruuf, Abbeeraa isaa Abbasitti dhaqee fira isaanii Abii Xalib rakkinna akka qabuu fi ilmaan isaa irraa fuudhanii akka guddisan mari'ateen. Abbasis yaamicha isaa kana tolatti na yaamte jedheenii fudhate. Abbaas Ja'fariin fudhachun, Muhammadis ﷺ Aliyyiin irraa fudhatanii gargaaran. Booda Aliyyi mana Kadiijaa niitii nabi Muhammaditti ﷺ ijoollummaa isaa xumuratee. Haalaa, amalaa fi akkasumas waa hedduu Muhammadiin ﷺ irraa qabsiifate. Aliyyi ijoollummaa isaatiin dubbisuu fi barreessuu baratee akkasumas collee ta'un kan warra Haashim keessatti beekamuudha. Haala Muhammad ﷺ dhaaluun guyyaa tokko farshoo hin dhugne taabotaafis gadi hin fogonne.



## Ifa Aduu Islaamaa

Muhammad ﷺ kan ergameef daandii dhugaa irra nama oofee galma milkii islaamaa namatti haa agarsiisuufi. Karaa kanas hordofuun Kadiijaan nama dura faana Rasuulaa ﷺ buute taate. Aliyyis ijoollummaan warra islaamaye irraa ta'uun Nabi Muhammad ﷺ waliin dhokatanii salaataa turan.

Aliyyi nadhii islaamummaa dhandhamee mi'aa'inna isii arginaan, ummata Makkaa kan kufrummaa keessa jiru, akka islaamummaa dhandhaman fedhe. carraa kamittuu fayyadamuun siidaa ykn taabota ballessee galma islaamummaatiif utubaa dhaabuu barbaade.

Gaafa tokko garuu hawwiin isaa kun galma ga'uuf tarkaanfii jalqabaa eegale. Seenaa diiguu boca siidaa ykn taabotaa inni nu odeesses, akka armaan gadii kana; "guyyaa tokko Rasuula ﷺ waliin gara ka'baa deemanii taabota caccabsuuf murteeffatan. Aliyyi taa'ee Rasuulli ﷺ ceekuu isaa irra

dhaabbatee Aliyyi oliin ka'uu dadhabe. Sababa kanaaf Rasuulli ﷺ taa'anii inni ceekuu isaanitti ol bahee jennaan, taabota sanniin qofa osoo hin taane mogowwan samii cufa waan dhaqqabu hanga itti fakkatutti itti mijaawee taabota ka'baa irra jiru hundda caccabsanii achii osoo namni hin argin naannawa sanii baqatan.

## Obsa Aliyyi

Ijoollummaan isaa waan islaamummaan cimoomteef, ummanni kuffaara Qureeyishii dararaa muslima irraan gahaa turte, isas ijoolle jettee gidira irraa hin qusanne. Ta'us garuu Aliyyi jaalala Rabbii fi Muhammad ﷺ irraa kan ka'e miidhaan isa qaqqabe cufti hanga ulfinna rifeensa takkaallee itti hin dhagayamne.

Dararaan muslimarratti cimnaan Rasuulli ﷺ godaansa muslimaa eyyaman. Ummanni muslimaas iddoo dhaloota biyya isaanii irraa dhoksaan, bakka handhuuri isaanii itti awwaalamte, da'imummaa isaanii itti dabarsan, yaadannoo isaanii cufa, diin islaamatif jecha maatii fi dinagdee isaanii gatanii gara biyya ormaatti godaanan.

Warroota hidhamanii fi eegumsi itti jabaate, kan akka Abbaa Bakrii fi Aliyyi, akkasuma Rasuula ﷺ Rabbii kan eyyama Rabbi irraa eeggatu malee, hunduu godaananii Makka mu'mintootaa irraa ontee, ifni yeroo muraasaf calanqise badee dukkanaoofte.

SEENAA SAHAABAA kurnan jannataan gammachiifaman


Guyyaan nabi Muhammad ﷺ hawwiin eegu geettee Rabbiin baqaaf eyyamnaan kuffaarri Makkaa yeroo ajjeesuf mari'atte wal gurmeessitee gara mana nabi ﷺ yeroo deeman, nabi Muhammad ﷺ Aliyyi waliin mana keessa jiran ture. Akka hayyoonni seenaa tokko tokko dubbatanitti, aadaa arabaa keessatti namni ciisee osoo jiruu ajjeesuun safuu ture. Sababa kanaaf mana nabi Muhammad ﷺ marsanii osoo eeganuu hirribni tareen. Nabi Muhammadis yeroo kana argee Aliyyin akka firaasha isaa irra ciisu fi hamtuun takkallee akka isa hin dhaqqabne itti himee, akkasuma amaanaa isa bira ture hundaa akka irraa galchu itti dhaame. Yeroo gadi bahu immoo: kuffartonni rafan akka hin dammaqne biyyee matarratti naqee, Suuraa Yaassin aayata saglaffaa (9) qara'aa biraa deeme.

﴿وَجَعَلْنَا مِنۢ بَيْنِ أَيْدِيهِمْ سَدًّا وَمِنْ خَلْفِهِمْ سَدًّا فَأَغْشَيْنَٰهُمْ فَهُمْ لَا يُبْصِرُونَ﴾ [يس: ٩]

Hiikni aayata tanas "goone jirra duubaa fi dura isaanillee, hagugnee jirra isaan hin argan."

Kara deemaan tokko kuffaartota mana Nabi Muhammad ﷺ duratti wal gahe rafu arge. Erga isaan dammaqsee booda, maalif akka isaan achitti wal gahan gaafateen. Kuffaartonnis biyyee matarraa dhadhahataa Nabi Muhammadiin ﷺ ajjeesuf hamma bariitee inni hirribaa ka'u eegutti jiraachu isaanii itti himan. Namtichis haala jaraa kana dinqisiifataa akka Nabi Muhammad ﷺ qaata manaa

bahee tare itti hime. Yeroo kana mana isaa ol seennan ka ciisaa jiru Aliyyin ta'uu argan. Isas bakka nabi Muhammad ﷺ jiru gaafannaan, essa akka jiru hin beeku jennaan, nabi Muhammad ﷺ jalaa miliquu hubatanii, ajjechaa isaa irraa abdii kutatan. Aliyyis amaanaa Nabi Muhammad ﷺ biratti dhiise, irraa galchee guyyaa muraasa booda dhokatee baqaaf ka'e.

Guyyaa muraasa booda Aliyyi kol-galtummaaf gara Madiinaa dandii isa geessu irra bahee. Guyyaa akka namni isa hin hanbifneef, halkan dukkanan dhakaa mukatti bu'aa, miilli isaa buqqachaa'ee dhiiga dhangalaasaa bakka jaalalleen isaa jiran Madiinaa gahe. Rasuulanis ﷺ yeroo wal simatan dheebu walii qabanirraa wal jala caafaman. Madiinattis nagaa argatee Faaximaa intala Rasuulaa ﷺ tan Rasuulli ﷺ akka lubbuu isaatti jaalatuu fi isa fakkaattu wajji bultii ijaaratan.

Gochi kunis jaalala jiddu Rasuulaa ﷺ fi Aliyyi jiru dabale. Bultii isaanii keessatti urgoo Rasuulaa ﷺ kan isaan shabaabota jannataa jedhanii moggasan Hasanii fi Huseeniin akkasuma dubaree Ummu Kulsuumii fi Zeynabaa argatanii jiru.

## Obbolummaa Jidduu Muhaajiraa fi Ansaaraa

Rasuulli ﷺ akkuma Madiinaa seeneen, Masgiida erga ijaaree wanti inni dursa raawwate; obbolummaa islamummaa



gidduu muhaajiraa fi Ansaaraa tokkochummaa Rabbii irratti tokko godhee walitti hidhe. Aliyyi qofa malee. Wanti inni san godheefis; Aliyyiin obboleessa addunyaa fi akiraa godhee waan ofii qabateefi. Jaalala kanas osoo wanta addunyaa keessa jiru hundaan wal bira qabanii madaalani, Jaalala Rasuulli ﷺ Aliyyif qabu tan galkaa onnee isaa dhoste tana hin madaaltu. Jaalala tanas Rasuulli ﷺ gochaa fi jechaan ibsaafii turan.

San keessaa hadiisa Tirmiiziin nu gabaase keessatti, “Ani Aliyyi irraahi, innis anarraahi.” jechuun hangam takka akka ofitti anfatan ibsan.

Ammas hadiisa biraa keessatti “namni Aliyyin miidhe, anas miidhe.” jechuun yoo qoreelleen isa waraante, Rasuullis ﷺ waliin dhukkubsatee kan duuka laalatu ta'e.

## Gahee isaa Duula Keessatti

Muslimtoonni erga Madiinatti godaananii nagah argannaan, kuffaarri qureeyishii hirriba dhabde. Achittis hokkaruunii (jequunii) eegallaan Nabin ﷺ jihaadaaf labse. Aliyyis warroota jihaada keessatti hirmaatan keessaa qooda fudhachuun isa jalqabaa ture. Shahiidumma argachuufis akka nama dirree raaree ykn saharaa keesssatti bishaan qabbanaahaa soquutti shahidumma barbaacha bololaa ture.

## Duula Badrii

Hawwii shahiidummaa argachuuf Aliyyi Rasuulaa ﷺ fi Abbaa Lubaabaa wajjiin Gaala tokko dabaree dabareen, kan yaabbatan tahanii karaa bu'an. Aliyyi immoo shahiidummaa duras mindaa biraa argachuu fi jaalala Rasuulaaf ﷺ qabu irraa, isaafi abbaan lubaabaallen dabaree isaanii Rasuulaa ﷺ dabarsanii, miilaan deemuf hawwan. Rasuulli ﷺ garuu akkana jedheen isin humnaan narra cimoo miti. Anis mindaan isinirra dureessaa miti, jechuun didan. Isaan sadiinuu dabareen yaabbataa, yeroo kan miilaan deemaa dirree lolaa gahan.

Akka aadaa Arabaatti osoo waraanni lameen walitti hin seenin dura, gidduu gootootaattii walii bahuutu adeemsifama. Garee lameen irraahuu namoota goota ta'an filatuun eegalame. Namoota muslimmaa irraa, namootni sadi duratti bahan. Warri kaafiraa tuffii fi of tuulummaan namoota nuun wal qixxatu as baasi jechuun Rasuula ﷺ itti lallaban. Kuffaaronni islaamummaa haa jibban malee, namni jarri waraanuu fedhan muhaajira ture.

Yeroo kana leenca Rabbii fi Rasuulaa ﷺ ka tahe; Hamzaa, Ubeeyidaa Ibn Haarisii fi Aliyyi duratti bahan. Si'uma takkaan isaa fi Hamzaalleen namoota isaaniin loluuf duratti bahan, ajjeesuun mo'atan. Rasuullis ﷺ malaa'ikaan Jibriil, Israafiliifi Mikaa'iil duula kanarratti Abbaa Bakrii fi Aliyyi waliin looluu himan.



## Duula Kandaq

Duula kana keessatti gootni islaamaa Aliyyiin binu Abii Xaalib lakkoofsa mushriktootaa kan kuma kudhan gahu sodaatee dubatti hin deebine. Inumaahu goota mushrikaa kan ardii Arabaa keessatti tokkicha kumaan lakkahaamu Amri Ibn Wuddi jedhamuun kan beekkamuun wal dhaane. Seenaa guyyaa kana godhamees hayyootni akka armaan gadii jechuun gabaasan.

Duula kana keessatti mala Salmaan Al-Faarisin maleen, nannawa Madiina guutuu boolla bal'oo taate, diinarraa of baraaruf ummanni muslimaa qote. Hallayyaa qotame kanas mushrikoonni darbuu dadhabanii ji'a tokkoo ol turan. Amri Ibnu Wuddis Rasuula ﷺ ajjeesuf waan karoorfateef, obsuu dadhabee hallayyaa irraan farda utaalchisee seene. Dura waraanatti bahe nama isaan wal dhaanu gaafate. Muslimtoonnis hunduu ajaja Rasuulaa ﷺ eegaa waan jiraniif, cal'isan garuu Aliyyi ana jedhe. Rasuulli garuu ﷺ siin hin madaalu jedhanii Aliyyiin dhorkan. "Amriis yeroo kaan duunee jannata seenna jettanii hin dhaadattani, "mee eennu ree kan qara seeyfii kootiin morma irraa muree jannata seenu?." jedhee lallabe. Ammas Aliyyi leenci Rabbii ana jedhee duratti bahe. Yeroo kana Rasuulli ﷺ Aliyyiin koofiyyaa ofii itti godhee akka duratti bahu eyyameef. Haatahu garuu muslimtoonni Amrii kana waan beekaniif, Aliyyiin dhabuu sodaatanii du'aa'ii godhaniif.

Amris yeroo Aliyyin bira gahu “ati eennu?.” jedheen. Aliyyis eennummaa isaa itti himee jennaan, ani ijoollee akka keetii ajjeesuun naaf hin eeyyamtu gabbaramtuu (siidaa) tiyyaa jedheen. Aliyyi immoo an “Rabbiin kiyya si ajjeesu naaf eeyyama. Garuu dura islaamummatti si yaama.” jedheen. Yeroo kana Amri Fardarraa utaalee bu’ee, Farda yaabbatee dhufen irraa miila ciree. Aliyyis mataa dhahee koofiyaa sibiila dhoose mataa isaa dhaqqabe. Yeroo kana Rasuullaa ﷺ fii muslimtoonni ijaafii qalbii isaanii tumsa Aliyyii barbaaduuf samitti ol fuudhuun du’aa’ii godhaaniifi. Innis battalumatti goota Arabni abdatte kana miila irraa ciruun ajjeese. Haala kanaan Rabbiin injifannoo goota islaamaa Aliyyiif godhee irra oolche.

## Duula Keeybar

Duula keeybar irraa gootni islaamaa Aliyyi sababa dhukkubbii ijaa lola kanarraa hafe. Garuu jaalallee isaa irraa hafuun gonkumaa waan ta’uu hin qabne ta’ee itti mul’ate. Kanaaf erga waraanni karaa bu’e osoo dhukkubuu waraana dhaqqabe.

Halkan barii Rabbiin keybariin banuuf jedhu, kana keessatti Rasuulli ﷺ akkana jedhan. Boru! alaabaa islaamaa tana nama harka isaatti Keeybar banu kan Rabbii fi Rasuula ﷺ isaa jaalatu, kan Rasuulli ﷺ fi Rabbis isa jaalatuuf kenna jedhan.



Namoonni eennu kennuu heda laata? Eennu namni kun jechuun ofis gaafataa tokkoon tokkoo isaani ana osoo ta’e jedhe hawwaa bulan. Yeroo bariites hunduu osoo anaaf kenna jedhee eeguu, Rasuulli ﷺ “Aliyyiin eessa jira?.” jechuun gaafate. Jarriis “ija dhukkubsate.” jedhaniin. Rasuulli ﷺ “naaf haa dhufuu! naa fidaa.” jedhani jennaan Aliyyi bakka inni jiruu fidaniif. Rasuulli ﷺ ijatti tufeefi Rabbi kadhateefi akka waan takkaa hindhibaminitti fayyee.

Battalumatti alaabaa itti kennee hoggantummaa waliin deem jedheen. Aliyyi yeroo alaabaa baatee deemu akkana jedhee Rasuula saw gaafate. Yaa Rasuula Rabbii isaaniin lolaa hamma isaan islaama tahanitti jedheen. Rasuullis akkana jedhanii deebisaniif Yaa Aliyyi yoo isaan birageette islaamummatti isaan yaami. Haqa Rabbii irraa waan isaanirratti dirqmatahu itti himi. Rabbin nama tokko harka keetirratti qajeelchutu Gaallan diddiimtuu araba siifcaala jedhaniin.

Yahuudaan keeybar gaafa san jogola saddeet [8] qabdi saddeettanirraa jogola Naa’im jedhamutti qajeelan muslimtoonni. Jogola kana keessa mooticha isaanii goota nama kumaan madaalu marhabuu kan jedhamutu jira.

Akkuma achi gahaniin Aliyyi islaamummati isaan yaame. Nididan lolaaf dirretti gadi bahan jegnichi warra yahuudaa marhabuu kan jedhamu dhaadatee eennutu naaf baha jedhe. Achumaa gurbaan muslimaa kan qaamaaan qal’aa kan iimaanaan furdaa isaaf bahe kan maqaan isaa Amiri binu

Akwa kan jedhamu akkuma isaaf baheen ajjeesame.Taraa lammataa immoo leenci Rabbii Aliyyi binu Abiixaalib isaaf bahee ajjeesee akka daaraa bubbeen fuute isagodhe. Achitti yahuudaan harka kennattee biyya gadi dhiiftee baate.

Alhamdulillaahi galanni kan Rabbii guddaati.

## Duula Tabuuk

Erga Rabbiin muslimtoota injifanno fatihii Makkaatiin gamachisee, ummanni Rum muslimaan duuluuf kurfaaye. Rasuullii ﷺ kana dhageennaan "inuumaayyuu jarrii hindhuftu, nutu dhaqee lolaan." jedhee waraana kurfeesse. Guyyaa kana garuu goota islaamaa duula hundarrattii hirmaatu, kan yeroo garii alaabaa islaamaa ittii kennuun, yeroo garii immo; gootota mushrikaa tokkoo kumaan lakkahaman haa ajjeesuuf durattii baasun itti fayyadamu kana duula kana keessattii hirmaachisuu irra Madiinaa warra isaa biratti bakka buufatee deemuu fedhe. Munaafiqtoonnis jaalala Rasuullii ﷺ Aliyyif qabu waan beekaniif akka hamtuun isa hin dhaqqabneef manatti isa dhiisa jechuun oduu [Eeybessuu] eegalan. Oduun tun gurra Aliyyii buunaan battalumatti duularratti hirmaatuuf fiigee Rasuula ﷺ dhaqqabee, "dubartiifi ijoollee wajjiin nagattee deemtaa?." Jedheen. Rasuullis ﷺ dubbii mi'ooftuu tan muslimni tookkollee osoo waan fedhe dalagee argachuu hin dandeenne, tan hamma luubbuun qaama keessa jirtu hindaganne akkana jedhee himeef. "yaa Aliyyi koo ati narraa ta'uu hinfeetuu? Sadarkaa Haaruun Muussaa biratti tahe. Garuu ana booda nabiyyiin biraa hinjiru malee." jedheen.



Yeroo kana Aliyyis seenaa Muusaa fi Haaruun; guyyaa Musaan baallama Rabbii isaa guutuf, Haaruniin ummata iisaatti dhiifate deeme san akkuma yaadeateen gammachuun gara Rasuulli ﷺ isa dhiifatanitti deebi'e.

## Gahee Aliyyii du'a Rasuulaa ﷺ Booda

Guyyaan geettee Muhammad ﷺ gara irraa argame, kan nu hunduu itti deemuuf deemnutti deeme. Yeroo kana jaalalleedhan isaatti guyyaan dukkanaahe. Keesumaayyuu Aliyyi kan akka abbaa ta'ee isa guddise, kan dukkana jaahilummaa irraa jaalalaan harka qabee gara ifaa islaamaatti yaamen, Barsiisaa, abbaa ifaa, obboleessa karaa islaamummaa kan jaalalarraa hintala akka lubbuu ofiitti jaalatu kaadhimeef, Nabiyyii waa cufaa san dhabuun; gadda imimmaan jigusuun hin ibsine, kan onnee isaa ciccirte gadde. Rasuulli ﷺ Aliyyi abdii guddaa irra kaahun waraana duura buusee isa ergu, yaamicha karaa islaamaa haa babal'isuuf dura bu'aa godhee gara Yamanitti erguun, kan ummanni Yaman harka isaa irratti amane, Aliyyi aklaaqaa fii beekkumsa Rasuula ﷺ irraa qabsiifatullee, ajaja Rasuulli ﷺ kenneef hundaa dirqma bahullee, dheebuu Rasuulaaf qabu hin baane.

Rasuulli ﷺ darbinaan Aliyyi akka warra diin irraa gargalanii ulaagaalee islaamaa hir'isuu ykn ergamaan

hin jiru jedhee islaamummmaa tajaajiluu irraa duubattti hin deebine. Inumaayyu Abbaa Bakarii wajjiin warra diin irraa gargalan hamma islaamummatti deebisanitti lole.

Akkasuma gaafa angoo Umar Binu kaxxaab keessattis, warroota isatti irra dhihoo ta’anii amaanaa Rasuulaa ﷺ bakkaan gahuuf halkanii guyyaa carraaqan keessaa isa tokkoodha. Hamma Umar yeroo Madiinaa dhiisee deemu bakka bu’aa isa godhatee deemu gahe. Sahaabdonnis beekkumsa Aliyyi qabuu fi aklaaqa isaa waan beekaniif bakka guddaa kennaafi turan. Keesssumayyu Umar akkana jedhaanii ture; “osoo Aliyyi jiraachuu baatee, mootummaan Umar garagalte!.” Kana qofas osoo hin taane “bakka Aliyyi hin jirree jiraachuu irraa ni maganfadha.”! jedhaanii ture.

Erga Umar ajjefamee Usmaan mottummaaf filatame. Aliyyis Usmaanin beellamuu irratti dura bu’aa ture.

Waanyoon yeroo kamuu muslimtootaa hin raftu. Ammas akkuma Umariin ajjeesan Usmaaninis aajjeesuf mushriktoonnii qophaahanii jennaan. Aliyyi guyyaa sanis goorsaan yaalii godhee deebisuu dadhabnaan, akkuma Rasuula ﷺ hamtuu irraa tiksaa ture, bulchitoota islaamaas tiiksu irraa of hin qusanne. Kanaaf mushriktootaan loluuf Usmaanin eyyama kadhateen. Usmaan dinnaan ijoollee isaa Hasanii fi Huseeniin ganda isaa akka eegan ajaje. Wanti Rabbi murteessee garuu namni nama tiikseef waan hin hafneef Usmaan ni ajjeefame.



## Aliyyi Mootummaaf Filatamuu

Usmaan ajjeefamnaan Madiinaan nageenyi isii boorahee, ummanni muslimaas bulchaa malee hafe. Kanaafis nama nagaa isii deebisuu fi ummata ishee bulchu barbaacha, ummanni muslimaa mala maluu eegalan. Cinqii isii kana keessaa nama baasu; kan Aliyyiin caalu tokkollee waan hin agriniif isuma filataniin. Inni garuu bulchaa tahuu irra, gargaaraa bulchaa tahuu naaf wayya jedhee dide. Akka ummanni nama biraa filatuufis badee oyruu keessatti dhokate. Muslimtootni garuu kan Usmaaniin bakka bu’u, kan amaanaa Rasuulaa ﷺ fi kaliifota isas bakkaan gahu, isa kan caalu akka hin jirre yaaduun, koreen marii bakka inni dhokatetti dhaqanii angoo itti kennan.

Sahaabdonni gurguddoon akkasuma muslimtoonnis Masjidu-nabawii keessatti beellamaniin. Haala kanan Aliyyi erga angoof filame, dalagdoota beekkumsa qaban gargaarsaaf filate.

Nageenya Madiinaa kan boorahes deebisuuf hidhate. Aliyyi erga Amiira mu’umintootaa tahee, amaanaa ummata isaa, amaanaa Rabbiin mormatti na dire, dinaara takkallee maaf hin taane, yoo bu’aa ummataatif hin tahin hin baasu jedhee, akkuma duula keessatti goota waarana tahun beekkame addunyaa irrattis bulchaa haqaa tahun mottummootaaf fknya tahe. Gargaartota (bulchitoota) wal qixxumaa fi haqaa dalaguu irratti kan ajajuu fi rakkoo

ummataas hamma qe'etti faana bu'anii akka ummata too'atan jara too'ataa ture.

Magaalaa kuufaa keessas deemaa jireenya ummataa hubataa, jallataa gara haqaatti kan waamu, fedhinnaa ummataa kan fixuuf ture. Akkasuma warra aanaa isaatii fi lubbu isaas ummataan wal qixxeessee, masaraa keessa jiraatuu didee, goojjo kessa jiraataa ture.

Gaafa tokkos gabrichi isaa Qunbur kan jedhamu hajaa qabaachuu Aliyyii waan argeef, kennaa dureeyyiin moototaa ergan keessaa akka kaaheef itti hime. Aliyyi didee gara mana isaa deeme. Yoo mana gahu kennaa mana guute argee, dallanee Gabricha isaatin "Ibidda mana kiyya seensisuu feetaa? jedheen. "Adduunyaa na hin dagin, nama biraa dagi!." jedhee, harka qalleeyyii Madiinatiif, hundaa qoodee fixe. Gaafa tokko osoo kuxbaa godhaa jiruu, ijoollee isaa Hasanii fi Huseeniin uffata haara'a irratti arge. Akkuma kuxbaa geesseen eessaa fuudhanii akka uffatan gafannaan, dureessa Faaristu nuu erge jedhanii itti himan. Innis ijoollee isaa nama biraatiin akka adda hin taanee fi haqa isaanii akka hin taane itti himee, uffata cufaa irraa baasee, mana diinagdee muslimtootaatti deebise.

Aliyyi yeroo waa bitatus gatii akka isaaf rakasiisanii fi dhiisaniif hin eyyamu. Fkeenyaaf guyyaa tokko uffata bitachuu magaalaa bahee, namni hunduu mallaqa irra fudhachuu dide. Innis nama isa hin bekne soqee





dardarticha tokko argee irraa bitate. Abbaan dardartichas yeroo dhufu, "ummatni ilmi kee Amiira mu'umintootaa uffata mallaqaan itti gurgure." jennaan dardartichis amiira muslimtootaa tahuu beeknaan mallaqa qabatee dhaqee dhifama gafate. Aliyyi garuu galatomfatee mallaqas osoo irraa hin fudhatin geegesse. Akkasumas mootii tahuyyuu, hamma hiyyummaa irraa seeyfii jaalatu gurguratu gahe. Magalaas bahe "ennu namni seeyfii tana narra bitu Rabbii firii dhoosetti kakadhee: osoo wanta marxoo takkaan bitadhu qabaadhee seeyfii cinqii fuula ergamaa Rabbii irraa ﷺ dhabamsiisuun lolaanii ture hin gurguru." jedhee dubbate.

Aliyyi haqaa fi wal qixxummaa dalaguun isaa muslimtoota qofa osoo hin taane, ilma namaa hunda birratti amala gaariifii nama dinqisiisaa ta'een kaafira qalbii jaraa bitee gara islaamummaatti seensisu ta'e.

Yeroo tokko Aliyyiin jalaa koombortaan badde. Kobortaa isaa kana gurbaa diin nasaaraa qabu tokko magaalaa keessatti kan gurguratu harkatti qabee "kiyya." jedheen. Nasaartichis "kiyya." jedheenii mormachuu eegale. Sababa kanaaf lameenuu gara mana murtiitti deeman.

Abban murtii kan Shureeymi jedhamu Aliyyiin ragaa yoo qabaate fidatee akka dhufu ajaje. Innis ilma isaa fidatee dhufe. Abban murtis "ilmi abbaadhaa ragaa tahuu hin dandahu." jedhen. "Inni ilma kiyya kan Rasuuli ﷺ

shabaaba jannataa tahuu himani. Akkam ragaa tahu hin dandenne?." jennaan "shabaaba jannataa ta'us ana biratti ilmi abbaadhaa ragaa bahuu hin danda'u." jedhen. Aliyyis kun haqa kiyya jedhee hindinne murtii abbaan murtii murteesseef ni fudhate. Ani mootiidha! isarra humna qaba jedhee, dirquun irra fudhachuu hin yaalle.

Nasaartichis haala Aliyyi dinqisiifatee, islaamummaa malee kan amala akkanati nama tolchu; mootii fi harka qalleyyii wal qixxessu kan hin jierre tahuu hubatee gara islaamummaa seene. Aliyyi kalattiin islaamummatti nama waamuu qofaan; osoo hin taane, Al-kallattin bareedina amala isaatiin islaamummatti nama waamaa turan.

## Du'a Aliyyii

Jalqaba bulchinsa isaa keesatii yeroo muraasa booda mokkortiin ummata islaamaatti buuteen, guddaafii xiqqaan akkasuma dhalaa fi dhiira osoo hin jenne lolli dhiigni muslimaa keessatti dhangala'e argame. Sababa munaafiqtoonni Usmaaniin ajjeefteef, ummanni muslimaa yaada lamatti wal qooduun wal morman. Yaanni tokko erga dhiiga Usmaan haloo baanee booda bulchaa filanna kanjedhuufii inni lammataa immo bulchaa filannee humana muslimaa galma tokkoo keessaatti walitti gurmeesinee booda haloo Usmaan bahanna kan jedhu ture.

Yeroo kana warri Usmaaniin ajjeese durumaa jibbiinsa tokkummaa islaamaatiifi jibbiinsa islaamaa irraa kan ka'eef ammas mala malachuu eegalan. Dubbii hfarsuun jidduu muslimaatti akka ibidda citatti qabatee safisiisan Umata muslimaas yaada lamatti wal qoode, walitti buusan. Lola kana keessatti nama kuma (70,000) torbaatamaa ol kan ta'utu dhume. Lolli kunis lola Saffiinaa ykn duula kormaa Gaalaa jedhamuun beekama.

Haa tahuu garuu Aliyyi lola kana akka Roobnii ibidda dhaamsutti erga waldhabbii muslimaa dhaamsee booda ummanni muslimaa nagaafii tasgabbii argate. Akka yeroo angoo Usmaan, Umariifii Abbaa Bakriititti waa cufa irraa quufee bule.

Haa tahuu garuu munaafqitoonni fi warrootni Usmaan ajeesan ammas hin rafne. Hamma ummatni muslimaa bulchaa malee jiraatu barbaadan.

Kanaaf jecha Amiira mu'umintootaa Aliyyin Madiinatti, Mu'aawiyaa bulchaa Shaam Shaamitti, akkasuma Amri ibnu Aasii bulcha Masrii Masrittii sadiinuu halkan tokko keessatti ajjesuf qophaahan. mala baafatan kanas raawwachuf; hijraa irraa bara afurtamatti (40) ji'a Ramadaanaa bultii kudha torbatti (17) guyyaa Jimaataa sadeenuu al tokkotti ajjesuf qophaahan. Rabbiin garuu guyyaa Mu'aawiyaa fii Amri ibn Aasii hingeesine. Aliyyin garuu isaa salaata Fajriitif ummata walitti waamuf deemu, munaafiqtichi Abdurahmaan binu Muljim jedhamu seeyfiin mataa isaa rukute. Aliyyi

rukutamee jennaan “لاإله إلا الله فزت ورب الكعبة” jechaaa ture. Hikkaan isaas “haqaan gabbarammaan hin jiruu Rabbiin malee, ani milkaawee Rabbii Ka’baatiitti kakadhee!.”

Namootni sagalee isaa dhagahanii gamaa isaa ori’an. Battalumatti Aliyyiin iddoo inni itti kufe irraa kaasanii namticha isa dhahes Abdurahmaan binu Muljim kan jedhamu qabanii Aliyyiin baadhatanii gara manaa geessan. Aliyyis akka ummanni deemee salaatu ajaje.

Jarris salaatanii munafiqtichas qabanii gara isaatti geessaan. Eega gaggabsuu sirritti bayfatee, ijoollee isaa Hasanii fi Huseenin akkasuma warroota isaa waamun “tola itti oolaa. Qubsuma isaa tolchaa. Yoo ani lubbuun jiraadhe dhiiga kiyya dhiisuu fi kaffalatuu anatu murteefata. Yoo ani du’es isuma qofa ajjeesaa. Naan dhaqqabsiisaa nama biraa hin ajjeesinaa. Rabbin warroota daangaa dabran hin jaalatu.” Haala kanaan gootni islaamaa kan Rasulli ﷺ jannataan gammachise, abbaan shabaabota lameen jannataa, jalalleen Rasuulla ﷺ addunyarraa boqate. Hirriba dhuma hin qabne rafe. Rabbiin isaafi fakkaatota isaatis jannatatti wal nuhaa agarsisu.



# “5” XALHAA BINU UBEEYDULLAH

“Namni wareegamaa lubbuun jiru, kan dachii irra qaamaan socho’u yoo laaluu fedhe, gara Xalhaa Binu Ubeeydullahi haa laalu.” jedhe Rasuulli ﷺ.

Dhihaadhu; gara nama duula Uhud keessatti lubbuu isaa nabi Muhaammadiif ﷺ gumaachetti.

Dhihaadhu; gara wareegamaa lubbuun jiru osoo warra jannataa ta’uu isaa beeku, lafarra miilaan deemu.

Xalhaan Binu Ubeeydullah islaamahuu isaa dura biyya Basraa hojii daldalaatif, namoota umriin isa caalan waliin deemee, Namticha beekaa kitaaba Toowraatii fi Injil ta’e tokko kan ummata gabaaf dhufetti “mee eennu namni Makkaa dhufe?.” jedhee lallabee ummata Makkaa gaafatu arge.

Sababa ummata waliin dhufan dura jiruuf namtichatti siqee akka isa ta’e itti hime. Yeroo kana namtichi “Nabiyyiin Ahmad jedhamu ergamee Makkatti?.” jedhee gaafate. Xalhaanis Ahmad kam akka ta’e addaan baruuf isa gaafate, Ahmad binu Abdallaah binu Abdul Muxxalib akka ta’ee fi jiini inni itti ergamu akka gahe itti hime.

Dhumarratti “Nabiyyii kana jala deemuun siif gaaridha,

Ummanni Makkaa biyyarraa isa baasee, booda biyyoo mukaafi timiraa heddummaatutti gala."jedheenii mallattoo Nabiyyicha ergamuu himeef.

Xalhaan dubbii kana akkuma dhagaheen waan dhufeef itti dhiisee, Farda isaa yaabbatee gara Makkaatti deebi'e. Erga biyyaa bahe waan tureef akkuma Makka gaheen waa'e Nabi Muhammad ﷺ gaafate. Akka nabi Muhammad ﷺ an nabiyyii dha ofiin jechuu eegalee fi Abbaan Bakriitis isa dhugoomse itti himan. Yeroma kana gara Abbaa Bakriitti deemee, waan isa muudate itti hime. Abbaan Bakris waan Xalhaan odeesseef kana akkuma dhagaheen fuudheeni Nabii ﷺ biraan gahe. Waan dhagahe hunda Xalhaan akkuma Nabi ﷺ odeessee geesseen islaamummaa qabate.

Akkuma islaamahuu dhagaheen Abbeeraan isaa Nowfil Binu Kuweeylid maqaan isaa Asad Quureeyishii kan beekkamu Abbaa Bakrii fi Xalhaa walitti hidhee, warra gowwoota Makkaa kan nama dararanitti kenne. Sababa kanarraa kan ka'e Muqarrineeyni (walitti qindeeffamoo) jedhaman.

## Arjooma Xalhaa Binu Ubeeydullah

Guyyaa tokko hadramootirraa qabeenyi kuma dhibba torbaa (700,000) dhufteefii jennaan halkan san sodaataa, obsa dhabaa, yaaddawaa bule. Niitiin isaa Ummu Kulsuum bintu Abii Bakrii Siddiiq itti olseentee, "maal taate; yaa Abbaa Muhammad, anattu sitti balleessee?." jettee gaafatte jennaan.



"lakki! ati hintala gaariidha. Sirraa waa na hin miidhan." jedheeni diinagdee kalee itti dhufte saniif akka yaaddahutti jiru itti hime. Osoo diinagdeen hamma kana gahu mana kiyya keessa bulu, Rabbi maal naan jedha kajedhu isa dhiphe. Niitiin isaa "maalif Muhaajirtootaa fi Ansaaraaf hin kennine? Akka bariiteen deemiiti ofirraa sadaqadhu." jettee mala malteef. Yoo kana innis yaada isiititti gammadee "Rabbi Rahmata siif haa godhu, ati intala muslimaa haqa qunnamtuu, intala Abbaa haqa qunnamaati." jedheen.

Innis akka Haati mana warra isaa mala malteefitti ganamaan ka'ee, ummata hiyyeessa Muhaajiraa fi Ansaaraa qoodee fixee.

Akkasumas gurbaan tokko itti dhufee firummaa (aanummaa) itti himatee, gargaarsas irra barbaade. Xalhaan namtichaan walitti firumaa akka qaban akka hin beekne erga itti himee booda, Lafa Usmaan irraa bite san fedhu akka fudhatu, yoo fedhe immoo gurgureefii akka mallaqa kennuuf itti hime. Namtichi akka mallaqa fedhu itti himnaan, Kuma dhibba sadihitti gurguree mallaqa cufaa kennef.

## Duula Uhudfii xalhaa

Xalhaa binu Ubeydallah duula Uhudii keessatti duulaaf qofa osoo hin taane, du'ee wareegamummaa duraan Rasuulli ﷺ hin argatta jedhaniin barbaacha bahe. Milkiin duula Badrii irratti injifannoo muslimaatiin goonfame, duula Uhud irratti, sababaa; waraanni Rasuulli ﷺ gaara

Uhud irratti ajajaa (abbaa duulaa) Abdallaha binu Jubeyrii erga godhanii booda "yoo diinni akka Allaattiin foon lafaa guurtutti ka nuguurtu ta'ellee, Gaara tana gadi lakkistanii hin bu'inaa." jedhanii ajajan, boojuu guuranna jedhanii iddoo qubannaa fi ajaja Rasuulaa ﷺ dhiisanii bu'an. Kun immoo waraana mushriktootaatiif carraa injifannoo uumee muslimtoota moo'atan.

Waraanni muslimaa; erga lolli eegalamee dirree lola Uhud kana keessatti, iddoo gara garatti addaan ciccitan. Rasuula ﷺ biratti namni hafee Ansaara torbaa fi Muhaajira lama turan. Muhaajira lamaan turan keessaa tokko Xalhaa bin Ubeydullah ture. Torban Ansaarotaa osoo Rasuula ﷺ irraa diina deebisutti jiranuu ajjeefaman.

Oduu bukaari fi muslim odeessan keessatti Abbaa Usmaan irra 'Rasuula ﷺ biratti Xalhaa Binu Ubeydullahi fi Sa'ad binu Abii Waqqaas malee namni tokkoo hin hafne' jedhan. Guyyaa lola Uhud, Nabiin ﷺ xiyya ufiif qopheeffatan Sa'ad jalatti gadi naqanii, "yaa Sa'ad ittiin darbadhu, ati Ayyoof abboo kiyyaan furamaa dha." jedhaniin.

Akka Jaabir irraa odeeffametti "Guyyaa duula Uhud keessatti; waraanni baqatee, Nabiin ﷺ nama kudha lama waliin qofa hafe. San keessaa tokko Xalhaadha." jedhe.

Mushrikoonni Nabitti ﷺ marsanii jennaan, Rasuulli ﷺ "eentu narraa deebisa." jedhanii, Namoota bira jiran irraa gargaarsa gaafatan. Xalhaan yeroo kana "ana." jedhee



du'aaf of kennuuf kaanaan, "ati taa'i "jedhaniini dhorgan. Booda sahaabonni biratti hafan dabaree dabareen hunduu dhumanii jennaan, Xalhaa dhumarratti kophaa isaa iddoo nama kudha tokkoo bu'ee osoo loluu, qubbeen isaa irraa ciramee jennaan dhukkubbiin obsa isaatii ol taate itti dhagahamee jennaan, sagalee "A'aa!." jedhu baafatee aade. Miira isaa ka dhukkubbii ibsatee jennaan Yeroo kana Rasuulli ﷺ sagalee isaa kana dhagahanii "osoo hamma "A'aa!." jette, bismillah! jettee, silaa mala'ikoonni ol si fuuti hamma namni si argutti." jedhaniin akka Haakim nuu gabaase muktasara (Kitaaba gabaabaa) keessatti.

Akka Xabaraaniin nuuf gabaasetti immoo 'Osoo bismillah jettee, sila malaa'ikaan siin bararti, osoo namni ilaale si argu jedheen' Akka imaamu Nasa'ii fi imaamu Beeyhaqiin dalaa'ila (maqaa kitaabaati) keessatti nuuf gabaasanitti; 'osoo bismillah! jettee Hamma siin seentutti mala'ikaan, qilleensa samii keessa siin deemti jedhaniin'.

Akka Ahmad nuuf gabaasetti immoo; 'osoo bismillah jettee, silaa ni garta; mana siif ijaaramtee jannata keessatti. Osoo ati addunyarra jirtu jedhaniin'

Duula kana keessatti Xalahaan Binu Ubeeydullah iddoo soddoomi shan (35) ykn iddoo soddomi sagal (39) waraanamee, quba arrabsituu fi quba quboota keessaa dheeraas muramuun duula kanarraa lubbuun hafe. Sababa kanaaf Rasuulli ﷺ." namni wareegamaa osoo hin du'in

lubbuun dachii irra deemu laaluu jaalatu, Xalhaa Binu Ubeeydullah haa laalu." jedhan.

Aa'ishaa irraa akka odeeffametti 'Abbaan isii Abubakar; duulli Uhud kan Xalhaa Binu Ubeeydullahi qofa jedha, waan Xalhaan gahee guddaa taphateef'.

"Guyyaa duula Uhudii qaama guutu waraaname, hamma qaamni saalallee nan hafinitti." jedhee Xalahaan ofirraa dubbate.

Rabbiin rahmata isaa haa godhuu Xalhaan Binu Ubeeydullah, goota dirree arjoomaa fi dirree duulaa ka ta'e, Goota qalbiin isaa sodaa Rabbiitiif qofa cabde, Goota Lubbuu fi qabeenya isaa Nabii Rabbiitii fii ﷺ diin Islaamatif wareegedha.



# "6" ZUBEEYIR IBN AWWAAM

## MALAA'IKAAN BIFA ISAA IRRATTI BUUTE JEDHAN MUHAMMAD ﷺ

Eennu gootni dur islaamummaaf seeyfii luqqifatuun, hoomaa waraanaa kaafiraa qaxxaa muree seeyfi isaatin Rasuula ﷺ tiksee?

Eennu gootni kumatti tilmaamame. Irra caalaa gootota tahun; kan Umar ibnu Kaxxaab akka kuma namaatti madaalun lolatti erge?

Zubeeyir Ibn Awwaam: Tokkoo akka kumaa, Osoo lubbuun jiru warra jannataa tahu kan Ergamaan Rabbi [saw] isaaf ragaa bahe. Erga Rasuulli ﷺ du'anii booda dhimma islaamatif koree marii namoota jahan keessa inni tokko. Zubeeyir Ibnu Awwaam ilma adaadaa Rasuulaa ﷺ kan umrii ijoollummaatiin islaamahedha.

Zubeeyir Rasuula ﷺ hamma onneen isaa dhootutti jabeessee jaalata. Duula Rasuulli ﷺ duule cufa keessatti, dadhabe, na dhukkube osoo hin jedhin, humna isaa hunda osoo hin qusatin duulee lolaa ture.

Guyyaa duula Uhud dubbiin sobaa tan “Rasuulli ﷺ ajjeefame.” jettu faffacaate. Zubeeyris kan dubbii kana dhagahe, hamma isaan maal akka ta’an baruuf, akka hobonboleetitti qaamni isaa sardamaa gamanaa gamas fiigee Rasuula ﷺ barbaade. Osoo inni oliif gad dhama’u Rasuulli ﷺ itti dhufee maal akka inni dhabe gaafateen.

Zubeeyris waan dhagaheef: lubbuun isaa obsa dhabdee rifatuu irraa akka of wallalutti jiru itti hime. Rasuullis ﷺ nagaa tahuu isaanii himaniifii, isaafii seeyfii isaatifis eebba godhanii fi innis lolatti tasgabbaa’e. Zubeeyir waan hojii isaa keessatti sahaabota birootin adda isa godhu; Akkuma wareegamummaa jaalatutti sahaabota jaalatuu irraa kan ka’e, yoo jarri du’an maqaa sahaabota wareegamanii (shahiidanii) ijoollee isaatif moggaasa. Haala kanaan maqaa isaaniitii fi seenaa isaanii hanbisuun, erga sahaabonni du’aniillee yaadannoo isaanii of biratti hanbifata. Akkuma Xalhaan Ibn Ubeeydullah ijoollee isaatti maqaa anbiyoota baafatutti; Zubeeyris sahaabota qaqqaalii, jaalatamoo fi beekkamoo ilmaan isaa akka haala jaraa dhaalaniif, hawwii qaburraa kan ka’e ilmaan isaa sahaabota armaan gadiitin yaamaa ture.

| | | |
|---|---|---|
| Abdallah | ------------- | Abdallah Binu Jahishii |
| Munzir | ------------- | Munzir Binu Amiir |
| Urwaa | ------------- | Urwaa Binu Mas’uud |



| | | |
|---|---|---|
| Hamzaa | ------------- | Hamzaa Binu Abdul-muxxalib |
| Ja’far | ------------- | Ja’far Binu Abii-xaalib |
| Mus’aab | ------------- | Mus’aab Binu Umeeyri |
| Ubeeyidaa | ------------- | Ubeeyidaa Binu Haaris |
| Kaalid | ------------- | Kaalid Binu Sa’iid |
| Amri | ------------- | Amri Binu Sa’iid Binu Aas |

## Godaansa Zubeeyir Binu Awwaam

Aanaa gaarii fi gosa gaarii irra kan dhalate Zubeeyir ilma Awwaam akkuma sahaabota hedduu innis dararaa fi doorsisa dhandhamaa ture. Haalli kun jiruu isatti hadheessee, Akka fedhaa fi humna isaatti Rabbii isaa gabbaruu waan hin danda’iniif, haala islaamummaa isaa itti jabeeffatee, Rabbii isaa gabbaruu, mijeeffachuuf fala barbaadataa ture.

Osoo haala kanaan jiruu Rabbiin kool galtummaa biyya habashaa eeyyamee jennaan, biyya dhaloota, dachee irratti biyyee ishii hafarsee guddate irraa gara biyya hin beekneetti baqatuuf dirqame. Haala kanaan kool galtummaaf biyya Habashaatti Al-lamaanu baqate.

## Gahee zubeyrii Duulota Keessatti

**Duula Badrii:-** Guyyaa duula badrii Ummatni islaamaa hanqinna diinagdee qaban ture. Nama lama malee lola

guddaa san keessatti sahaabonni akka jiraniin Farda hin qaban. Nama lamaan keessaa tokko Zubeeyir Binu Awwaam ture. Zubeeyir dheerinna isaa irraa kan ka'e, Farda irra yammuuu taa'u akka nama Harree yaabbateetti miilli isaa lafa tuqa. Erga lolli eegalame; Rabbi ummata muslimaa tumsuuf malaa'ikoota dachii lola badriitti, gadi buuse. Malaa'ikoota san keessaa bifa Zubeeyir Binu Awwaamin kan bu'e Jibriili. Duula kana keessatti Zubeeyir gootota mushrikaa, warroota bebbeekamoo fi kabajamoo lama lubbuu isaanii qaaman gargar baase. Keessahu abbeeraa isaa kan yeroo inni muslima tahetti dararaa gudda irraan gahaa ture; Nowfiil Binu Kuweeylid kan jedhamu ajjeesuun mushrikkan sodaa itti buuse. Inni lammataa immoo kan guutuu qaama isaa sibiilan haguuge, kan ijji isaa qofti mul'attu, kan akkaan muslima rakkisee fi namni tokkolle itti kalahuuu hin danda'in; Ubeeyda Binu Sa'iid Ibnu Aas kan jedhamu eboon darbatee ija isaa keessa waraanee isa ajjeese. Eeboo waraane san dhaqee yoo irraa buqqisuuf jedhu humna guddaa isa gaafate. Eeboo san Rasuulli ﷺ akka isaaniif kennamtu kadhatanii kennamteef. Erga du'a isaani boodas eeboon sun kaliifotatti daddarbitee, erga du'a Usmaan booda ijoollee Zubeeyritti deebite.

**Duula Uhuud:-** Duula kana kessatti Zubeeyri Rasuulaa ﷺ hamma lubbuun isaa wareegamtutti loluuf baallama seeneef. Guyyaa duula Uhud cinqiin ummata muslimootatti jabaatee kallatti hundaanu caban. Rasuulli ﷺ goota kaafiraa tokko kan akkaan muslima fardarra taa'ee gadi tumu tokko arganii, Zubeeyiriin itti ergan. Innis akkuma ajaja Rasuulaa ﷺ gara namtichi jirutti qajeele. Gooba xinno takka gubbaa dhaabbatee namticha Fardarraa muslima xuruuru kanatti, akka qeerransaatti itti utaalee Fardumarratti itti maramee, Fardarraa lafaan dhahe. Al tokko Zubeeyirii: al tokko immoo kaafirtichi gubbatti bahee, erga yeroo dheeraaf wal garagalchaa turanii booda, Rabbiin ol aantummaa Zubeeyirii kenneefi kaafirticha ajjese. Kanafis Rasuulli ﷺ jecha muslimni kamuu dhagahuf; lubbu isaa wareegu tan isa dura eessuma isaatin malee, nama tokkoonuu hin jedhin "ati ayyo fi abbo kiyyan furamadha." jechun isa gammachise.

**Duula Kandaqi (Ahzab):-** Zubeeyri duula kana keessatti kaafirticha seeyfii isaatiin al tokko qofa dhahun kooraa isaatiin wajji Farda irraa facaase. Gahee inni duula kana keessatti taphates Bukaari fi Muslim Jabir irraa akka nu gabaasanitti; gaaf duula Ahzab ergamaan Rabbii ﷺ "ennu namni oduu banii qureeyzaa nuu fidu?." jennaan Zubeeyr ana jedhe. Haluma kanaan kan waa takkallee hin sodaanne al-sadi nabiin ﷺ gafannan ana jechuun si'a sadeenu Fardaan gulufuun oduu fidaafii ture.

Ammas gahee isaa kan Kandaq; sadarkaa gootaa, gootumattu beeka! gootni beekkamaan islaamaa Aliyyi ibn Abii Xaalib Zubeeyri irraa "goota namaati!." jechun faarseen.

Akka ilmi isaa Abdallahiin jedhetti Rasuuli ﷺ guyyaa

duula Ahzaab anaafii Umar binu Abii Salama dubartoota keessatti nu dhiise. Yeroma kana Zubeeyri kan dabaree lamaa fi sadi deddeebi'u arge. Eega galees yaa abbaa koo ani sihii gidduu banii Qureeyzaa fi muslimootaa deemtun si arge bar jedhen. Innis ergamaan Rabbii ﷺ nama oduu jararraa nuu fidu jennaan, oduu fiduuf deddeebi'e. Yeroo kana Rasuuli ﷺ aayyoo fi aabboo isaa waliti qabuun ati aayyoo fi aabboo kiyyaan furamaadha naan jechuun na gammachiisan naan jedhe.

Gaafa duula Huneynii akkuma duula Uhud lubbuu isaatif osoo hin cinqamin jaalallee isaa irraa diina deebisuudhaan hanga kaafiri isa faarsu gahe. Kaafirtoonni Rasuula ﷺ ajjeesuf marsanii Zubeeyriif garuu namni tokkollee itti dhihatuu hin dandenne. Inni kaafiritoota ajjeesutti jabaannaan kaafiritooni gama durabu'aa [ajajaa] isaanii deebi'un, "gurbaan xiyya ceekuu isaa irrati baadhatu, kan amaamaa daalattii maratu nu fixutti jira." jedhanii himatan. Yeroma jarri kana himaniif "inni Zubeeyri ibn Awwam wilii (ofduratti) hiriira keessan laaqee wilii isin facaasaa, sirritti ofirraa eegaa." jedheen. Zubeeyris dura bu'aa jaraa hin kijibsiifne, akkuma inni jedhe hiriira jaraa laaqee fafacaasee jalallee isaa Rasuula ﷺ tiksaa ture.

**Duula Yamruuk:-** Ilmi isaa Urwaan akka nuu odeessetti gaafa duula kanaa sahaabdonni Zubeeyriin "hidhadhuu nu hidhachiisi, lolii nu lolchisiisi!." jedhanin. Innis "na kijibsiftanii taa'aa!." jennan, "si hin kijibsifnu!." jedhanii waadaa seenaniif. Booda Zubeeyris Farda irratti bahee, Farda isaa buraaqsaa hiriira waraana kaafirtootaa dhoosee akka baheen Kan namni tokkolee duubaan hin jirre. Osoo gama muslimtoottaati deebi'aa jiruu kaafirtoonni lugaama Farda isaa qabuun bakka gaafa duula Badrii dhahame ceekuu isaa dhahan. Urwaan waa'ee dhahama tanaa yeroo himu; "ani ijoolummaa kiyyatti: dhahama qaawwa kanaa quba keessa naquun taphtaa ture." jechuun nuu odeese.




## Baniinsa Masrii

Amri Ibnu Aas yeroo Masrii banuuf qophaahe waraana 3500 (kuma sadihiifii dhibba shan) qofa qaba ture. Xiqqeenna waraana kanaatif amiira mu'mintootaa Umaritti xalayaa bareesseefii waraana akka ida'uuf gaafate. Umaris xiqqeenna waraana kanaatiif yaaddawee waraana sahaabdonni gurguddoon akka Zubeeyrii, Miqdaad binu Aswad, Ubaadaa binu Saamit, Maslama binu Mukallad fa'a ka keessa jiran, walititi qabee xalayaa bareesse itti erge. Qabiyyeen xalayaa sanii waaranaa kuma afur ergeefi, kan kumaa hundaa keessa tokkoon akka kumaa Zuubeeyir Binu Awwaam keessa jiruu fi hogganaa waraana ergameetifis ajajaan Zubeeyriin ta'uun keessatti ibsamee jira .

Zuubeeyiris yeroo Amri bira gahuu, waraanni Amrii jogola kuffaara Baabiloon cabsuu dadhabee, kaa marse arge. Innis waraana qooduun jogola irra marsee, lolaaf

dheebotee, ji'a torba guutuu kuffaara lola sodaatee jogola keessaa gadi bahuu dide itti marsanii eegaa turan.

Zubeeyriinis dhibeen Koleeraa (Xaa'uun) naannoo san jiraachuu itti himnaan, "Koleeraa fi waraanalle waraanuuf dhufne." jedhee socho'uu dide.

Amri baniinsa irratti turraan, Zubeeyri akkana jedhe: "an lubbuu too Rabbii fin kenna! wareegama kiyyaanis baniinsa akka nuuf arjoomu hawwa." jedhee kortoo jogolatti hirkisee muslimootaan "yoo **Allahu Akbar** jechuu koo dhageettan na jalaa qabaa." jedhee ajajee, mushriktootatti cabsuuf kortoo koree jogalarraa bahee gadi bu'e. Zubeeyris **Allahu Akbar** jedhaa guraadeen mushriktootatti kan gadi bu'aa jiru akkuma arganiin waraanni muslimaa, Zubeeyriin booda hedduminaan gara jogolaatti ol bahuuf kortotti ol kore.

Yeroo kana Amri kortoon hin cabdii shakkee, waraanaf osoo inni dhiphatuu, waraaanni muslimaa kan zubeeyri booda seenes Seeyfi luqqifatee Allah akbar jedhaa jogola keessa warra ruumiitin lolaa jogolatti gadi bu'e.

Ummanni Ruumis waraana muslimaatin marfamuu jaraa arganii, lolanii akka hin hinjifanne barraan harka kennatan. Haala kanaan Rabbiin muslima irra ansuu dhaan Mootummaa Baabilooni fi Masriitif sababa tahee, ummanni muslimaa irra aanee, injifannoo goonfate.



## Hinaaffaa Zubeeyr binu Awwaam

Asmaa'an intalli Abbaa Bakrii niitin Zubeeyr akka jette,." Zubeeyri guyyaa na kaadhimatu, diinagde, horii, lafaa fii angoo takallee hin qabu ture, Farda isaa malee. Ani Farda isaa kana kunuunsuu malee, ka qooshaa /bukoo/ qooshu malee dinagdee biraa qabaatee hindalaguuf ture. An qooshaa kanallee seeratti bilcheessu hin danda'u. Hintala ollaa takkattu naaf bilcheessa ture."

"Guyyaa tokko osoo Oorruu Rasuulli ﷺ Zubeeyriif laatan keessaa timira guuree gara mana deebi'utti jiruu, Rasuulli ﷺ sahaabota waliin natti dhufan. Yeroo kana dadhabbii kiyya arganii, Gaala naaf dhaabanii akka an isaan duubaan yaabbadhu na gaafatan. Osoo dadhabbiin kiyyaafi dheerinni karaa na yaachisuu, Zubeeyriin abbaa warraa koo hinaaffaa isaa yaadadhe, affeerraa Rasuulaa ﷺ dide. Erga manatti gale booda Zubeeyrin Abbaa manaa koo akka Rasuulli ﷺ fuulatti natti dhufanii Gaala isaan duuban akka yaabbadhu na affeeruu isaanii itti hime. inni Rasuulatti ﷺ hinaafa osoo hin tahin sahaabota hedduu Rasuula ﷺ waliin jiran saniif hinaafaa shakkite. Yeroo kana maaliif hin yaabbatin jedhee inni na gaafannaan, akka ati hinaftu yaadadhee, booda osoo an yaabbadhee silaa nan dhiiftu jedhee sodaadhee irraa of qusadhe." jettee itti himte. Innis yeroo kana garaan isa dadhabee"akkanatti na jalaa dadhabuu kee irra osoo yaabbattee caala filadha." jedhee isii gammachiise.

## Du'a Zubeeyri Binu Awwaam

Zubeeyir binu Awwam, goota onneeen isaa akka hojjaa isaatti dheerinni itti qixxaatu kan hin jirree dha. Goota dirree lolaa keessatti kan akka gaaddisa mukaa, muslimaa hara baafachiisudha. Goota dirree lolaa arjoomaa humnaati. Goota akka roobaatti waan qabu hunda namaan gahu. Hiyyeessa; onneen imaanaan dureessaati. Rabbiin goota akkana gidduu sahaabotaa keessatti uumee, Sababa irree isaatin namoota mushrikaa heddu lafarraa balleesse. Isaas Rabbiin beellama isaaf qabe kan du'aa bira hin darbine. Guyyaan isaa gahee lola Saffiina (lola duula Kormaa Gaalaa) keessatti lubbuun isaa addunyaa kanarra godaante.



# "7" ABDURAHMAAN BINU OOWFII

Isaannan Rabbiin milkii isaanii garaa haadhaa keessatti barreesse keessaa, Abdurahmaan bin Oowfi tokko.

Tokkoo warra saddettan dura islaamawaniiti, tokkoo kurnan warra jannataati, tokkoo jahan koree mariiti.

Osoo Nabi Muhammad ﷺ lubbuun jiran tokkoo warra fatwaa kennaniiti. Kan tola kana cufaan islaamummaa keessatti Rabbiin isa badhaase kun Abdurahmaan Binu Oowfiiti.

## Islaamahuu Abdurahmaan Binu Oowfii

Abdurahmaan Binu Oowfii jalqaba barii diin islaamaa warra saddeettan amanee keessaa isa tokko. Erga Abu Bakri Siddiiq amanee guyyaa lama booda innis Muhammadiin ﷺ dhugoomsee, osoo isaan ganda Gaara safaa jalatti argamu, gara ganda Arqam Binu Arqamitti hin galin islaamummatti seene.

Erga Islaamummaatti seenee inni dararaa fi hammeenyi of nama wallaalchistu ummata mushrikaa kan Makkaa irraa isatti hammaattullee, Innis hamma jabeenna dararaa fi hammeenya sanii islamummaatti ka dur irra jabaatuu eegale.

## Godaansa Abdurahmaan Binu Oowfii

Inni warroota gara Habashaatti godaanan keessaa tokko. Erga oduu sobaa ummanni Makkaa islaamahee Nabi Muhammad ﷺ waliin salaatuu jalqabe jedhu dhagahee gara Makkaatti deebi'e. Garuu dubbiin soba ta'u isaa erga Makka gahe hammeenyaa fi dararaa isarra gahaa ture, dachaan itti dabalamte isa simatte jennaan beeke. Boodas yeroo lammaffaaf deebi'ee gara biyya Habashaatti godaane.

Nabi Muhammad ﷺ godaansa gara Madiinaa akkuma hayyameen, warra duraa irraa ta'uun Abdurahmaan Binu Oowfiitis gara Madiinaa godaane.

Erga ummanni Makkaa gara Madiina godaane, Rasuulli ﷺ Muhaajiraa fi Ansaara walitti obboleewwan godhe. Akka carraa ta'ee Abdurahmaanis Sa'aad Binu Rabii'in walitti obboloome.

Sa'aad badhaadhinna diinagdeetin Ansaarota keessatti maqaa qabeessa ture. Diinagdee isaa cufa iddoo lamatti hiree qooduufi, niitii lamaan qabu keessaallee takka obboleessi isaa Abdurahmaan binu Oowfii ta jaalate filatee, akka gad dhiisuuf waadaa seeneef.

Abdurahmaan tola arjoomina Sa'aad erga galatoomfatee, qabeenyaa fi haadha warraalle itti didee, akka magaalatti daldalaaf isa qajeelchu gaafateen. Sa'aadis akkuma fedha Abdurahmaan isaaf godhe.



Erga Abdurahmaan hojii daldalaa eegalee booda guyyaa tokko, isaa Urgooftu urgeeffatee deemu, kan fuulli isaa gamachuu irraa ife, Rasuulli ﷺ fuulatti dhufaniin. Foolee urgooftuu isaa dinqisiifataa, "Abdurahmaan maal argatte!?." jedhanii gaafataniin. Abdurahmaanis akka fuudhe itti hime. Ammas Rasuulli ﷺ mahrii hangam takka kennee akka fuudhe gaafataniin. Abdurahmaanis warqii hammi isii killee geettu, akka kennee fuudhe himeef.

## Sadarkaa Abdurahmaan Binu Oowfii

Rabbitti kakadhee sadarkaa sahabdicha kabajamoo kanaa waanin jedhee isa ibsu hin beeku. Jecha itti dhabe; jecha sanuu ka qalamni barreessuu irraa hifate. Sadarkaa isaa hedduu irraa, tan guddattee, sadarkaa kamiinuu hin madaalle arge. Mee eennu namni nabiyyii ﷺ nabiyyoota hundaa caalu ka salaachisu ta'ee ka argame? Garuu Abdurahmaan Binu Oowfii guyyaa duula tabuuk Imaama ta'uun Nabi Muhammadiin ﷺ dura dhaabbatee ummata salaachise.

Akka Mugiiraa irraa odeeffametti "Rasuulli ﷺ fincaanif jecha ummatarraa fagaate. Waqtiin salaata fajriiti. An weelkaa bishaanii qabadhee waliin deeme. Booda Rasuulli ﷺan bishaan buusaafii, inni shanacha isaa, fuula isaa al sadii sadii dhiqate. Booda dhumdhummee isaa dhiqatuuf yoo inni kooti ol harkisu itti toluu dide. Kootii isaa baafatee dhumdhummee isaa dhiqachuun wudu'a isaa xumuree,

yoo nuti gara ummataa deebinu, Abdurahmaan Bin Oowfii ka salaachisu ta’ee ummanni salaatatti jira. Anaa fi Rasuullis ﷺ duubaan hidhannee erga salaata xumurree booda; Rasuulli ﷺ waqtiin salaataa darbuu irra, ummatni osoo isaan hin eegin salaatuu isaanii akka gaarii dalagan itti himuun gammachiisan.”

Oduu Abii Sa’iid nuu gabaase “guyyaa tokko wal dhabbiin Abdurahmaan Binu Oowfii fi Kaalid jiddutti uumamte. Kaalid waan kana obsuu dadhabee Abdurahmaanin waa jedhe. Dubbiin deemte Rasuula ﷺ bira geette. Rasuulli ﷺ arrabsamuu Abdurahmaan dhagahanii jennaan, sahaabota tiyya narraa hin arrabsinaa Osoo isin sadaqaa ziqaya hammi isii gaara Uhud geettu kenattanii, ganaa (shanacha) sahaaboonni koo kennatan hin geettu.” jechuun darajaa sahaabota isaanii nuuf himan.

Sa’iid Binu Zeyid akka Rasuula ﷺ irraa nuuf dubbatetti, “Nabin Rabbii ﷺ osoo Abba Bakrii, Umar, Usmaan, Aliyyi, Zubeeyr, Xalhaafii Abdurahmaan faa waliin Gaara gubbaa jiran, Gaarri sosocha’uu eegalte. Rasuullis ﷺ Gaara miilan gadi dhiitaa “gadi dhaabadhu namuu sirra hin jiru. Anaa, Siddiiqi fi shahiide malee jedhan’.

Duula badrii keessatti warroota duulan cufa Rabbiin (SW) waan feetan dalgaa, an isinii araaramee jira jechuun qur’aana isaa keessatti dubbate. Isaannan Rabbiin qur’aana isaatin faarse osoo isaan lubbuun jiran, warra Rabbiin



waan feetan dalagaa jedheen keessaa Abdurahmaan Binu Oowfi sahaabdicha duraati.

## Arjooma Abdurahmaan Binu Oowfii

Akkuma qaamni namaa dhiiga malee hindalagnetti sahaabonnis ajaja qur’aanaa fi Rasuulaatiin ala, lubbuun isaanii hojii takka kan hin rawwanne turan. Suuraa qur’aanaa Al-imraan aayata 92.

﴿لَن تَنَالُوا۟ ٱلْبِرَّ حَتَّىٰ تُنفِقُوا۟ مِمَّا تُحِبُّونَ ۚ وَمَا تُنفِقُوا۟ مِن شَىْءٍ فَإِنَّ ٱللَّهَ بِهِۦ عَلِيمٌ﴾ [آل عمران: ٩٢]

“Gaaritti hin geettan, hamma waan jaalattan kennattanitti.” ta jettu erga dhagahe, Abdurahmaan lubbuun isaa jecha Rabbii kana hojitti jijjiiruf isa ciiftee boqachuuf tasgabbii dhabde.

Erga eebba Muhammad ﷺ Rabbiin awwaateefi Abdurahmaan duroomee, diinagdee isaa bakka sadihitti qoodun, ummata Madiinatif harka tokko kenne, harka tokko immoo haqa namaa irraa kafale, harka sadaffaa ni hambifata.

Urwaan akka Abdurahmaan irraa odeessetti “Abdurahmaan kuma shantama karaa Rabbi keessatti diinagdee isaa akka kennan maatii isaatti dhaame. Kuma shantama inni dhaames; kuma tokko tokkotti hiruun namaa qoodanii fixan.”

Zuhriinis akka Abdurahmaan irraa dubbatetti “Abdurahmaan

guyyaa addunyaa tanarraa boqatuuf kalaahe, diinagdee isaa irraa Dinaara dhibba afur afur ummata duula badrirratti duulanif akka kennamu dhaamee du'e. Garuu sahaabonni duula Badrii duulaan nama dhibba qofattu yeroo sanitti argame. Hunduu dhibba afurii isaani dhaamamte fudhatan."

Akka Abu Hureeyraan Nabi irraa odeessetti; "Erga kooti: irra caalaan keessan nama tola maatii kiyyaa oole." jedhan Nabin Rabbii ﷺ. Abdurahmaanis Iddoo isaa kuma dhibba afuritti gurguree, Jidduu maatii Rasuulatti ﷺqoode.

Osoo Nabin ﷺ lubbuun jiran walakkaa diinagdee isaa kennatee jira. Erga saniille; dinaara kuma afurtama, Gaala dhibba shanii fi Farda dhibba shan kennate. Guyya tokko akka inni gabra soddoma bituun bilisoomsellee irraa dubbatama.

Anas akka Abdurahmaan irraa odeessetti; "Abdurahmaan haadha warra isaa Afraniifuu diinaara kuma dhibba tokko tokko qoode."

Guyyaa tokko daldaaltonni Abdurahmaan Gaala dhibba torbaa kan kotteen isaanii hedduminnarraa lafa sochoosan meeshaa ummanni barbaadan fe'anii gara Madiinatti seenan. Aa'ishaan didiisa sagalee dhageette jennaan, namoota isitti dhihaatu maal akka ta'e gaafatte. Akka sagalee kootte Gaalota Abdurahmaan ta'e itti himan. Aa'ishaan booda "Rabbiin barakaa isaaf haa heddummeessu, waan kennate keessatti. Immoo mindaa aakeraattu irra caala." jettee eebbisteen.



Eebba isii kana namni isii bira jiru ka dhagahe, gara Abdurahmaan binu Oowfi deemun, akka Aa'ishaan "Rabbiin barakaa isaaf haa heddummessu, waan kennate keessatti immoo mindaa aakeraattu irra caala." ka jettee eebbifteen itti himan. Abdurahmaanis yeroma san sardammiidhaan gara isii dhaqe. "Dhugaa dubbatte yaa aayyoo mu'mintootaa, kunoo ragaa naf ta'i. ija kee duratti kenadhaa." erga jedhee geesse booda, Gaallan cufa ba'aa isiiti fi Raroo waliin kennate. Dubbii Aa'ishaa dhugomfatuuf qabeenyaa adunyaa kanarra badhaasa Rabbii kan akeraa filate.

## Gootummaa Abdurahmaan Dirree Lolaatitti

Abdurahmaan gootummaa dirree lolatinis gaachana diin islaamaa ta'uun, humna fi diinagdee isaa wareega ture. Guyyaa lola Badrii Amrii ilma Usmaan ibnu Ka'ab kan goota mushrikaa Makkaa tahe, ajjeesuudhaan gumaacha diin islaamaatif godhe.

Guyyaa duula Uhudis, Yeroo miilli namaa na baasi jettee baqattutti, inni garuu akka Qeerransa daggalaatti onnoomee, diina falmaa ture. Hamma qaamni isaa iddoo diigdamaa ol waraanamtutti, Nyaata xiyyaa fi guraadee mushrikaa of godhe. Ka iddoon waraanama garii guddinnarraa harka namaa seensistutti qaamni isaa diin islaamaatif jecha ciccirame.

## Hajaa Dhabuu Lubbuu Isaa Fi Diinagdee Isaatirraa

Guyyaa tokko waan inni sooma ooleef yeroo furiinsaa nyaata fidaniif. Akka nyaata argeen sahaabdota isa dura du'an kan akka Mus'ab binu Umeyrii yeroo inni du'e waan isaan awwaalan dhaban san yaadatee, nyaata didee boohe. Uffanni Mus'abiin ittiin awwaalan, gara mataa olharkisan miila hanqatee, yoo miilatti gadi harkisan immoo mataa irraa mulqama. Qaama isaa wal hanqatee waan ittiin awwaalan dhabanii rakkataa turan fa'a yaadatee, garaan isa dadhabee sagalee isaa ol kaasee boohe.

Maal akka ta'e isa gaafatanii jennaan; dhugumatti sodaannee jirra addunyaan nutti bal'atte Rabbiin miindaa Aakiratti nuu kennuuhedu asumarratti ariifachiisee nuu kenninnaa.

Guyyaa tokko Usmaan bara angoo isaa funyaan hamma dhiigni irraa dhaabachuu didutti yeroo dheeraaf funuunaanii ture. Yeroo kana nama Hamraan jedhamu naaf yaamaa jedhee yaamaniif. Erga Hamraan dhufee booda Barreessi waan an sitti himu jedhee ajajeen. "Na booda Angoon akka Abdurahmaanif kennamtu dhaamsa koo barreessi." jedheeni Hamraanis barresse.

Erga geesse booda Hamraan gara Abdurahmaan Binu Oowfii deemun isa gammachiisuf jedhee akka Usmaan angoo isaaf dhaame itti hime.



## Uf Gadi Qabiinsa Abdurahmaan

Abdurahmaanin gammachiisuf dubbiin itti himan, garuu isaa yaada itti buuste. Jidduu qabrii fi menbaraa dhaabachuun akka Usmaaniin dura Rabbi isa ajjeesu "Yaa Rabbii dhugumaan ati ka mootee, Angoo Usmaani fi waan bulchiinsi isaalle taate, dhuguma amriin teeti! Akka Usmaan dura an du'u naaf awwaadhu." jedhee angoo jibbiinsarraa ka ka'e, angoo qabatee jiraachu irra du'a isaa filate.

Akkuma kadhaa isaa Rabbiinis awwaateefii kadhaa isaa booda ji'a jaha turee Usmaanin dura du'e.

Sa'aad ilma Hasan ka gosti isaa teymi akkana jedhe "Abdurahmaani fi gabroonni isaa, uffanni isaanii fi nyaatni isaanii garaagarummaa hin qabuu ture." jedhee nuuf gabaase.

## Du'a Abdurahmaan

Waa tolee jiraa Abdurahmaan Binu Oowfitif. Isa angoo irra du'a filachuun "Rabbi na ajjeesi." jedhee du'a kadhate. Dhugaa yooma dubbatanuu namni hin amanu, hamma jedhanitti seenaan isaa himaafu kan ulfaattu dha. Goota sanis biyyeen dandeettee of keessatti liqimsite. Goota wareegamaa ka ardii irra osoo lubbuun jiru, jannatni akka badhaasa isaa taate itti himame kana. Lubbuun sahaabdota nabii Rabbi ﷺ Abdurahmaaniin of biraa dhabuu itti obsitee, erga inni umrii 75tti du'e booda Sa'aad binu Waqqas kan

eessuma Rasuulaa ﷺ ta’e fa’atu reeffa isaa baadhatanii, Usmaan Binu Affaan irratti salaachisuun addunyaa kanarraa isatti nagah dhamanii, gara mana aakeraa ka Nabi Muhammadiyyuu ﷺ irraa hin hafinitti geegessan. Haala kanaan Aliyyi fa’a ta’anii Madiinatti bakka qabrii baqii’i jedhamtutti sahaabdicha guddaa ulfaataa kana awwaalan.




# “8” SA’AAD BINU ABII WAQQAAS

Sa’aad miseensa koree warra marii jahaati. Warroota kurnan osoo lubbuun ardirra jiran jannatan badhaafamanii keessaa tokko. Warroota dura nabi Muhammadin ﷺ hordofuun iddoo isaan deeman hunda waliin deeman keessaa tokko. Eessuma Nabi ﷺ Rabbitille. Goota lubbuun isaa akka leencaati. Goota duulaa dirree Al-qaadasiyyaati. Tokkoo warra magaalota hedduu lolaan cabsee baneeti. Akkasumaa tokkoo warra ibidda majuusaa, tan gabbaramtuu taate dhaamseeti.

Sa’aad binu Abii Waqqaas gosa kabajaa fi ulfinna guddaa qabduu irraa Makkatti dhalate. Innis ulfinna gosa isaaniitif qooda ganamaan taate osoo hin tuffachiisin, maqaa hamaaf osoo hin oolchin ijoollummaa isaa akka nama umriin waataraa (umriin cimoometti) yaadaa, hojii kabajaa fi jaalatamummaa ummata biratti isaaf uumtu dalagaa, osoo akka dardaraa tapha bu’aa dhabeessa ta’e hin taphatin, osoo ijoollee waliin hin hofin, guddate.

Yeroo umriin isaa ijoolletis; dandeettii waan tokko dogongoraan malee murteessuu irraa kan ka’e, akka umriin isaa nama guddaatti kabajamaa ture.

Sa'aad Binu Abi Waqqaas eela kaafirummaa fi dukkana miidhaa ummanni Makkaa itti tare, harka humna qabu qabatee, keessaa ol harkisee, gara ifa aduu qaama isaani kan bishaan shirkiitin jiidhee wal gahe, akka gooyfatan godhuuf hawwaa ture. Hawwiin isaa kun hundi osoo islaamummaatti Rabbiin Nabi Muhammadiin ﷺ hin ergi dura ture.

Yeroo ijoollummaa isaa irraa kaasee, yammuu hiriyyoonni isaa tapha fafaa taphattu inni akka nama duulli lolaa guddaan itti jirutti, Xiyya, Gooboo (kan xiyya ittiin darban) fi Gaachana dalagaa ture. Rabbi gaachana amantii Islaamaa isa godhuuf, daa'imummaan shaakala isa eegalsiise.

Sa'aad osoo hin islaamahin guyyaa sadi dura abjuu [manaaba] arge. Akka inni abjuu isaa san himeetti; "bishaaan tuujii guddinna irraa dukkana uumate keessatti kufe. Garba itti kufe keessaa anaa bahuuf dhidhiitataa jiruu, ifni baati wahi naaf ife. Garba itti kufe keessaa bahe ifa san jala deemun gara bakka baatiin sun irraa baatuu yoo an gahu, Namoota sadi gara ifa sanitti na dursan arge. Namoonni sunis Zeydi Binu Haaris, Abubakar Siddiiqi fi Aliyyi turan. Hangam akka isaan na dura achi turan itti siqee yoo an gaafadhu, sa'atima takkaaf akka ta'e natti himan. Yeroo kana hirribaa dammaqe. Akkuma hirribaa dammaqeen yoo an gad bahu lafti bariitee jirti. Makka keessaa hamma bubben isiillee Nabi Muhammad ﷺ



islamummaatti nama waamaa jira dubbii jettu deemtunitti ummanni hafarsaa jira."

Sababa kanarraa ka ka'e innis abjuu arge hiikachutti seene. Booda gara nabi Muhammad ﷺ jirutti deeme. Nabi Muhammadii ﷺ fi hordoftoonni isaa Gaara keessatti salaata Asrii irraa bahanii jiran ture. Booda innis osoo namoonni tokkollee, ka inni abjuu keessatti arge malee, ka biraa hin dursin ta'un islamahe.

Sa'aad Ibn Abii Waqqaas islaamahuu isaa, Rabbii fi Rasuulatti ﷺ amanuu akka dhageetteen haati isaa; dararaa hadhooytuu isa dhandhamsiiste.

Akka Sa'aad dubbatetti Harmeen isaa ta inni ardii tanarratti waa cufa keessatti jaalala isii qabuuf jedhee isii durfatu, qormaata kufaati fi hoffaltii hin qabne, kan hoffaltii fi kufaatiin isaallee jiruu guutuu mukukkula sammuu fi onnee namatti taatu dhiheessiteef.akkana jetteen

"Yaa Sa'aad mee waa si gaafadhaa naaf deebisi." Maaltu amantii tee tan ittin ija banatte, kan abbootii keetirraa ganamaan dhaaltetti, si jibbisiisee fuula si jijjiirsisiise irraa garagalte? Jetteen."

"Eegaa waa lama filadhu; Amantii guyyaa keessa qabatte, Muhammadii ﷺ jala deemtu irraa deebi'uu. Kun immoo ta irra gaariiti. Yoo hin taane immoo; anaa harka kiyyaan soorata siif sooree, dhaabee si guddiseettu, Sababa amantaa

kee soorata lagadhee du’ee biyyee ta’a. Yoo san gaabbitee gaabbiin onnee si dhukkubsitee, dhukkubsatuu irra, Namni si balaaleffatee, nama haadha isaa ajjeese jedhee si wal akeekuu irra, waan filattu situu beeka.” jetteen.

Akkuma jettees guyyaa hedduuf nyaataa fi dhugaati didde. Hamma akka dungoo ibiddii itti qabatee baqee dhumuutti, foon isii irraa dhumee, lafee fi gogaa qofatti hafte. Lafeen isiis qal’dhattee ulee taate.

Sa’aad yoo kana cufaa waan harmee isaa yeroo yeroodhaan too’ataa ture. Harmeen isaa garuu xiiqii fi jibbiinsa amantii islaamaatiif qabdurra ka dur irra itti hammaatte.

Booda Sa’aad gochii isii kun hamma dhabee, obsa isa dhoowwee garaa muratee dhugaa sodaa Rabbii fi jaalala Rasuulaf ﷺ qabu tan onnee isaa keessa itti hime.

“Yaa deessee na dhageettaa? An jaalala jabduu sii qaba. Garuu jaalalli tee sodaa Rabbii fi jaalala Rasuulaaf qabu waa hin caaltu. An Rabbii fi Rasuula ﷺ siif jedhee hin ganu. Osoo ati lubbuu takkaa miti kuma qabaattee, kumeen sunis takka takkaan si keessaa bahaa jiraattee, amantii tiyya, dhugaa waa cufa ifa baasu, siif jedhee hin dhiisu. San irra du’a kee filadha.” jedheen.

Yoo kana haati isaa murannoo, amantiif gad jabaatuu, Rabbii fi Rasuulaaf ﷺ jedhee waan fedhe wareeguu isaa gartee, waa cufa madaaltee, garaa murattee, osoo hin





jaalatiin lubbuu isiitif nyaata nyaatuu eegalte. Rabbiinis Suraa Ankabuut aayata (8) tan armaan gadii tana haala jara lamaanii irratti buuse.

﴿وَإِن جَٰهَدَاكَ عَلَىٰٓ أَن تُشۡرِكَ بِي مَا لَيۡسَ لَكَ بِهِۦ عِلۡمٞ فَلَا تُطِعۡهُمَاۖ
وَصَاحِبۡهُمَا فِي ٱلدُّنۡيَا مَعۡرُوفٗا﴾ [لقمان: ١٥]

## Duula Badriitiifii sa’aad

Rasuulli ﷺ yeroo tokko nama muraasa basaasummaaf gara Hijaaz erge. Waraana basaasummaaf ergame keessaa Sa’aad Binu Abi Waqqaas tokko ture. Ergaa basaastummaa tanarratti Xiyya diinatti darbatuun nama yeroo duraatif, diin islaamatif jedhee xiyya darbate tahe.

Sa’aadi fi obboleessi isaa Umeyir ka umriin isaa ijoollummaarraa ganna kudha shan hin caalle, Duula badrii duuluuf iddoo Rasuulli ﷺ waraana kurfeessutti waliin argaman. Umeyir Umriin isaa xinnaa waan tureef Rasuulli ﷺ hiriira waraanaa keessaa isa baase akka hafuuf jedhee. Yeroo kana Umeyir umrii isaattu xinnaa dha malee, dheebuun inni jihaadaaf qabu waan akkaan guddoo taateef, lola kanarraa hafuuf deemuu isaa obsuu hin dandeenne. Imimmaan gadi naqee boohuu eegale. Rasuullis ﷺ yeroo kana boohichi isaa kun isa quuqeenii akka deemu eeyyameef.

Eyyama kana Umeyir qofa osoo hin taane Sa’aadis itti gammadee, obboleessa isaa kan waraana hidhachuu hin

dandeenne, kan irreen hin jabaatin kanaaf meeshaa lolaa hidheefii, gammachuun gara dirree lolaatitti waliin bahan.

Booda garuu yeroo waraanni lola geessee duularra gara Madiinaa galu; Sa'aad obboleessa isaa kan dirree badritti waliin gammadaa deeman, gatee kophaa isaa gaddaan mararfataa gale. Umeyir mucaan xinnoon, kan onnee isaa malee humni isaa hin guddatin sun; wareegamee obboleessa isaa Sa'aadin gatee biraa gara mana aakeratti baqate.

## Duula Uhudiifii sa'ad

Duula Uhud irratti waraanni muslimootaa ka Rasuulli ﷺ Gaara uhud irra qubsiisan, Rasuulli ﷺ akka Gaara tana gadi dhiiftani hin bu'ine jedhanii lola dura itti dhaaman isaan dhiisanii bu'an. Yeroo kana waraanni kaafiraa dirreen mijooftee fi Fardaan itti marsanii muslima gargar facaasan. Hedduun isaanii dhumnaan, hedduun isaanii baqatan. Namootni kudhan gahan garuu Nabi Muhammad ﷺ biratti hafuun diina isaan ajjeesuf itti dhihaatu irraa lubbuu isaanii tan Nabi ﷺ dursiisanii of wareeguuf, ofii du'anii Rasuula ﷺ hanbisuuf nyaapha irraa deebisaa turan. Warroota sanneen keessaa Sa'aad Abi Waqqaas tokko ture.

Lola kanarratti Roorroon hammaatte jennaan Rasuulli ﷺ Sa'aadif Xiyya kennaafii "Yaa Sa'aad darbadhu ati Aayyoo fi Aabboo kootin furamaadha." jedhaniin.





Sa'aad haala saniin maqaan isaa Rasuula ﷺ biratti yaamamuun ijaa fi humna nyaapha hollachiiftu taate isa jabeessite. Yeroma kana gurbaa Mushrikaa kan akkaan ummata muslimaa miidhutti jiru tokko Rasuulli ﷺ fagootti argee sa'aadin ajajeen, Sa'aadis xiyya isaa madaalee itti gadi dhiise. Xiyyi inni madaale gadi dhiise iddoma inni tilmaameef geette. Dardartichi duraan muslima qaqqalee lafatti kuffisaa ture, dabareen isaa sababa harka Sa'aadin geettee, takkattima xiyyi kallaca isaa argatteen miilaan lafarraa ol ka'ee, lafatti gadi dhahe. Yoo kana Rasuulli ﷺ hamma qaariffaan isaanii mul'attutti kolfan. Dardartichi Sa'aad xiyyaan dhahe kun; uffanni isaa irraa gargar saaqamee qaamni isaa kan saalaa badhetti bahee, du'ee raqa fakkaate.

Lola kanarratti Sa'aad akka dubbatetti "namoota lama kan Rasuula ﷺ waliin uffata a'adii uffatanii lolan arge. Namoota san kanaan duras, achii boodas takkaalle hin argine."jedhe.

Akka Haafiz barreessetti "Namoonni sunninis; Mala'ikoota Jibriili fi Mikaa'il turan."

Erga lola kanaatii booda Sa'aad jiruu isaa guutuu jecha Rasuulli ﷺ "ati Aayyoo fi Abboon furamaadha." ka jedhaniin san yaadataa gammadaa ture.

Sa'aad binu abii Waqqaas onnee gootoomen, irree isaa

jabeeffatee duula Rasuulli ﷺ duulan cufa hirkoo Rasuulaa ﷺ ta'ee isaani fi Rabbii diin islaamaa nuuf buuse tajaajilaa ture.

Erga du'a Rasuulaa ﷺ boodas sahaabota duuka hiriiruun diin islaamaa utubaa isaa jabeessanii gadi dhaaban. Yeroo angoo kaliifaa Abbaa Bakariitis; osoo jalaa hin laafiin irree islaamaa ta'uun, daandii Rabbitti isa geessu irra tolaan imalaa ture.

Bara bulchiinsa Umar keessa ummanni Faaris dagaaginna islaamaa cunqursuuf lolaaf ka'an. Umar dubbii kana akka dhagaheen, biyyoota bulchiinsa isaa jalatti bulan cufatti xalayaa aarifachiisaa erge.

Akkuma inni xalayaa irratti dhaame: Namni meeshaa waraanaa, Farda lolaa, Nama mala beeku, Nama haasaa godhuu danda'u, collee, walaloo qindeessuu danda'u, fi waan lolaaf ta'u kan qabu hundi akka yaamicha isaa kabajee Madiinatti dhufu ajaja baase.

Ummanni biyya bulchiinsa Umar keessa jiraatan, hawwii jihaadaa ka qaban hedduun isaanii, yaamicha Amiira Mu'mintootaa awwaatanii kallattii hundaan, gootummaan bookkisaa Madiinatti wal gahan.

Ummata akka hongeen itti buutee soorata agabee, dheebotutti jihaada beelahee, dheebote kanaaf, Umar nama isaan karaa Rabbii fi Nabitin ﷺ isaan hogganee,



gara galma milkiitti isaan geessu filuuf murteeffatee, ummataan waliin maritti seene. Yeroo kana ummanni afaan tokkoon Sa'aad dhihoo Rasuulaa ﷺ kan eessuma Rasuulaa ta'e filatan.

Umaris filmaata ummata kanaa jaalatee, Amaanaa fi Alaabaa diin islaamaa, Hoggansaa fi Angoo waraana kanaa Sa'aaditti ba'aa hammana gahu itti kenne.

Ajama Arabaaan lolee cabsuuf gootota onneen isaanii leenca daggalaa isaan goote walitti qabamaniif, Hoggansa Sa'aadin yoo inni Madiinaa ka'e, Umar Sa'aadiin addatti isa baasee gorsa galaa siinqii hundarraa caaltu isaa hidhe."Yaa Sa'aad ati eessuma Rasuulaa ﷺ ta'uun sin dagin. Akkasuma sahaaabaa Rasuulaas ﷺ ta'uun sin dagin. Rabbiin jabaan cubbuu cubbuun hin dhiqu. Toltuun cubbuu dhiqa malee. Rabbi nama tokkoonille firummaa hin qabu. Waan inni dalageettu Rabbitti isa kaleessa malee. Rabbiin biratti, sadarkaa qabatinsaa fi laaffinsaan wal hin caalan. Sodaa Rabbiitiini malee. Badhaasni jannataallee haala kanaan dhufti. Amrii Rabbii kan Rasuulli ﷺ itti yoo dalagan agarteen, dirqama kee kana akka baatu." Kana hunda erga gorseenii booda Sa'aadiin eebba godheefii geegesse.

Waraana kanniin keessaa, namoonni lola badrii irratti guumaacha diin islaamaatif godhan nama sagaltamii sagal, namoonnni dhibba sadihi fi kudhanii ol ta'an immoo warroota beey'atul Ridwaan, dhibbi sadih immoo warra

Makkaan Rasuula ﷺ waliin cabse. Ijoollee sahaabotaa dhibba torbaa fi loltoota biraa waliin ta'uun, seenaa muudaa hin qabne, tan hanga har'aatti islaama boonsitu galmeessuf karaa bu'an.

Naannoo Al-qaadasiyyaa jedhamu erga waraana qubsiisee booda Sa'aad Binu Abii Waqqaas: Nama murtii karaa Rabbii fi Rasuulaa ﷺ irratti kennu, Nama boojuu qoodu, nama yaamicha karaa diin islaamaatti godhu, Nama waraanarratti dubbiidhan onnachiisee kakasuu fi akkasuma nama afaan arabaa turjumaanu ka Faarisitti filate. Basaasa qindeesse gara gandootaa fi magaalota itti duuluf deemanitti erge.

Erga gurmuu waraana tokkoo waan barbaachisu hunda qindeessee, guuttatee booda gandoota xixiqqoo naannoo Faaris jiran banuuf, waraana iddoo heddutti qoqqoodee erge. Hundinu milkaa'anii galan.

Osoo lola hin eegaliin dura ummata Faaris tolaan gara amantii islaamaatti seensisuuf namoota haasawa danda'an, bulchaa Faaris kan ta'e Kisraa fi Abbaa duulaa (ajajaa waraanaa) Rustumitillee nama erge.

Namoonni ergaman kunniin akka hojii Rasuulaa ﷺ islaamummaa fudhachuu, Yoo hin tahin gibira kennuu fi yoo filmaata isaani dhihaate kanneen didan; akka isaaniin loluuf qophaahan hubachiisaniin.



Hundi isaanitu filmaata isaanif irra tolu ka dhihaatef didanii lola filatan. Haala kanaan duulli kurfaahee, Sa'aad aayata qur'aanaa suuraa Anfaal akka qar'amu ajaja kenne.

Loolli jalqabuuf yeroon Muraasni yoo isaa hafu Sa'aadin dhibeen qabdeen. Dhibeen isa qabe kun Sa'aadin; Yaabbifi lafa taa'ulle isa dhooggee, qomaan boraati irratti hirkataa fi ciisichatti isa deebiste.

Sa'aad Rabbii gaditti qaamni isaa ta inni abdate, isa gante. Haa ta'uyyuu garuu inni abdii hin kunne. Iddoo isaa nama ajaja isaatin waraana ummata muslimaa ajaju, ka maqaan isaa Kaalid Binu Urfuxaa jedhamu bakka buufate.

Lolli eegaluuf waa cufti qindaa'ee yoo jedhan, salaatni zuhrii yeroon isii geette. Sa'aadis osoo salaata Zuhrii hin salaatin akka waraana hin eegalle ajaja kenne.

Waraanni muslimaa salaata Zuhrii salaate akka irraa baheen, Sa'aadis ummata muslimaa onnee isaanii gootomsuuf, Haasawa isaan kakaasu godhe.

Dhuma haasawa isaa irratti dhaamsa jajjabdu dhaameef. "Allaahu Akbariin: ummata nabi Muhammadiif ﷺ malee hin kennamne. Yoo an Allahu Akbarii duraa jedhe isinis Allahu Akbar jedhaa. Funyoo kophee keessanii sirritti hidhadhaa. Allahu Akbarii lammataa yoo an jedhe, meeshaa keessan hunda kurfeeffadhaa. Yoo sadaffaa Allahu Akbar an jedhe, Si'aayani goototni haa duratti

bahan. Kaafira haa ari'an. Allahu Akbarii afraffaa an jedhu, Ilkaan keessan ciniinnadhaa, Garaa keessan jabeeffadhaa. Nyaapha keessanitti fiigaa, rifachiisaa, itti shorroqaa, humna keessan walitti qindeessaa jabeessaa jabeeffadhaa. Akka bitoon harka naannessitutti diina itti marsaa. Baha isa dhoorkaa." jedheen.

"لاحول ولا قوت إلا بالله" "Malli naaf hin jiru, Dandeettinillee naaf hin jirtu, ka Rabbii tokkochaa malee." jedhaa kadhaa tana kadhadhaa.

Ummanni muslimaas; dandeetti Rabbii qarqarsifatanii, akka akeekaa Sa'aaditti deemanii duula san irratti dhukkee fi reeffa nyaapha walitti qixxeessan.

Dhumarratti abbaan duula kuffaaraa Rustumiin morma isaa irraa kutanii, eboo irratti fannisuun, yoo ittiin dhadatan kuffaarran dur gootummaan lolaa turan irreen isaani tan luuynomte, tan gadhee taate, baqachuu eegalan.

Waraanni kaafiraa ka hafe immoo rifannota irraa kan ka'e dhamaasaan isaan qabattee, hamma guraadee isaanii harkaa fuudhanii isaanin ajjeesan gahan.

Guyyaa sadihi fi qixxee booda; lakkoofsi waraana dhumee hedduminnarraa kan hin beekkamnee fi kan bishaanitti duudee dhume qofti kuma sodddama akka ta'etu himama. Boojun lola sanirraa argame lakkofsi isaa tilmaamuu hin dandeenye.




Haala kanaan Sa'aad waraana hogganuun lola hijraa boodaa ganna kudha jahatti adeemsifamte, Al-qaadasiyyatti moo'atee gammachuu fi milkii guddaa argamsiisee, Faaris guutu bulchiinsa muslimaa jala oolche. Ummanni muslimaas kan galataa isa godhate.

## Baniinsa Mana A'adaadii

Jaabir ilma Samraa akka Rasuularraa ﷺ odeessetti "Ummanni kiyya banuuf deema manneen a'adaadi mooticha Faaris (Kisraa)." Ahmadi fi Muslimtu galmeesse.

Ammas Jaabir akka odeessetti Rasuularraa ﷺ "ummanni kiyya dilboo (kaaznaa) mooticha Faaris banuuf deema." Muslim akka gabaasetti.

Sa'aad lola Al-qaadasiyyaa booda ji'a lama guutuu biyyoota gita bittaa Faaris jala turan, harka muslimtootatti deebisuuf loolaa ture. Magaalota inni bane keessaa; Birsi, Baabil, Bihirsiir.. fa'a.

Mul'ata Rasuulli ﷺ ummanni kiyya gamoo a'adii bana jeedhanii dubbatan sanis yeroma kana banuun dhugaa taasise, Masaraa mootii Kisraa manneen A'adii fi naannoowwan isiillee jiran falmii ciccimtoo, munaafiqaan morma wal qabataa bulchiinsa muslimaa jala oolche.

## Dhagahama Kadhaa Sa'aad

Sahaaban kadhaa Sa'aad yoo inni Rabbii isaa kadhatu ta lafa hin geenne tana qalbisanii; maalirraa akka carraa

kanaaf gahe isa gaafatan.

Sa'aadis deebii sahaabdotaaf kennetti, eebba Rasuulli ﷺ isaaf godhanirraa akka ture dubbate.

Akka Xabraaniin gabaasetti "guyyaa tokko sahaabonni Sa'aadin kadhaan kee akkanatti awwaatamuun maalirrayyi jechuun gaafatan. Sa'aadis duula lola Badrii keessatti; Rasuula ﷺ dura dhaabadhee yeroo diina Rasuula ﷺ irraa deebisaa turetti Xiyya afaan goboo irra kaayee, "Yaa Rabbii hirpha nyaaphaa sosochoosi, qalbii isaanillee sodaa itti buusi.", jedhee waan akkanaa kanniin kadhataa yoo an darbadhu, Rasuulli ﷺ dhagahanii "Yaa Rabbi kadhaa Sa'aad awwaadhuuf." jedhanii naaf kadhataa turan, jechuun Sa'aad sababaa awwatama kadhaa isaa dubbate.

Bara Kalifaa Umar keessa Sa'aad dura bu'aa magaala Kuufaa yeroo turetti, Umanni kuufaa Umaritti himata Sa'aad irraa qabu iti ergate. Umaris Sa'aadin yaamsise isa shaaree [angoo irraaabuusee] bakka isaa Ammaar Binu Yaasir buuse.

Sa'aadis erga Umaritti dhaqee booda maalif akka isa yaamsise gaafate. Akka ummanni kuufaa himata itti bane ibseef. Sa'aadis himata kanatti dallanee "Ani dura Arabaati, ka dura xiyya diinatti darbate. Ani duula cufa ka Rasuulli ﷺ yoo duulu waliin duule. Ka duula san keessa hamma siinqiinillee nuuf hin jirretti, baala nyaataa hanga akka Gaala, akka Re'ee shishii buufnu takka geennetti



duulle. Aniin kana cufa dalage yoo akka ummanni kuufaa na himate ta'e, dalagaan tiyya cufti badde. Ani akka Rasuulli ﷺ yoo lubbuun jiru ummata bulchaa turetti fakkeessifadhe yoo ani hin bulchin dubbiin tiyya badde." jedhe. Umaris an dhugaa akka ati jetteen si beeka jedhee isa jabeesse.

Umaris himata Sa'aadittii baname kana mirkaneeffachuuf, namoota itti amanu keessaa nama filatee Sa'aadin waliin gara magaalaa kuufaatti isa ergee akka himata ummanni isarratti bane kana gaafatan ajaje.

Namootni Umar erge Sa'aadin qabani Masjiidota kuufaa keessatti argaman irra naannahaa himata Sa'aaditti qaban gaafatan. Masjiidota hedduu deeman keessatti tola ooluu isaa dhagahanuu, dhumarra masgiida tokkotti wanni isaan muudate kan addaa ture.

Namtichi maqaan isaa Usaamaa binu Qataadaa jedhamu, erga badii isaa feetan jedhee himata Sa'aad irraa qabu itti tarresse.

1. Sa'aad kun waraana waliin hin duulu.
2. Boojuu wal qixatti nuuf hin hiru
3. Murtii kennuu irrattis wal hin qixxeessu, jedhee isa himate.

Sa'aad yoo kana rifatee, yoo namni kun kan na argaaf dubbatu tahe, waa sadihin itti kadha. Umrii isa dheeressi, hiyyummaas

itti dheeressi, mokkoraaf isa kahi jedheenii isa abaare.

Abdul Malik akka Usaamaa binu Qataadaa ka Sa'aad abaarerraa odeessetti 'Usaama kana yeroo dheeraa booda isaa nyaarri ijaa itti dheeratee, dullummaa irraa fuularratti gad jige, kan mokkoraaf kararra taa'ee dubarti qimmidu (mushuushu), ka Abaarsa Sa'aadittu natti qaqqabe jedhee haasawaa deemu isa arge jedhe.'

Qeysi ilma Haazim akka Sa'aad irraa dubbatetti 'Guyyaa tokko ummata hedduu taanee, namticha waa'ee Aliyyii binu Abi Xaalib haasahutti marsinee osoo dhageennu, Sa'aad dhufee maalitti akka nu marsinee dhageeffannu laale. Erga haaswa addaan baree booda gara namticha yaabbi gubbaa ta'ee, badooma Aliyyi himutti ummata of jalaa qabaa dhihaate. Ful dura isaa dhaabbate.

Akkaan ka dallane Sa'aad "Yaa abboo maal haasawutti jirta? Aliyyii dura nama ijoollee irraa amanee, nama salaata dursa Rasuula ﷺ waliin salaatee, hunda keenyarra Aliyyii dandeetti qabu, beekaa keenya, isa dirree waraanaa xiyyaa fi eeboo gidduutti sodaa malee alaabaa Rasuulaa ﷺ ol dhaabe, isa hintala Rasuulaa ﷺ Faaximaa fudherraa badooma dubbatta?." jedheenii erga namticha ummata duratti qaanessee, Aliyyirraa dhugaaa dubbate booda; mirkaniif jedhee gara qiiblaatti garagaluun; "Yaa Rabbii namtichi kun yoo inni ka jaalallee kee arrabsutti jiru ta'e, ummata kana dandeetti fi ogummaa keetin dhugaa isaan



beeksiftu malee addaan hin oofin." jedhee isatti Rabbii isaa kadhate. Rabbii dandeetti isaatin dhugaa sahaabdicha guddaa isaa ifa nuuf godheen kakadhee, Namtichi sun yeroma san horiin inni yaabbate isaan buxxuulee, osoo namni addaan hin faffaca'in namtichi yaabbii isaa irraa lafatti kufee, mataan dhakatti bu'ee du'e."

Sa'aad Binu Abii Waqqaas guyyaa tokko Makkaan dhaqnaan, Umanni makka waahee awwatama kadhaa isaa waan beekaniif, hedduun isaanii gara inni jirutti eebba isaa barbaacha itti dhaqan. Sa'aad dullummaa irraa ijji isaa lameenuu ka badde ta'ee ummataa osoo eebbisu, Gurbaan qaari'ee Makkaa tokko itti dhufe. "ka kadhaan tee akkanatti awwaatamtu taatee osoo jirtuu, maalif ija keetif Rabbi guddaa si dhagahu ofiif hin kadhanne?." isaan jedhe. Sa'aadis "An murtii Rabbi natti murteessetu na biratti jaalatamaadha. Fayyaa koo irraa jedhee fudhachuu jaaladha." jedhee deebiseef.

## Du'a Sa'aad Binu Abii Waqqaas

Gootni dirree lolaa fi qe'ee, inni nyaapha islaamaa dhahata qalbii sodarraa itti dabalsiise, Arjoomaan lubbuu fi dinagdee isaa kennate, gootni irkoo diin islaamaa fi Rasuulatif ﷺ ta'e, Umrii isaa dheertuu keessatti kan duulaan qooda guddaa fudhate, guyyaan Rabbiin isaa garaa haadhaatti itti murteesse geese. Gara jaalallee isaa Rasuulatti ﷺ lubbuun godaanuf, jannata keessatti isaan

qunnamuuf, waadaa Rabbiin osoo inni lafarra lubbuun jiru seeneef, qooda isaa fudhachuuf, jannata keessatti boqachuuf guyyaan isaa geesse.

Mus'aab ilmi Sa'aad Binu Abii Waqqaas akka Abbaa isaa irraa dubbatetti 'Abbaan kiyya hadhaa du'aa keessa yeroo jirutti gudeeda kiyyarratti isa erkifadhe. Abbaa koo sahaabdicha guddaa kana dhabuun natti ulfaatee imimmaan kiyya addaan cituu didee roobe. Yeroo kana abbaan kiyya "maaf bootta? yaa ilma koo Hin boohin! Rabbi na hin dararu. Ani warra Jannataati!." naan jedhe.'

Imaamu Zuhri akka Sa'aad irraa dubbatetti 'Sa'aad Binu Abii Waqqaas uffata ciccittuu suufaa takka garsiisaa, Yoo an du'e uffata tanaan na maraati, osoo uffata takka itti hin dabalin isumaan na awwaalaa. Uffanni tun ta an duula badrii keesssatti godhee diina Rabbii dura dhaabadhee, Rasuula ﷺ irraa ittiin lole. Uffata tana guyyaa kanaafis ol kaawwadhe." jedhee dhaammate.'

Sahaabdichi guddaan hojiiwwan boonsisaa fi dhaadachiisaa ummata islaamaf hanbise, Hanbaan seenaa isaa ka gadii takkalle of keessa hin qabne, Fakkeenyi dalagaawwan isaa kan Rasuulaa ﷺ fi kan Rabbii qur'aana keessatti hojiiwwan warroota irra gaggaarii jedhee nuuf buuse keessaa taate, kan osoo lubbuun jiru jannatni isa dheebotte, ka osoo warri seenaa barressu hundi wal gurmeesse sahaabaa tolli isaa galmaahee hin xumuramne san, ardii tanaa irraa gara mana



barri isii lakkawamee xumura hin qabnetti, gara mana ollaa Rasuulaa ﷺ taate tola waa hundarraatin guuttamtetti deemuf imala adunyaa kanaa xumurate deeme.

Eessumni Rasuulaa ﷺ bakka Aqiiq jedhamu kan maayilii kudhan Madiinarraa fagaatutti, lubbuun isaa qaama isaa keessaa garaa jabaatte baate.

Erga inni du'ee booda Reeffa isaa ceekurratti baatanii Madiinatti geessan.

Marwaan Binu Hakamtuu irratti duulatee (salaachise) iddoo Baqii'i jedhamutti awwaalame.

Ummu Salamaan akka jette." Sa'aad haftee Rasuula ﷺ Rabbiiti. Innillee nu gatee deeme." jette gadda isii ibsatte.

Du'a isaa boodas warroonni hojii isaa dhaalan, maqaan isaa ummata muslimaa biratti lubbuu horatee halkanii fi guyyaa akka yaamamu godhan.

# "9" SA'IID BINU ZEEYID

Leenca duula yamruuk. tokkoo kurnan warra jannataan badhaafame irraa ka ta'e. tokkoo warra dura islaamahe irraa ka tahe. tokkoo warra Rabbi irraa jaalate fi ka Isaanis Rabbii irraa jaalataniti.

Dacheen gaariin waanuma gaarii biqilchiti; akkuma jedhamu abbaan Sa'iid, Zeeyid Binu Amrii kophummaa filatee, mushrikkan makkaa irraa sababa siidaa gabbaraniif addaan bahe.

Zeeyid abbaan Sa'iid kun yeroo Arabni ilmoo durbaa lubbuun awwalanitti, inni "hin awwaalinaa!." jedhee, lubbuu durbaatif warra waan kana dalaguun walitti bu'uun of dararaa ture. Ilmoo durbaa abbaan ajjeesuf boollatti darbe erga fuudhee guddise booda, Abbaa isii dhaleetti geessun "Yoo feete guddifadhu, yookin anuu waan cufa danda'ee guddisaa." jedhee, ilmaan namaatif bara dukkanaa sanitti ifa ta'aa ture.

Re'ee ummanni Makkaa siidaa isaaniitiif dhiiga isii gad dhangalaasaniif "sila Re'ee Rabbiin uume, tan akkasuma Rabbiin inni bishaan gubbaa gadi roobeefi lafaa baala biqilchuuf, yoo siidaa ofii boccan kanaaf dhiigaa isii

dhangalaastan hin qaaneeffattani, sila hin saalfattani, Rabbii keessan hin sodaattani “jedhee ummata makka gorsaa ture.

Guyyaa tokko warra Makkaatif, ayyaanni siidaa tan waggatti al-takka kabajatu geettee, ummanni walitti yaa’anii siidaa harka ofiitin bocan, kabajaa gooftaan malu kennaniifii, ulfinna itti godhanii, irra naannawaa sujuudaniif, itti marsanii kadhaaf jala taa’an.

Waan kana ka balaaleffatan namni afurii maqoo (marii dhoksaa) waliin taa’an. Namoonni kunneen, Waraqaa Binu Nowfil, Ubeyidullahi Binu Jahishii, Usmaan Binu Huweyris fi inni afraffaan immoo Zeeyid abbaa Sa’iid ta’un waan ummanni makka itti jiru kana irraa fuula gargalfatanii Amantii Nabii Ibraahim (as) barbaadachuuf walii galan.

Haala kanaan biyyoota adda addatti baqatanii, amantiilee gara garaa qorachuuf, daandii gara amantii abbaa isaanii Nabii Ibrahimitti (as) isaan geessu sakatta’an.

Isaan keessa Waraqaaan Binu Nowfil amantii nasaaraa baratee isuma filatee, nasaara ta’e.

Ubeeyidullaahi Binu Jahishii immoo hamma amantiin islaamaa eegalamtutti amantaa nasaaraa keessa erga turee booda, muslima ta’ee Ummu habiibaa haadha mana isaa waliin gara biyya Habashaatti baqate. Booda garuu amantii islaamaa gad dhiisee Nasaaraa ta’ee biyyuma Habashaatti du’e.



Usmaan Binu Huweeyris immoo; gara biyya Ruumitti deemee mootii biyya Ruum qeysaar bira deemee achitti diin Nasaaraa baree kabajamee jiraata ture.

Abbaan Sa’iid garuu amantaa tamuu osoo hin seenin, naannoo foon baktaahe nyaatamu irraa, naannoo dhiigaa siidaaf jedhamee gadi dhangala’u irraa fagaate.

Yeroo dheeraaf amantaa Nabi Ibraahim (as) soqaa erga turee booda homaa waan isa gammachiisu dhabee jennaan gara biyya makkatti deebi’e.

Ummata makkaatin yoo hundaa “isin amantii Nabi Ibraahim (as) irra hin jirtan, gadi dhiiftanii waan ofii jaalattanitti gabbartan. Akka fedha keessanii, waan ofii feetan gabbartan.” jedhee, yeroo dheeraf ummata makkaatin wal dhabaa waan tuureef, Warri biyya makkaas waan inni siidaaf duulachuu isaanii hin jaalanneef, akkuma diinni diina jibbutti mushrikkan makkaas isa jibbaa turan. Keessahu abbaan Umar Kaxxaab dargaggooti itti qacaree akka inni gara Magaalaa makkaa hin seenne waan isa dhorkeef gaara makkaa keessa akka bineensa daggalaa babbadaa yeroo dheeraf ture.

Dhumarra gara biyya shaam osoo amantii nabi Ibraahim (as) barbaacha deemu biyya lafti isii ol kaatuu taatetti dhufe. Naannoo san yoo gahu Namticha beekkumsi amantii nasaaraa isa biratti akka waan hundeen isii isa taatee, achitti hiddaan lafa qabatte fakkaatu takkotti dhufe.

Waan barbaacha deemu namticha beekaa amantii nasaaraatin sammuun isaa badhaadhe kanatti itti hime. Amantiin Haniifaa (amantiin Nabii Ibrahiim) akka dachee kanarra hin jirree namtichis itti hime. Garuu waan inni barbaacha isiidhaaf raatahaa jiru ta caaltu “Biyya ati dhufte irraa yeroo ammaa kanatti Nabiyyiin haaran ergamee jira, Barri inni itti ergamu gahee jira.Yahuudaa fi Nasaaran biyya sanii isa hin jaalattu, deemii biyya keetti deebi’i.” jedhee qalbii isaa gammachuun badhaase.

Waan kana akkuma dhagaheen Zeeyid binu Amrii sardamaa gara biyya ofii osoo inni gammachuun itti ulfaattee, dhiphamaa qalbiin isaa Nabiyyicha ﷺ ergame, eennu akka ta’ee fi maal irratti akka inni nama ajaju beekuf osoo rarraatu, karaa irratti namaan waraaname, mana deemuf osoo hin gahin kararratti kufe.

Abbaan Sa’iid iddoo kufee ciisu irraa, dheebuu bishaan madda dhugaa fi qulqulluu irraa kan ka’e, osoo hin dhugin sababa hadhaa du’aa karatti hafe. Garuu bishaan dheebote san ilma isaa obaasuf hawwii qabu irraa, ija isaa gara samitti ol garagalchee “Yaa Rabbii yoo dhugaan Nabiyyiin siin ergame, an itti gahuu hin dandeenne, akka an hongawetti ilma koo Sa’iidin hin hongeessin.” jedhee rabbii isaa kadhatee du’e.

Kadhaa Zayid Binu Amrii kana Rabbiin dhagaheefi, Sa’iid Binu Zeeyid osoo Rasuulli ﷺ ganda Arqam binu Arqamitti hin galiin, dura warroota islaamummatti amanee ta’e.



Sababa islaamahuu isaa dararaa fi dorsisa hedduu isa dhandhamsiisaa turan.

Akka Qeyis ilma Haazim Sa’iid irraa dubbatetti; ‘ Osoo argitanii, yeroo Umar nu hidhee anaafi obboleetti isaa osoo hin islaamahin dura.’

Faaximaan Sa’iid abba manaa isii waliin islaamahun, Umariif sababa guddaa ta’e, akka inni amanuuf.

Sa’iid akkka ofirraa dubbatetti. ‘ Osoo nu gaara hiraa’i gubbaa jirruu, gaarri sosochoote. Yeroo kana Rasuulli ﷺ gaara miilaan gad dhiitaa, gaaraan “gad dhaabadhu!. Sirra ka jiru Nabiyyii, Siddiiq fi Shahide malee si gubbarra hin taane.” jedhan. Shahiidee dhan suniis;- Umar, Usmaan, Aliyyi, Xalhaa, Abdurahmaan, Zubeeyir, Sa’aad fi Sa’iidi.’

## Awwaatamuu Kadhaa Sa’iid

Akka Hishaam ibnu Urwaa abbaa isaa Irraa nuu oddeessetti Arwaa intala Ureyis bulcha yeroo sanii Marwaan kan tahetti dhaquun “Sa’iid daangaa na dhiibe.” jechun himatte. Sa’iidis “dubbii (hadiisa) nabii ﷺ dhagahee akkamiin dachii isii fudha?.” jedhe. Marwaanis nabii ﷺ irraa maal dhagahe laata kan jedhu irraa “mee nabii ﷺ irraa maal dhagette?.” jedhee gaafateen. Sa’iidis ana ergamaa Rabbi ﷺ namni taakkuu takkallee dachii namaa dhiibe, guyyaa Qiyaamaa dachi turban irraa itti gad dooqeffama (itti fannifama) kan jedhu dhagahe.

Marwanis eega hadiisa irraa dhagehee “ani kana booddee ragaa takkallee sirra hin barbaadu.” jedheen dhugoomseen.

Sa’iidis akkana jechun intala isa himatte abaare ‹’Yaa rabbi yoo isiin ka kijibdu taate ija ishee ballessi. Dachee isheen naan falmite tana kessatti ajjeesi’’ Rabbinis akkuma giddu kiyyaa fi miidhamaa girdoon hin jiru jedhe waadaa guutee kadhaa isaa awwaatefi, ijji ishees badde osomaa dachee san keessa deemtu boolloma orruu san kessa buutee duute. Dachuma san keessatti awwaalamte.

Akka bektonni tokko tokko nuu odessanittis akka ani daanga itti hin dabriniragaa naf bahi jechunis kadhatee robni takkaahu akkasitti naannaha sani hin roobin roobee, dachee irraa biyyee dhiqee daangaa isheen itti falmite san ifatti baase dhugaa dubbatuu isaa dirree baase.

## Karaa Rabbii Keessatti Duuluu

Sa’iid duula nabi Muhammad ﷺ dulee takkallee biraa hin hafne, duula badrii malee. Duula kanas faaydaa lubbuu ofii ykn sodaadhaf hin hafne. Hajaa Rasuulaatif ﷺ malee. Ergamaanis ﷺ Sa’iid hawwii duulaa qabaachuu fi ajaja isaatif qofa hafuu waan bekuuf boojus akkuma warra duulanitti qoodef.

Duulota inni gahee keessati taphate keessaa tokko duula yamruuki. Duula kana keessatti teessoo Kisraa fi Qeysari gargalchuu irratti Muslimoota wajjiin gahee guddaa taphate. Oduu guyyaa kana matuma isaatin akkana jechuun nuu oodesse ‘’Nuti gaafa duula yamruuk tilmaamni namaa 24000 ni taana ummatni ruumi immo 120,000 kuma dhibba tokkoofi digdama. Haala Ulfinni tarkaanfii isaanii gaara sossootu fakkaatuun, kan qeesotni dura isaanii masqala baatanii sagalee ol fuudhuun yoo jarri faarsan, waraanni duubaa jalaa qabaa, akka mandiisa roobaa sagalee nama rifachiisuun deemaa dhufan. Muslimootnis haalaa fi bay’inna isaanii arginaan onneen isaanii sodaan liqimfamte.



Abu Ubeydaa Ibnu Jarrah ajajaa waraana muslimtotaa kan yeroo sanii ka tahe. ka’ee dhaabbatuun “Yaa gabroottan Rabbbii, Rabbiif tumsaa Rabbiin isiniif tumsaa, faana teessaniinis gadi dhaabadhaa yaa gabroottani Rabbii, obsaa, obsi kuffaararraa nagaa nama baasti jaalala Rabbii namaaf argamisiifti. Qaanii (eyibii) jalaa nama baasiti. Eeboo keessanis kurfeeffadhaa, gaachana keessanin dayadhaa, lubbuu keessan keessatti faaruu Rabbii malee waan biraa hin dubbatinaa hamma ani isin ajajutti.” jechun waraana isaa keessatti onnee uumee. Yeroma kana gurbaan tokko hiriira waraanaa keessaa bahee, “yaa Abbaa Ubeeydaa Ani shahidurratti muradheetin jiraa, waan jaalallee keetti siif himu waan dhaamattu qabdaa? Jedheen. Innis ee nin qaba! salaamtaa kiyyaaf kan Muslimtootaa nurraa geessi. Itti ansun yaa ergamaa Rabbii ﷺ nuti arginee jirraa, waan Rabbiin waadaa nuuf seene.” jedheen. Mucaan kun akkuma

ergaa fudhateen kophaa isaa seeyfii luqqifatee waraana keessaa bahuu arginaan aniis bararee fuul dura warana kaafiraatti jilbifadhee bakka qabadhee eboo darbadhee goota ruumi kan duraa akkuma ajjeeseen. Rabbiin sodaa onnee tiyya kessaa dhabamsiisee, diina fixuu irratti utaalee ummatni muslimaas na duubaan itti fiigee haala kanaan Rabbiin tumsa nuuf godhee ruumin cabsine jedhe.

## Du'a Sa'iid

Hanga Rabbiin isaaf qoode jiraatee, rizqiin isaa dachii irraa dhumnaan sahaabdichi gootummaa fi arjummaan islaamummaa babaldhisuu keessatti gumaacha guddaa godhe, leenci leenca qureeyshaa Amiiraa Mu'umintootaa Umariin islaamummaa keessatti fakkeenya amanuu ta'eef, jiruu isaa Rabbiif jiraatee gaafa umriin isaa 70 hijraa irraa wagga 50 ykn 51 tti bakka aqiiq jedhamutti addunyaa irraa gara jannata Rabbii, gama mana isaa kan kophaatitti gama jaalalleedhan isaatti godaane. Reeffa isaa gara Madiinaa fidanii akkuma inni jiruu isaa keessatti amantii islaamaa kabaje, Rabbiinis isa kabajee reeffa isaa Sa'ad binu Abii waqqaas dhiqee Abdallah Ibnu Umar wajjiin qabrii kaahanii geggeessan.




# "10" ABU UBEEYDAA BINU JARRA

Aamir binu Abdallah binu Jarrah

"Ummata cufaafuu nama amanamattu jira, amanamaan ummata kiyyaas Abu Ubeeyda binu Jarraahiiti." jedhe nabi Muhammad ﷺ

Bareedaa fi ifa fuulaa, kan laaluuf nama harkisu, kan qaama qal'aa, kan dhaabbannaa dheeraa, kan fuulli isaa gad qajeelaa fi qal'aa, kan ijji yoo isa laaltu gammaddu, kan lubbuun isa arguun qofa bohartu, kan onneen yoo isa argitu tasgabbii argattu, kan hedduu qaanfatuu fi gadi uf-qabu, nama amala salphaa kan fuula bashaashaa, kan yeroo haalli jajjaboon argame haala fi amala isaa hunda lafa kaawwatee akka leencaatti utaalu, kan fuulli isaa akka bakkalcha urjiitti ifu, irra caalaa amanamaa ummta Muhammad ﷺ, Innis Aamir binu Abdallah binu Jarraah al-fihiruyyu al-qureyshiyyu dha.

Ta'ullee garuu Aamir Binu Abdallaah kun, maqaan isaa kan cooraa fi kan ittiin hedduuu hordoftoota amantii Islaamaaa biratti beekkamuun "Abu Ubeeydaa Binu Jarraah." jedhameeti. Abdallah ilma Umaris baredinaafi amala Abu-ubeeydaan ummata Qureyishii biratti qabu

akkana jechuun faarseen “Namni sadi Qureyishi keessaa irra bareedoo fuulaa, irraa gaarii amala fi irraa qaanfatoo namaati. Yoo siin hasawan kan sitti hin kijiibne, yoo itti haasofte kan si hin kijibsiifneedha. Isaanis Abbaa Bakri, Usmaan binu Affaan fi Abu Ubeeydaadha.”

Akkaa Abdalla ilmi Umar nuuf odeessetti; tarree nama malaa’ikaan irraa qaanfattuu (Usmaan binu affaan) fi erga Anbiyootaati fi Rusultootaatti nama imaana qabaachuun, sadarkaa duraa qabate (Abbaabakri) wajjiin isa hiriirseen.

Abu Ubeeydaan erga Abaa Bakarii islaamahee booda guyya lama turee islaamawun, warroota dura mi’aa islaamummaa dhandhamanii bu’uura islaamaa tahan keessaa tokkodha.

Akkuma mi’aa islaamummaa ergamaa Rabbii ﷻ irraa dhandhamee, Qureyishotarahis hokkorsaa fi dararaa warroota duraa, kan akka Bilaal wajjin cinqii namni tokko erga gaafa islamummaan ife irraa, hanga guyyaa har’aattii hin dhandhamin dhandhamuun, dararaa guddinni isii Gaara uhuditti madaaltu itti obsuun, amantii islaamaa dhiiga isaanitin utubaa dhaaban.

Dararaan inni islaamummaa keessatti dararame, wanta herreegdon herreegu hin dandenne, tan sammuun namaa ni taha jettee hin eegne, tan yeroo dubbatan arrabatti ulfaattu, tan onnee namaa laalessitu dhandhamuun, qaamaa fi lubbuu isaa aarsaa godhe.





Gumaacha inni godhe keessa tokko; kan guyyaa lola Badrii godhe. Guyyaa kana Abu Ubeeydaan seeyfii isaa hidhatee hiriira kaafirtootaa dhoose. Addaan dhoosiinsa nama du’a hin sodaanne, irraa naannawee, babbaqaqsee lola kaafiraa keessaa seene. Gootni tokko gaaru kaafirtoota keessaa akka inni hin lolleef fuula isaa dura dhaabbate. Yoo inni kallattii mirgaatti goru namtichi kaafiraas kallattii mirgaatiin itti dhufa. Yoo Abu Ubeeydaan gara bitaatiin dhufus, akkasuma innis bitaan itti dhufa. Dhuma irratti obsa isa fixachiisee, Akkumaa obsi isaa dhumeenis gara laafiinsa takka malee, seeyfiin mataa isaa dhahee bakka lamatti dhoosee namtichas lubbuun isaa osomaa Abu Ubeeydaan argu baate. Yaa obboleessa koo kabajamoo fi qaalii kan kitaaba kan dubbistu hoo, namni kun enyuu jettee beekuuf hin yaalin akkuma dura seensaratti sii hime mokkortii Abu Ubeeydaa herreguu mitii tilmaamuu hin dandeettu. Inumaahu ni taha jettee yaaduun si dhibaa.

Yaa obboleewwan koo! Namni Abu Ubeeydaan ajjeese kunis, nama adunyaratti argamuu isaatiif sababa isaa tahe. Innis Abdallah binu Jarraah kan tahe Abbaa isaati. Obboleesa koo garuu asitti wanti ati hubachuu qabdu Abu Ubeeydaan ajaja Rabbiin ajaje san didee ykn jibbaa abbaa isatiif isa hin ajjeesne. Inni jibbaa shirkiitiif qofa shirkii ajjeese malee.

Wanti raajii namatti tahus Rabbiin ajaja kiyya kan ani “abbaa keessan kabajaa!.” jedhe didde jedhee balaa itti

hin buusne. Inumaahuu dalagaa isaa jaalatee deeggaruun aayaa qur'aanaa tan hanga guyyaa qiyaamaatti qara'amtu suuraa Mujaadalaa aayata 22 sababa isaa buuse, Kan aayata sanirratti dalagaa isaa gaarii tahu kan ragaa bahu.

Gochii isaa kuni Abu Ubeeydaa ibsuuf, kun qofti gahaa miti. Guddinni imaana isaa, amantii islaamaati gaarii yaaduun isaa, amanamaa ummata Muhammad ﷺ tahuun isaa, kan lubbuun ilma namaa kajeeltu tahee argameera.

Muhammad Binu Ja'afer akkana jechun odeesse "Ummatni Nasaaraa gama Rasuulaa ﷺ dhufuun, "Yaa Abal Qaasim hordoftoota kee keessaa nama dalagaa isaa irraa jaalattu, dinaagdee nuti irraatti wal dhabne keessaatti nuu murteessu nuduuka ergi. Isin warrootni muslimaa nu biratti jalatamoodha." jennan Rasuulli ﷺ "waaree booda natti koottaa. Nama jabaa amanamaa isin wajjiin ergaa." jedhaniin. Umar Ibnu Kaxxaabis ni hawwe. Nama kana tahuufis ganamaan gara salaataa deeme. Yeroo hawwii guyyaa sanii nuuf himu Umaris; "Guyyaa tokkollee mootummaa hin barbaanne, guyyaa kana maalee. Akka namticha Rasuula ﷺ ibse kana tahuf malee Rasuulis ﷺ akkuma nuun salaatee geeseen gamaa gamana mimildhachun waa soquu eegale. Anis na haa arguuf kajeelee morma kiyya ummata keessaa ol dhedheeresse. Innis osomaa akkas mimildhatuu Abu Ubeeydaa argee yaame. Abu Ubeeydaas Nasaarota waliin akka waan wal dhaban keessatti haqaan murteessuuf isa erge."



Abu Ubeeydaan amanamummaa isaa irraa gaafa Rasuulli ﷺ daldaltoota Qureeyishii afaan haa bahaniif ergu, waraanaaf waan siinqii hidhu dhabee tamira qalqalloo takka qofa hogganaa waraanaa sanii; Abu Ubeeydatti kenne. Innis ani amiira jedhee nyaata san ofiif hin kaawwanne. Hundaafuu tamira firee tokko tokko qoodeefii sanuma akka ilmoon harma haadhaa xuuxattutti xuuxxataa, bishaan irratti dhuguun, Rabbiin Barakaa keessa kaaheefii, sunummaan nyaata guyyaa tokko kan ganamarraa hanga galgalaa taateef.

Guyyaa duula Uhudis yeroo ummatni muslimaa cabee mushiriktoonni "gara Muhammaditti ﷺ na qajeelchaa! gara Muhammaditti ﷺ na qajeelchaa." jechuun iyyutti seenan, Abu Ubeeydaan tokkoo tuuta kurnan Rasuularraa ﷺ laphee isaaniitiin xiyya mushirikitootaa warra dhorkaa turan keessaa tokko.

Erga waraanni qabbanaahe booda Rasuula ﷺ uffanni lolaa kan sibiilaa irraa tolfame (kombortaan sibiilaa) jabeenna dhahaa kaafirtoota irraa dhonfoora isaa lameen waraanee, ilkaan (qarriffaan) isaa cabde arganiin.

Abu Bakris sibiila dhonfoora Rasuulaa ﷺ waraane harkaan irraa buqqisuuf itti siqnaan, Abu Ubeeydaan Rasuula ﷺ hin dhukkubaa sodaatee "Rabbiin si qabe! Anatu irraa buqqisaa naaf dhiisi." jedheen. Abbaan Bakriitis akkuma fedha Abu Ubeeydaa ni dhiiseef.

Abu Ubeeydaan sibiila Rasuula ﷺ konfoora waraane yoo harkaan buqqise Rasuula ﷺ laalessaaf sodaatee, ilkaan isaa tan fuulduraa lameenin cininna jajjabaa ciniinuun yeroo sossoosu, seerreen isaa duraa irraa cabde. Yeroo isa lammaffaas irraa buqqisuuf yaalus seerreen isaa tan hafte irra cabde. Akkasumatti sibiila dhonfoora lameen waraane irraa buqqise.

Abban Bakriis booda “Abu Ubeeydaan irra bareedaa shergeeti.” jechuun isa faarse.

Abu Ubeeydaan nama salphaa angodhaaf hin dheebonnee fi namoota birattis akkaan jaalatamaa ture. Yeroo Rasuulli ﷺ lubbuun jiranitti Abu Ubeeydaan hogganaa waraana guutuu ture. Kanuma keessa Rasuulli ﷺ ganda maqaan isii Balaa jedhamtu, tan haati Amri Binu-Aas keessa jiraattutti Amri Binu Aasin duula salaasilaatti hogganaa waraanaa godhuun erge.

Duula kanarratti Amris biyya haa cabsuuf itti ergame, tolaa fi gorsaan waan ummata to’annaa jala oolchuu dadhabeef, lolaaf waraana dabalata barbaade. Rasuullis ﷺ Abu Ubeeydaa hogganaa waraanaa gochuun “akka angoof wal hin dhabne.” jechuun Abu Ubeeydaa dhaameefi gara Amrii waraana dabalataa erge.

Yeroo inni achi gahes Amri ati hogganaa narratti hin tatu jechuun dide. Abu Ubeeydaanis nama gadi of-qabaa waan tureef hoggansa Amrii dhiisee jalatti bulee, ummataanis akka salaatu eyyameef.



Bara bulchiinsa Abbaa Bakarii keessattis hogganaa hoggantoota waraanaa ture. Garuu Angoo tana diduun ofirraa buuse.

Amiirri mu’mintootaa Umar bara bulchiinsa isaa garuu osoo Abu Ubeeydaan jiru nama tokkollee hogganaa isarrati hin tahu jechuun, hogganaa waraanaa kan seenaa islaamaa keessatti; yeroo hunda yoo maqaan isaa dhahamu, collee hogganaa waraanaa jedhamee kan faarfamu; Kaalid Binu Waliid akka angoo irraa bu’ee, Abu Ubeeydaan hoggansatti deebi’u, xalayaa barreessee hoggansaaf isa ajaje. Abu Ubeeydaan ajaja Umer fudhatus yeroodhaaf hogganummaa isaa ifa hin goone. Waraana waliin hiriiree, Kaalid Binu Waliid jalumatti duulu fi ajaja Kaalidiin lolaa ture.

Kaalidis erga lola itti marsee jiru cabsee booda, Angoo Abu Ubeeydaaf Umariin laatame dhagahe. “Rabbiin siif haa araaramu! yaa Abu Ubeeydaa hogganaa kiyya taatee osoo jirtuu, akkamiin na jalatti bulta? Akkamittis na duubaan salaatte?.” jedheen. Abu Ubeeydaanis “Rabbiin siifis haa araaramu! Ani angoo addunyaa hin fedhu. Addunyaafis hin dalagu. Nuti ganda cinnanni hin jirreef, dalagna. Nuti obboleewwani. Warra Islaamummaa Rabbiitiin dhaabbatu. Obboleessi immo obboleessa isaa jalatti buluun addunyaa fi amantii isaa keessattis waa isa hin miitu. Inumaahu kan ajajuttuu, kan jalatti bulantuu mokkoraa fi dogongoratti dhihaataadha.” jedheeni Of-gadi qabiinsa Rabbiif qabuu fi

angoo barbaaduu dhabuu isaa waraana hundaaf fakkenya ta'ee, waraana isaa waliin jiru boochise. Kanaafis hoggantoonni jajjaboo fi gootonni hundi Abu Ubeeydaa ofirratti ajajaa gochuuf dheebotaa turan.

Bara bulchiinsa Abbaa Bakrii keessattis Kaalid Binu sa'iid obboleeyyan isaa, dardarran naannawaa fi nama gosa isaa irraa tole isa jedhe, hundaa walitti qabee Abbaa Bakritti dhaqee "ani karaa Rabbii keessatti mushriktootaan hanga dhumanitti hogganummaa Abu Ubeeydaa jalatti loluuf waadaa siif seena. Ani Yazid binu abi Sufiyan ilma adeeraa kiyyaa hedduu jaaladha. Garuu Abu Ubeeydaa obboleessa koo kan aakiraa jalatti miseensa waraanaa ta'ee loluu filadha jaaladha." jechuun hoggantummaa ilma adeeraa isaa irra kan Abu Ubeeydaa filatuun, gosa isaa wajjiin hoggantummaa Abu Ubeeydaa jalatti duulu filate.

Mu'aaz Binu Jabal kan Rasuulli ﷺ "Ati irra beekaa nama kiyyaati haraamaa fi halaala keessatti." jedhaniin, yeroo tokko gurbaan biyya Shaam irraa tahe tokko, miidhaginna islaamni qabdu osoo haasawan, Kaalid binu Waliidi fi Abu Ubeeydaa dubbima keessatti yeroo wal-madaalchisu "Kaalidituu caala!." kan jedhee dubbatu dhagahe. Yeroma kana Mu'aaz miira dallansuutin ka'ee "sila Abu Ubeeydaa fi Kaalid Binu Waliid wal-madaalsistaa? Rabbiin kakadhaa! Abu Ubeeydaan irra caalaa nama dacheerra deemuuti." jechuun ragaa bahef.



Ummatni Shaamii hedduun erga isaalmummatti seenan, caaliinsa Abu Ubeeydaa, Kaalidirra hoganummaa isaa waan filataniif, yeroo dubbatan akkana jechuun ragaa bahu. Abu Ubeeydaan obsaa fi tarkaanfii fudhatuu keessatti suuta deema, nama qoma baldhatu, nama amaanaa eeguu fi dhugaa dubbatu, lola irra nagaha jaalataa dha.

Gochi isaa kun warra Shaami biratti nama hundarra isa caalsiftee, waa hundaanuu gama isaatti nu deebiste. Waa hunda keessatti malaan deemaadha. Dhiiga jiigsuun durattis mala, ogummaa fi gara laafitin ofitti nama qabee nama waama. Kanaanis dhiiga ummata hedduu tiksee jira. Kunis duultota biratti hogganummaaf hoggantoota biroo irra, isa jaalatamsiisee isas filatamsiisee jira.

Walumaa galatti Abu Ubeeydaan hogganaa hoggantootaa fi ajajaa ajajtootaa tahuun beekkamee jira.

Ergamaa ﷺ wajjiinis eegala ergamsa isaa irraa hanga du'a isaatti duula inni duule hunda duulee, Guyyaa saqifaas (Abba bakrii filatan) Umer Bakka Abu Ubeeydaan Rasuula ﷺ biratti qabu waan beekuuf, harka kee naaf diriirsi baallama siif seenaa kan Rasuulli ﷺ "ummata hundaafuu amanamattuu jira. Amanamaan ummata kiyyaas sihi, kan siin jedhu dhagahe." jedheen. Abu Ubeeydaanis nama angoodhaaf dheebotu waan hin tahiniif "ani nama Rasuulli ﷺ ummataaf imaamaa godhate, akkamitti imaama, dura bu'aa ta'ee dura dhaabadha. Akkamitti isa salaachisa." jechuun dide.

Erga Rasuulli ﷺ darbees Abuu Bakriin baallame isa wajjinis amaanaa Rasuulaa ﷺ bakkan gahufi diinii rabbii babaldhisuuf kufaa ka'aa, bu'aa bahii hedduu keessa cehee jira. Erga Abu Bakar addunyaarraa godaanee Umar bulchaa tahes babaldhiinsa diinii islaamaa fi baniinsa magaalota hedduutif humna qabuu fi hin qabneen, tattaafatee aarsaa baay'ee godhee jira. Ajaja bulchitootaas gaaf tokkollee jarri bulchitootaa miti jedhee, kan didu ykn akka murtaddootaa, ajaja ergamaa Nabi Mohammad ﷺ lubbuun hin jiru jedhee, arkaana islaamaa kan hirdhisu hin turre.

Abu Ubeeydan bara bulchiinsa Umar keessatti hogganaa waraanaa tahun gara suuriyaa (shaamii) deemun biyya sham bahaan hanga laga Furaatitti, bitaan hanga aasiyatti qabatee, Osoo babaldhisaa jiruu dhukkubni Xaa'un (koleeraa) biyya inni itti duule seenee, ummata akka konkolaataa midhaan hamutti haame.

Bulchaan yeroo sanii Amiirri mu'mintootaa Umar waahee dhukkuba kanaa dhageennaan hatattamaan xalayaa barressee itti erge.

Qabiyyeen Xalayaa sanii.

"Hajaa guddoo sirraa duroomuu hin dandeenne takkattu na qabee; yoo xalayaan tiyya tun galgala si geette yaabbattu malee akka hin bariisifne, yoo ganama si geette immoo yabattu male akka aduu siratti hin seenne, sirratti kakadhe jira."



Abu Ubeeydaanis akkuma xalayaa dubbiseen akka Umar waan hin olle (du'arra) isa oolchuu fedhe, beekee miilli tiyya na haa baastu jedhee waraana isaa gatee lubbu isaa baraaruu hin deemne.

"yaa Amiira mu'mintootaa hajaa ati narraa qabdu dhugumaan beekee jira. ajaja kee diduuf immoo dhiifama guddaan si gaafadha ani waraana koo asitti dhiisee, kophaa biraa deemuu hin fedhu. Quufa sammuu naaf hin kennu, Boqonnaa naaf hin horu, hanga Rabbiin murtii isaa fidutti waan jarri ta'an wajjiin ta'uu fedha. Yoo barreesasan tiyya tun si geette atis kakuu kee akka narraa kaaftuufi, hajaa tee na malee akka hikkattu fedha." jechuun xalayaa quuqa isaa ibsituuf barreessee waraanuma wajjiin duularratti du'uuf haafe.

Umaris akkuma xalayaa isaa dubbiseen sagalee funyaaniin facaatuun hiqqifatae boohe. Warronni jabeenna booyinsa Umar xinxallanis "Abu Ubeeydattu du'ee?." jedhanii gaafataniin. Innis "hin dune. garuu du'atti kaluu jira." jedhen.

Abu Ubeeydanis yeroo muraasa keessatti dhibee xaa'uniin qabamee itillee du'aa tan nu hunduu irra ciisuuf deemnu irra ciise.

Du'a isaa dura osoo lubbuun kokeetti rakkattee girgirii du'aatin dararaa keessa jiruu, dhamsa bareedduu tan waraana isaa qofa osoo hin taane, hanga guyyaa qiyaamaatti ummata Muhammad ﷺ hunda fayyaddu, mi'ooftu afaan

isaa mi'aawaa hin quufamne saniin, waraana isaatii fi nuullee dhaamsa nuuf dhaame. ''Ani dhaamsa yoo kan isitti raawwattan taate; yero hundaa dandii toltuu irra deema taatan takkaan isinii dhaama. Salaata dhaabaa, soomana soomaa, hajjii fi umraa godhaa, gaarii waliif dhaamaa, ajajoota keessaniifis gaarii dhaamaafi, hin ganinaa addunyaan isin hin dagin, ilmi namaa osoo waggaa kuma tokkollee kan jiraatu tahee waan ani amma itti jiru (du'a) ni dhaqaphaa irraa hin hafu, Rabbiin bani Aadam irratti du'a murteessee jira. Hunduu du'uuf deemaadhaa. Colleen namaa immo nama Rabbiin "tole." jedhe. Nama jiruu itti aantuf carraqateedha. Nagahaafi rahmatni rabbii isinirra haa jiraatu." jedhe jalalledhan isaatti erga nagaa dhaamee ijan gara mu'aazitti mildhatuun akka namaan salaatu ajaje.

Sanaa booda osoo hin turin lubbuun hogganaa waraanaa, kan halkaniifi guyyaa lubbuun isaa amantii islamaa tajaajiluuf hirriba dhabde, osoo amantii islamaatif gaarii bololtuu, tan waraantota isaa fi mushriktoota jaalalaan islaamummatti waamaa turte, jabaattee hirriyyoota ishee geggessitee boqatte.

Umariinis Seeteen isaa hin hafne! Xalayan biraa tan akka waan onneen bakka ishee gadi dhiiftee baatetti nama dhukkubsitu itti barreeffamte isa dhaqqabde.

Mu'aazis erga ummataan salaatee geessee yeroo gadda guddoo sanitti imimmaan fuula dhiqataa, ol ka'ee akkana jedhe "isin dhugumatti du'aa gurbaa irra baldhaa qomaa, irra fagaataa wanyoorra, irra jaalaataa aakira, irra dhaamaa ummataaf gaarii, dhabdanii jirtu araarama isaaf kadhaa Rabbiin isiniif haa araaramu." jechuun erga inni du'es toltuu isaa irraa ragaa bahee bakka isaa san bu'uu dadhabus ummata jajjabeesse.

"Gootni wareegamus dalagaan isaa hin baddu!." akkuma konkolaataan konkolaachisaa hin qabne dandiiirra dabutti, sammuun ilmaan muslimaas marii malee, ajajamtee gootumma fi dalaga isa akka yaadannu, yaadatti nu darbiti.

Seena amanamaa kanaas nu qofaa miti, leenci bookkisa islaamaa, haqaa fi dhara gargar baasun kan Rasuulli ﷺ "faaruq!." jechuun maqaa moggaaseef. Umar Binu Kaxxaab erga Abu Ubeeydaan dabre yaadan gara duubatti debi'ee, seenaa waa'ee jaalallee isaa yaadichifte tokko kaase.

"Yeroo tokko Umar sahaabdota isaa walitti qabee "mee namu hawwi keessan naaf himaa?." jedheen. Namuu hawwii isaa ibsate. Gariin isaanii "oso addunyaan Ziqayaan guuttamtee, karaa Rabbii keessatti kennadhee!." jedheeti hawwi isaa himate. Gariin immoo osoo dachiin faaya babbareedaan guuttamtee karaa Rabbiititti kennannee." jedhan. Ammas amiira mu'mintootaa "hawwaa hawwii keessan ibsadhaa." jedheen. "Nu kana olitti waan jennee ibsannu hin beeknu. mee hawwii kee nuuf himi jedhaniin. Hawwiin isaa garuu tan jaraa irraa faallaa fi baay'ee fagoo turte. Umer akka jaraa

ziqaya ykn meeshaalee addunyaa hin hawwine, hawwiin isaa jaalaleedhan isaa kan dabran yaadaan deddebi'aa sammuu isa hadoochan, osoo addunyaan sahaabota sanniiniin guttamtee hawwee akkana jechuun ibsate." Ani osoo addunyaan tun dhiirota akka Abu Ubeeyda ibnu jarrah, mu'aaz binu jabalii, Saalimu Mowlaa Abi Huzeyfa, Huzeeyfaa ilma yamaniitin guuttamtee hawwa."

Umar leenci bookkisaa Rasuulaa ﷺ seenaan dubatti deebi'ee, Abu Ubeeydaan adunyaa tanaaf hangam takka faayidaa qabeessa akka tahe nuuf ibse. Abu Ueebydaan du'us dalagaan isaa hin dune.

Rabbiin nus nama adunyaatti dabalamee deemu qofa osoo hin taane, akka isatti (Abu ubeeydatti) dhala keennaaf seenaa gaarii fi tan Rabbi nurraa jaalatee islaamni ittiin karaa qajeelfatu waa dabalu haa taanu. kan seenaa dubbisuun qofa "Ayii Abu bakariin moo? Amanamaa sahaaabaa rasuula! Umariin hoo leenca bookkisaa islaamaa, Usmaan hoo Arjoomaa diin Rabbii." ka jedhuun garaa of nyaachoon mararoo boohu qofa osoo hin taane, seenaa sahaabdotaa irraa toltu dhaallee, warra sahaabdota waliin jannatatti makamuu fi addunyaa kanallee fakkeenyummaa jaraatin akeekannee, fakkeenya gaarii, dandii diriiraa islaamaa ijaarru akka taanu, seenaa sahaabdotaa raawwiin haa itti dalagnu. Isaanis jannatul Firdoowis keessatti wal nu haa agarsiisu.



# GOOLABA

Mooyinsi kan Rabbii kitaaba kana xumuruuf humna naaf ta'eeti. Galanni Rabbii kanaaf haa ta'u. Nabi Muhammad (s.a.w) immoo ergama Rabbii waa cufa uumeeti. Nageenyaa fi Rahmanni isarraa haa jiraatu. Akkasuma sahaabota isaallee. Rabbiin hunda danda'aa ta'e, raawwii jaraa irraa haa jaalatu.

Kitaabni kun goolabamuuf bu'a bahii galaana barruu sahaabotaa keessa na buusee jira. Galaanni waraabamee immoo akkamitti dhumata? Seenaan Sahaabotaallee akka cirracha galaanaati. Hammaaramee hin dhumu. Haramee hin fixamu. Akka ashaboo bulbula mi'eessa. Garuu bulbulamee hin badu. Kanaaf eegalli waan cufaatu dhuma qabaatuttuu dansaadhaf, barruun kitaaba kanaa hammanatti goolabame. Silaa seenaan sahaabota osoo guutuu barreessina ta'ee. Wareegama barbaachisu tilmaamuun nama dhiba.

Ilmi namaa immoo dogongorri kan isaati. Sababa anillee ilma namaa ta'eef, Dogongora argitan cufaafuu na of-kalchaa. Hanquu malee waa guutun dandeettii Rabbii qofa sababa ta'eef.

IslamHouse.com

IslamHouseOr IslamHouseOR/ islamhouse.com/or/

IslamHouseOr/

For more details visit
www.GuideToIslam.com

GUIDE TO ISLAM

contact us :Books@guidetoislam.com

GuidetoIslam.org Guidetoislam1 Guidetoislam www.Guidetoislam.com

المكتب التعاوني للدعوة وتوعية الجاليات بالربوة

هاتف: ٩٦٦١١٤٤٥٤٩٠٠+ فاكس: ٩٦٦١١٤٩٧٠١٢٦+ ص ب: ٢٩٤٦٥ الرياض: ١١٤٥٧

ISLAMIC PROPAGATION OFFICE IN RABWAH

P.O.BOX 29465 RIYADH 11457 TEL: +966 11 4454900 FAX: +966 11 4970126